

MAGALATA OROMIYAA

SEERA MAATHI OROMIYAA FOOTYESSUF LABSII BAHI

Labsii Seera maathi Oromiyaa Lakk. 69/1995 keessatti fuudharratti fuudhaa naawwachuu fiidhaa hiraati wanti turamtu jiruuf dhabuun isaa hiikkaa adda adda waan horodofirraaf kana hanbisauf dhiruma kana seerichaa fiidhaa mu'essuun waan bahuu.

SEERA MAATHI OROMIYAA

Akkasaa Heera Mootummaa naannoo Oromiyaa Fiyyaa'ee Bahi Keewwata 49/3 (a)tiin kan kabachiisanu labsiseera.

1. Mata duree Gabaabaa

Labsii kan Seera maathi Oromiyaa Lakk. 83/1996 kan ni danda'a.

2. Fooyya'ii

Labsii seera maathi Oromiyaa Lakk. 69/1995 akka kanaa gahiti fooyya'ii.

A. Keewwata 27 fi 28 Keewwatoonni haara'aa armaan gadii dabalamaniru; tatti ibnu keewwatoota itti akka dabalama kanaan wajjalaa siqun sirreffamaniru.



Dimannaa ykn Dimannaa Seeraa fi Mirkanaa

Dimannaan ykn Dimannaa Seeraa nama tokkoo kan seeraan hin mirkana'ne yoo ta'ee, Seeraa biratti dimannaan isaa kan beekamu hanga Labsii Lakk. 69/1995 keewwata 27 fi 28 tiin ibsameen fuudhaa-heeruma fi dhabuun gahaadha.

Labsii Lakk. 83/1996

Fuudharratti naawwachuun

Namni fuudhaaf beekamu waltin jiraatu kamiiyyuu, hanga fuudhaa heerumichi jiratti, fuudhaa heeruma biroo naawwachuun dhocuu fiidhaa.

MAJALISA OROMIYAA

SEERA MAATII OROMIYAA



Labsii Lakk. 69/1995

Labsii Lakk. 83/1996

Kutaa Tokko

LABSII IAKK 83/1996

SEERA MAATII OROMIAA FOYYESSUF LABSII BAHE

Labsii Seera maatii Oromiyaa Lakk. 69/1995 keessatti fuudharratti fuudha raawwachuu ilaalchise ifatti wanti tumame jiraachuu dhabuun isaa hiikkaa adda addaa waan horodofsiiseef kana hanbisuuf dhimma kana seerichaan ifatti murteessuun waan barbaachiseef; Akkaataa Heera Mootummaa naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Keewwata 49(3) (a)tiin kan kanatti aanu labsameera.

1. Mataduree Gabaabaa

Labsiin kun "labsii Fooyyessaa Seera maatii oromiyaa Lakk. 83/1996 jedhamee waamamuu ni dandaa'a

2. Fooyya'iinsa

Labsii seera maatii Oromiyaa lakk. 69/1995 akka kanaa gadiitti fooyya'eera:

- A. Keewwata 28 Seerichaatti aanee keewwatoonni haara'aan armaan gadii 29^{ffaa} fi 30^{ffaa} n dabalamaniiru; tartiibni keewwatoota itti aananiis akkaatuma kanaan waljalaa siquun sirreeffamaniiru.

Keewwata 29

Ilmummaa ykn Ijoolumaa Seeraan Hin Mirkanaa'in

Ilmummaan ykn ijoolummaa nama tokkoo kan seeraan hin mirkanaa'in yoo ta'es, hawaasicha biratti ilmummaan isaa kan beekamu hanga ta'etti, akkaataa seericha keewwata 27 fi 28 tiin ibsameen fuudhaa-heeruma dhoorkisiisuuf gahaadha.

Keewwata 30

Fuudharratti fuudha raawwachuu

Namni fuudhaaf heerumaan waliin jiraatu kamiiyyuu, hanga fuudhaa heerumichi ragga'ee jirutti, fuudhaa heeruma biroo raawwachuun dhoorkaa dha."

- B. Keewwata 35 keewwata Xiqqaa seerichaa (b)tti aanee keewwatni Xiqqaa (c) haara'aan dabalameera; keewwatni Xiqqaan duraan (c) ture (d) ta'ee fooyya'eera. "C" Fuudhaa heerumarratti fuuni raawwatamuuf yoo ta'e, fuudha heeruma lammataa raawwachuuf nama barbaade wajjiin fuudhaa heeruma durse nan qaba nama jedhuun,"
- C. Keewwata 49^{ffaa} seerichaatti aanee Keewwatni haara'aan 50ffaan kanatti aanu dabalameera.

Keewwata 50

Fuudhaa Heerumarratti Fuudha raawachuu

1. Fuudhaa heerumarratti fuudhaa heerumni biroo raawwatamee yoo argame, walfuutota fuudhaa heeruma duraa keessaa tokkoon yookiin walfuutota fuudhaa heeruma booddee raawwatame keessaa nama miidhame jedhuun yookiin Abbaa Alangaatiin gaaffiin yoo dhiyaate fuudhaa heerumni booddeedhaa akka diigamu ni taasisama.
 2. Yaa ta'uuyyuu malee walfuutota duraa keessaa tokko yoo du'e, fuudhaa heerumichi booddee raawwatame akka diigamu gaafachuun hin danda'amu"
3. **Guyyaa labsiin Kun Hojiirra Oolu**
Labsiin kun guyyaa magalata oromiyaatti maxxanfamee baherraa kaasee kan hojiirra oolu ta'a.

Adaamaa Adoolessa Bara 1996

Juneeydii Saaddoo

Prezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Kutaa Lama

LABSII LAKK 69/1995

LABSII SEERA MAATII MOOTUMMAA NAANNOO OROMIYAA

Maatiin ka'umsa uumama hawasaa ta'uu isaatiin eegumsi seeraa kan isa barbaachisu waanta'eef;

Ka'uumsa maatii kan ta'e fuudhaa-heerumni ammoo yeroo raawwannaa isaa, waliwajjin jireenyaa fi addaan baayiinsaas mirga walqixxummaa, fedhii guutuu fi bilisummaa walfuutotaa irratti akka hundaa'u seera dandeessisu baasuun waan barbaachiseef;

Seera maatii hojiirra jiru sadarkaa guddinaa hawaasichi amma irra gahe, Heera mootummaa fi waliigalteewwan addunyaa dhimma kanaan qunnamtii qabanii fi biyyi teenya raggaasifte wajjin akkaataa walsimatuun fooyyeessuun waan barbaachiiseef;

Seerri maatii fooyya'e sadarkaa Mootumaa Federaalaatti bahe kan hojiirra oole yoo ta'ellee haala qabatamaa isaanitiin naannoleen seera maatii ofii baafaachuu akka danda'an Heera Mootummaatiin bu'ura mirkanaa'en seera maatii naannoo keeyaa baasuun waan barbaachiseef;

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 49(3)(A) irratti hundaa'uudhaan kan kanatti aanu labsamee jira.

1. **Mata Duree Gabaabaa**

Labsiin kun "Labsii Seera Maatii Naannoo Oromiyaa Lak. 69/1995" jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. **Guyyaa Labsichi Hojiirra Itti Oolu**

Labsiin kun guyyaa Magallata Oromiyaatti maxxanfamee bahe irraa kaasee kan hojiirra oolu ta'a.

Adaamaa, Adoolessa 2, Bara 1995

Juneeydii Saaddoo

Prezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa

BOQONNAA TOKKO **WAA'EE FIROOMAA**

Keewwata 1

Firooma

Firoomni uumamaan walirraa dhalachuun yookiin fuudhaa-heerumaan walitti makamuun yookiin guddisaan kan uumamu qunnamtii addaati.

Keewwata 2

Karaa Firoomni Ittiin Ibsamu

1. Firoomni kanneen armaan gadii keessaa tokkoon ibsamuu ni danda'a:
 - a) Firooma dhiigaa,
 - b) Firooma fuudhaa-heerumaa yookiin
 - c) Firooma guddisaa.
2. Firoomni sadarkaawwan kan qabu ta'ee akkuma haala isaatti gara oliitti yookiin gara gadiitti yookiin gara cinaatti lakkaawwamuu ni danda'a.

Keewwata 3

Firooma Dhiigaa

1. Firoomni dhiigaa walirraa dhalachuudhaan firooma argamuu dha.
2. Warraa fi ilmaan isaanii giddutti walitti hidhmiinsi firoomaa sarara kallattiin gara olitti ykn gara gaditti lakkaawamutu jiraata.
3. Abbaa fi haadha tokkorraa yookiin warra tokko qofaan namoota walitti dhufan giddutti firoomni dhiigaa gara cinaatti lakkaawamu ni jiraata.

Keewwata 4

Sadarkaa Firooma Dhiigaa

1. Sadarkaan firooma dhiigaa dhaloota lama kan wal qunnamsiisu hariiroo dhalootaa ti.

2. Sadarkaan firooma dhiigaa namoota lama giddutti kallattiidhaan jiru kan murtaa'u, sarara sirrii hordofuudhaan hariiroo dhalootaa gidduu isaanii jiru gara oliitti yookiin gara gadiitti lakkaawuudhaan ta'a.
3. Sadarkaan firooma dhiigaa namoota lama giddutti gara cinaatti jiru kan murtaa'u, hariiroo dhalootaa hanga abbaa irratti walgahaniitti jiru lakkaawanii walitti ida'uudhaan taha.

Keewwata 5

Firooma Fuudhaa-heerumaa

1. Firoomni fuudhaa-heerumaa, walirraa fuudhanii walitti heerumsiisuun argama.
2. Abbaanwarraa warra haadhawarraa gara oliitti lakkaawaman yookiin ilmaan isaanii gara gadiitti lakkaawaman; haatiwarraas warra abbaawarraa gara oliitti lakkaawaman yookiin ilmaan isaanii gara gadiitti lakkaawaman wajjiin firooma fuudhaa-heerumaa kallatti ta'e ni qabaatu.
3. Abbaanwarraa firoota haadhawarraa isaa kan gara cinaatti; haatiwarraanis firoota abbaawarraa ishee kan gara cinaatti lakkaawaman wajiin, firooma fuudhaa-heerumaa gara cinaatti lakkaawamu ni qabu.

Keewwata 6

Ittifufiinsa Firooma Fuudhaa-heerumaa

Fuudhaa-heerumni firoomicha argamsiise otoo diigamellee, firoomni fuudhaa-heerumichaan argame akkuma ragga'etti jiraata.

Keewwata 7

Firoomni Kallattii Sadarkaadhaan Kan Hin Daangeffamne **Ta'uu Isaa**

Sarara kallattiitiin kan lakkaawamu firoomni dhiigaa yookiin fuudhaa-heerumaa sadarkaadhaan hin daangeffamu.

Keewwata 8

Firooma Guddisaa

Firoomni, akkaataa seera kana boqonnaa 10iin tumameen, guddisaan hundeeffamuu ni danda'a.

BOQONNAA 2

WAA'EE WALKAADHIMACHUU

Keewwata 9

Hiika

1. Walkaadhimachuu jechuun walkaadhimamtoon gara fuulduraatti walfuudhuuf walta'insa raawwatanii dha.
2. Waliigalteen walkaadhimachuu, hayyama walkaadhimamtootaa bu'uureffame malee, seera duratti bu'aa hin qabaatu.

Keewwata 10

Sababa Walkaadhimachu Dhoorku

1. Fuudhaa-heeruma walkaadhimamtootaa sababni seeraa dhoorku yoo jiraate, walkaadhimachuun seera duratti bu'aa hin qabaatu.
2. Keessumaayyuu walkaadhimamtoon umrii fuudhaa-heeruma raawwachuuf seera kanaan murtaa'e guutuu qabu.

Keewwata 11

Sirna Walkaadhimachuu

Sirni walkaadhimachuu akkaata barmaatilee iddoo sirnichi itti raawwatamuun yookiin barreeffamaan raawwatamuu ni danda'a.

Keewwata 12

Sirna Walkaadhimachuu

1. Walkaadhimachuun kan raawwatame barreeffamaan yoo ta'e waliigaltichi jiraachuu isaa hubachiisuun kan danda'amu barreeffamichuma kana dhiyeessuudhaan ta'a.

2. Ragaan bareeffamaa kun yoo hin jiraanne walkaadhimachuun jiraachuu isa hubachiisuun kan danda'amu ragaa namaa lama dhiyeessuudhaan yookiin raga dhima kana ibsu kamiiyyuu dhiyeessuudhaan ta'uu ni danda'a.

Keewwata 13

Yeroo Walkaadhimachichi Itti Turu

Walkaadimichichi ennaa raawwatamu guyyaan fuudhaa-heerumaa yoo hin murteeffamne, waliigalteen walkaadimachuu erga raawwatamee jalqabee waggaa tokko keessatti fuudha-heerumni raawwatamuu qaba.

Keewwata 14

Diiggamuu Walkaadimichichaa

1. Walkaadhimamtoota keessaa tokkoon isaanii turuuf yookiin diduuf sababa gahaa qabaachuu isaanii ragaan gahaan agarsiisu osoo hin jiraatin fuudhaa-heeruma yoo didan walkaadhimamchichi ni diigama.
2. Akkasumas walkaadhimamtoota keessaa tokkoon isaanii fuudhha-heerumichi akka hin raawwatamne kan taasisu amalaa fi gocha gadhee yoo agarsiisan walkaadhimichichi ni diiggama.

Keewwata 15

Diiggamuun Walkaadhimichichaa Maal akka Hordofsiisu (1)

Baasii fi Kenna Deebisuu:

1. Diiggamuu walkaadhimichaatiif namni sababa ta'e baasii godhame hundaa kafaluu qaba.
2. Diiggamuu walkaadhimichaatiif namni sababa ta'ee yookiin miseensi maatii kenna fudhate kennicha deebisuu qaba.

Kewwata 16

(2) Beenyaa

1. Diiggamuun walkaadimichichaa miidha hamilee qaqqabsiisuuf, namni diigamichaaf sababa ta'e isa kaaniif beenyaa barbaachisaa ta'e kanfalu qaba.
2. Hanga beenyyaa kanfalamuu qabuu fi nama beenyicha gaafachuu danda'u abbootiin seeraa tilmaama haqummaa hordofuudhaan murteessu.
3. Beenyyaan miidhaa hamileetiif kaffalamuu qabu Qarshii Itoopiyaa 1000 caaluu hin qabu.

Keewwaata 17

Hafuu Walkaadhimachichaa

1. Walkaadhimamtoota keessa tokko yoo du'e yookiin fuudhaa-heeruma raawwachuu dhabuudhaaf sababni gahaan ennaa mudatu yookiin waliigaltee walkaadhimamtootaan walkaadhimamchichi hafuu ni danda'a.
2. Kan armaan olii ennaa mudatu walkaadhimamtoon kenna fudhatan walii deebisuu hin qaban.

Keewwata 18

Darbuu Yeroo

Diiggamuu walkaadhimichaarratti hundaa'uudhaan himatni dhiyaatu kamiyyuu, guyyaa walkaadhimici itti diiggamee kaasee wagaa tokko keessatti yoo hin dhiyaanne, fudhatama hin qabu.

BOQONNAA 3

AKKATAA RAAWWANNAA FUUDHAA-HEERUMAA

KUTAA 1

WALIIGALA

Keewwata 19

Sirnoota Adda Addaa Fudhaa- Heerumni Ittiin

raawwatamu

1. Fuudhaa-heerumni itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa biratti raawwatamuu ni danda'a.
2. Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n ibsame yoo jiraateyyuu, fuudhaa-heerumni amantii yookiin aadaa walfuutotaa irratti hundaa'ee raawwatamuu ni danda'a.

Keewwata 20

Fuudhaa-heeruma Ittigaafatamaa Galmeessaa Haala

Hawaasummaa Biratti Raawwatamu.

Fuudhaa-heerumni itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa biratti raawwatameera kan jedhamu dhiirrii fi dubartiin tokko fuudhaa-heeruma raawwachuudhaaf waliigalanii itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa fulduratti dhiyaachuudhaan fedhii isaanii kan ibsanii fi innis kanuma yoo ofitti fudhatee dha.

Keewwata 21

Fuudhaa-heeruma Sirna Amantii Irratti Hundaa'ee

Raawwatamu

Fuudhaa-heerumni sirna amantii irratti hundaa'ee raawwatameera kan jedhamu, dhirri tokkoo fi dubartiin tokko akkaaataa amantii isaaniitti yookiin amantii isaan lamaanii keessaa akka kan isa tokkootti, sirna fuudhaa- heerumaa ulaagicha guutu yoo raawwatanii dha.

Keewwata 22**Fuudhaa-heeruma Sirna Aadaa Irratti Hundaayee****Raawwatamu**

Fuudhaa-heerumni sirna aadaa irratti hundaayee raawwatameera kan jedhamu, dhirri fi dubartiin tokko akka aadaa naannoo jiraataniitti yookiin akka aadaa isaan lamaaniiitti yookiin akka aadaa isaan lamaan keessaa tokkootti, sirna fuudhaa-heerumaa fudhatama qabu yoo raawwatanii dha.

Keewwata 23**Fuudhaa-heeruma Naannichaan Alatti raawwatamu**

1. Fuudhaa-heerumni Naannoo Oromiyaatiin alatti seerota biroo bu'uura godhachuu dhaan raawwatame, hanga hamilee yookiin safuu uummata Naannichatiin wal hin faallessinetti, seera kanaanis fudhatamummaa ni qabaata.
2. Fuudhaa-heeruma isaanii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n ibsametti naannichaan alatti rawwatanii bara waliin jireenya isaanii namoota naannicha keessa jiraatan giddutti falmiin yoo ka'e mana Murtii naannichaa aangoo qabuun dhimmi isaanii akkaataa seera kanaatiin ni ilaalama.
3. Kan Keewwata kana Keewwata xiqqaa (2)n tumame yoo jiraatellee abbaanwarraa fi haatiwarraa waliigaltee isaanii barreeffamaan ennaa dhiyeessan dhimma isaanii akkaataa seera yookiin aadaa yookiin amantii itti walfuudhaniitiin akka ilaalamuuf gochuu wanti dhoorku hin jiru.

Keewwata 24**Akkaataa Raawwii Fuudhaa-heeruma Sirnoota Biroo**

Akkaataa sirnoota raawwii fuudhaa-heerumaa kutaa kanaan tumamaniin alatti fuudhaa heerumni raawwatame kamiiyyuu seera duratti bu'aa hin qabaatu.

KUTAA 2**FUUDHAA-HEERUMA RAAWWACHUUF HAALLAN****GUUTAMUU QABAN****Keewwata 25****Hayyama**

1. Fuudhaa-heerumni fudhatama qabu tokko raawwatamee jira kan jedhamu walfuutonni walfuudhuuf akkataa bilsaa fi guutuu ta'een hayyamamaa yoo ta'an qofaadha.
2. Fuudhaa-heeruma raawwachuudhaaf gabbara yookiin kaffaltii bifa kamiiyyuu gaafachuu fi kennuun seera kanaan dhoorkamaa dha.

Keewwata 26**Umrri**

1. Dhiiras tahee dubartiin, otoo waggaa Kudha Saddeet hin guutin fuudhaa heeruma raawwachu hin danda'an.
2. Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa(1)n tumame yoo jiaatellee, ennaa sababni cimaan mudatu, gaaffii walfuutonni yookiin warri yookin bulchitoonni isaan keessaa kan tokko dhiyeessan bu'uura godhachuudaan, umrii fuudhaa heeruma idleerraa yeroo waggaa Lama hin caalleef hir'isuudhaan Hooganaan Biiroo Dhiimma Seeraa akka walfuudhan hayyamuu ni danda'a.

Keewwata 27**Firooma Dhiigaa**

1. Firoota dhiigaa kallatti (warrootaa fi ilmaan isaanii) giddutti fuudhaa-heeruma raawwachuun dhoorkaa dha.
2. Firooma dhiigaa gara cinaatti lakkaawwamu keessatti, sadarkaa torba dura fuudhaa-heeruma raawwachuun dhoorkaa dha.

Keewwata 28**Firooma Fuudhaa-heerumaa**

1. Firoota fuudhaa-heerumaa kallattii giddutti fuudhaa-heeruma raawwachuun dhoorkaa dha.

2. Firooma fuudhaa-heerumaa gara cinaatti lakkaawwamu keessatti, sadarkaa sadiin dura fuudhaa-heeruma raawwachuun dhoorkaa dha.

Keewwata 29

Fuudhaa-heerma Bakka Bu'aan Raawwachuun Kan Hin

Dada'amne Ta'uu Isaa

1. Fuudhaa-heerumni yoo raawwatamu walfuutonni bakka sirnichi raawwatamutti qaaman argamanii hayyama isaanii kennuu qabu.
2. Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa(1)n tumame yoo jiraatellee, sababni cimaan jiraachuu fi bakka bu'aadhaan fuudaa-heerumicha raawwachuuf namni barbaadu hayyama isaa akkaataa hin mamsiifnen kan ibse tahuu Hoogganaan Biiroo Dhimma Seeraa yoo mirkaneesse, fuudhaa-heerumichi bakka bu'aan raawwatamuu ni danda'a.

Keewwata 30

Dogongora Bu'uuraa

1. Fuudhaa-heerumni hayyama dogogoraan argamerratti hundaayee raawwatame diigamaa dha.
2. Sababa dogogoraatiin hayyamni hir'uudha kan jedhmu dogogorichi kan bu'uuraa tahee ennaa argamee dha.
3. Yaadni waliigalaa Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) akkuma eegametti tahee haallan armaan gadii ennaa mudatan dogogorri bu'uuraa akka jirutti lakkaawwama;
 - a. eenyummaa nama fuudhuu dogongoruun nama ni fuudha jedhee yaadeen alatti kan biraa yoo fuudhe;
 - b. namni inni fuudhu dhibee cimaa fayyuu hin dandeenye yookiin sanyiin darbu kan qabu tahuu otoo hin beekin yoo fuudhe;

- c. walfuutota keessaa inni kuun qunnamtii saalaa raaawwachuu akka hin dandeenye beekuu dabuudhaan yoo fuudhe;

- d. walfuutota keessaa inni kuun barmaatilee nama saalaan tokko tahan wajjiin qunnamtii saalaa raawwachuu akka qabu otoo hin beekin kan fuudhe yoo tahee dha.

Keewwata 31

Hayyama Gocha Humnaatiin Argame

1. Fuudhaa-heerumni gocha humnaatiin hayyama argamerratti hundaaye keessattuu butii irratti hundaayee raawwatame diigamaadha.
2. Hayyamni humnaan kan argameedha kan jedhamu gareen hayyama isaa kenne ofii isaa yookiin warra isaa keessaa tokko yookiin fira dhiyoo isaa nama tahe tokkoratti raawwatamuuf balaa dhiyaatteraa oolcuuf jecha hayyama isaa yoo kennee dha.

Keewwata 32

Waa'ee Fuudhaa-heeruma Nama Murtiin Dhoorkamee

1. Namni murtiin dhoorkame kamiyyuu yoo manni murtii hayyameef malee fuudhaa-heeruma raawwachuu hin danda'u.
2. Gaaffii Kana ilaalchisee mana murtiitti dhiyaatu namni dhoorkame ofii isaa yookiin bulchaan isaa dhiyeessuu ni danda'a.

Keewwata 33

Kophaa Jiraachuuf Yeroo Murtaa'e

1. Dubartiin takka fuudhaa-heerumni dura qabdu erga hafeen booda hanga guyyaan DhibbaTokkoo fi Saddeetamni darbutti nama biraa wajjiin fuudhaa-heeruma raawwachuu hin dandeessu.

2. Kan Keewwata kana Keewwata xiqqaa(1)n tumame yoo jiraatellee, dubartittiin fuudhaa-heerumni dura qabdu hafee guyyaa DhibbaTokkoo fi Saddeetamni otoo hin guutin:
 - a. kan deesse yoo tahe; yookiin
 - b. fuudhaa-heeruma kan raawwattu abbaa manaa ishii durii wajjiin yoo tahe; yookiin
 - c. ulfa tahuu dhabuun ishii qorannaa mana yaalaatiin yoo mirkanaa'e; yookiin
 - d. yeroo qofummaan akka jiraattu murtaa'e akka hin eegne manni murtii yoo murteese; yeroo qofummaan jiraattu ilaalchisee kan tumame raawwatamaa hin tahu.

KUTAA 3 FUUDHAA-HEERUMNI AKKA HIN RAAWWATAMNE MORMUU

Keewwata 34

Waa'ee Mormuu

Fuudhaa-heeruma raawwachuuf haalli barbaachisaa ta'e hin guutamne jechuun fuudhaa-heeruma raawwatamuuf yaadame akka hin raawwatamne mormii dhiyeessuun ni danda'ama.

Keewwata 35

Gareewwan Mormuu Danda'an

Fuudhaa-heerumni akka hin raawwatamne gareewwan mormuu danda'an kanneen armaan gadii qofaa dha;

- a) Sababa umuriitiin yoo ta'e, warra dhalche, Abbaa Alangaa yookiin nama biraa dhimmichi na ilaalaa jedhu kamiiniyyuu;
- b) Sababa firooma dhiigaa yookiin firooma fuudhaa-heerumaatiin yoo ta'e, warra walfuutotaa lamaanii yookiin kan isaan tokkoo kan gara oliitti lakkaa'aman;

obbolaawwan dhiiraa yookiin dubaraa waggaa 18 guutan yookiin Abbaa Alangaa;

- c) Sababa dhorkaa murtiitiin yoo ta'e, bulchaa nama murtiidhaan dhorkamee yookiin Abbaa Alangaa.

Keewwata 36

Waa'ee sirnaa fi yeroo mormiin itti dhiyaatu

1. Mormiin fuudhaa-heerumni akka hin raawwatamne dhiyaatu barreeffamaan ta'ee amma fedhellee turu fuudhaa-heerumichi sun raawwatamuudhaaf guyyaa 15 dura abbaa taayitaa raawwachiiftuu fuudhaa-heerumaatti dhiyaachuu qaba.
2. Abbaan taayitaa raawwachiiftuu fuudhaa-heerumaa mormii ka'e irratti murtii osoo hin laatin dura yaada walfutoota irraa fudhachuutu isarra jira.
3. Mormicha dhiyeessuudhaaf gareen aangoon seeraa kanaan kennameef adeemsa adda ta'e akka hordofan hin barbaachisu.

Keewwata 37

Murtii Mormii Irratti Kennamu.

1. Abbaan taayitaa raawwachiiftuu fuudhaa-heerumaa mormii isaaf dhiyaatu irratti guyyaa 5 keessatti murtii laachuutu isarra jira.
2. Abbaan taayitaa raawwachiiftu fuudhaa-heerumaa mormii isaaf dhiyaate fudhachuu diduudhaan gaa'ilichi akka raawwatamu murtiin inni kennu isa dhumaa ta'a.
3. Abbaan taayitaa raawwachiiftuu fuudhaa-heerumaa mormii dhiyaateef yoo fudhate fuudhaa fi heerumichi akka hin raawwatamne gochuu qaba.
4. Keewwata kana keewwata xiqqaa (3) jalatti murtiin ibsame kennamee yoo jiraate abbaan taayitichaa sababa murtii isaatiif ka'umsa godhate kana walfuutonni battalumatti akka beekan ni taasisa.

Keewwata 38

Ol-Iyyata

1. Seera kana keewwata (37) keewwata xiqqaa (3) jalatti haala ibsameen murtii kennamurratti walfuutonni yookiin isaan keessaa tokko ol-iiyyata mana murtiif dhiyessuu ni danda'u.
2. Manni murtii ol-iiyyanni dhiyaateef murtii abbaa taayitaa raawwachiiftuu fuudhaa-heerumaa yoo diige abbaan taayitichaa fuudhaa-heerumicha ni raawwachiisa.

KUTAA 4

AKKAATAA FUUDHAA-HEERUMAA

Keewwata 39

Waa'ee Fuudhaa-heeruma Itti Gaafatamaa Galmeessaa Haala Hawaasummaa Duratti Raawwatamuu (1) Itti Gaafatamaa Galmeessaa Haala Hawaasummaa Aangoo Qabu
Fuudhaa-heerumni kan raawwatamu, itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa, walfuutota keessaa tokko yookiin warra yookiin fira dhiyoo isaanii keessaa tokko, fuudhaa-heerumichi raawwatamuun dura osoo walirraa hin cittin yeroo ji'a jahaatiif bakka itti jiraatanitti argamu duratti ta'a.

Keewwata 40

(2) Fuudhaa-heeruma Raawwachuudhaaf Yeroo Gaaffiin Itti Dhiyaatu.

Kaadhimamtonni fuudhaa-heeruma raawwachuudhaaf yaaduu isaanii hanga fedhellee yoo ture, fuudhaa-heeruma isaannii raawwachuuf guyyaa murteessan ji'a tokko dursanii itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaatiif beeksisuutu isaan irra jira.

Keewwata 41

(3)Guyyaa Fuudhaa-heerumni itti Raawwatamu Murteessuu fi Beeksissuu.

Itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaatiif gaaffichi akkuma dhiyaateen kaadhimamtoota wajjin wal mari'atee guyyaa fuudhaa-heerumichi itti raawwatamu erga murteesseen booda karaa mijaawaa ta'een beeksisa ni baasa.

Keewwata 42

(4) Sirna Raawwii Fuudhaa-heerumaa fi Raawwatamuu Isaa Beeksissuu.

1. Fuudhaa-heerumni, kaadhimamtoonni lamaanii fi karaa lachuun ragoonni lama-lama bakka jiranitti, ifatti raawwatama.
2. Kaadhimamtoonni fi ragoonni fuudhaa-heeruma raawwachuudhaaf haallan barbaachisaa ta'an kan hin hir'atin ta'uu kakuu-dhaan ni mirkaneessu.
3. Itti gaafatamaan galmeessaa haala hawaasummaa, kaadhimamtoonni fi ragoonni jecha kakuu kennuun dura, jechi kenan kun itti gaafatammumaa hordofsiisu ifatti qabsiisuu qaba.
4. Kaadhimamtoonni lamaanuu fuudhaaf heeruma raawwachuudhaaf fedhii qabaachuu isaanii itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaatiif ni mirkaneessu.
5. Kaadhimamtoonni lamaanii fi ragoonni isaanii galmee haala hawaasummaa irratti mallatteessuu qabu.
6. Sirnoonni armaan olitti ibsaman raawwatamuu isaanii yoo mirkaneesse, itti gaafatamaan galmeessaa haala hawaasummaa kaadhimamtoonni fuudhaa fi heeruma seera qabeessa ta'e raawwachu isaanii ibsee walfuutotaaf waraqaa ragaa fuudhaa-heerumaa ni kennaaf.

Keewwata 43

Fuudhaa-heeruma Sirna Amantiitiin Raawwatamu.

1. Sirna amantii irratti hundaayee akkaataan fuudhaa-heerumni itti raawwatamuu danda'uu fi sirni raawwannaa isaatis kan seera kana keewwata (21)n ibsame hordofuudhaan waliigaltee walfuutotaa giddu-galeessa godhatee akkuma sirna amantichaatti murtaa'a.
2. Seera kanaan, raawwaannaa fuudhaa-heeruma kamiifuu haalawwan guutamuu qaban jedhaman, fuudhaa-heeruma sirna amantii irratti hundaayee raawwatamuuufis guutamuu qabu.

Keewwata 44

Fuudhaa-heeruma Sirna Aadaatiin Rawwatamu

1. Sirna Aadaa irratti hundaayee fuudhaa-heerumni kan raawwatamuu danda'uu fi sirni raawwannaa isaatis kan seera kana keewwata (22)n ibsame hordofuudhaan waliigaltee walfuutotaa giddu-galeessa godhatee akkuma sirna aadichaatti murtaa'a.
2. Seera kanaan raawwannaa fuudhaa-heeruma kamiifuu haalawwan guutamuu qaban jedhaman, fuudhaa-heeruma sirna aadaa irratti hundaayee raawwatamuuufis guutamuu qabu.

KUTAA 5

WAA'EE GALMEEFFAMA FUUDAA- HEERUMAA

Keewwata 45

Waa'ee Fuudhaa- heerumaa Galmeessisuu

1. Fuudhaa-heerumni sirna kaminuu yoo raawwatamellee, itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa dhimmichi ilaaluun galmeeffamuu qaba.

2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) irratti hundaayee itti gaafatamaan galmeessaa haala hawaasummaa galmeessicha raawwate, waraqaa ragaa gaa'ilaa walfuutotaaf ni kenna.
3. Fuudhaa-heerumni kamiyyuu guyyaa itti raawwatame irraa eegalee bu'aa ni qabaata.

Keewwata 46

Waa'ee Gurmaa'ina Galmee Fuudhaa-heerumaa

1. Seera kanaan keewwata 45 keewwata xiqqaa (1) irratti haala ibsameen kaadhimamtoonni yoo galmeessisuu baatanillee, itti gaafatamaan galmeessaa haala hawaasummaa fuudhaa-heerumni raawwatamuu isaa kan beeke taanaan, galmee fuudhaa-heerumaa taayitaa isaatiin ni gurmmeessa.
2. Yeroo kun ta'u, itti gaafatamaan galmeessaa haala hawaasummaa akkuma haala dhimmichaatiin walfuutotaa fi ragonni dhiyaatanii galmee fuudhaa-heerumaa irratti akka mallatteessan ni taasisa.

Keewwata 47

Oabiyyee Galmee Fuudhaa-heerumaa

Galmeen fuudhaa-heerumaa kan agarsiisuu qabu:

- a) maqaa guutuu walfuutotaa, guyyaa fi iddoo itti dhalatan, teessoo jireenya isaanii;
- b) maqaa guutuu ragotaa, guyyaafi iddoo itti dhalatan, teessoo jireenya isaanii;
- c) sirna fuudhaa-heerumni itti raawwatame, guyyaa fi iddoo itti raawwate, akkasumas guyyaa itti galmaa'e ta'a.

BOQONNAA AFUR**HIR'ACHUUN HAALLAN FUUDHAA-HEERUMAA
MAAL AKKA HORDOFSIISU****Keewwata 48****Haala Umurii**

1. Seera kana keewwata 26 keewwata xiqqaa (2)n kan tumame akkuma eegametti ta'ee, umuriin isaanii waggaa 18 gadii namoota ta'an jidduutti fuudhaa-heerumi raawwatame, abbaa dhimmaa kamiinuu yookiin abbaa alangaatiin yoo gaaffiin dhiyaate akka diigamu ni taasisama.
2. Umuriin fuudhaa-heerumaa seeraan barbaadamu erga guutameen booda fuudhaa-heerumichi akka diigamu gaaffii dhiyeessuunis ta'ee murteessuun hin danda'amu.

Keewwata 49**Firooma Dhiigaa Yookiin Fuudhaa-heerumaa**

Sababa firooma dhiigaatiin yookiin fuudhaa-heerumaatiin fuudhaa-heerumni akka hin raawwatamne tumaalee dhorkan darbuudhaan fuudhaa-heerumni raawwatame, abbaa dhimmaa kaminuu yookiin abbaa alangaatiin yoo gaaffiin dhiyaate, akka diigamu ni taasisama.

Keewwata 50**Sababa Dhoorkaa Murtiitiin Fuudhaa-heeruma Diiguu**

1. Namni murtiidhaan dhorkame, eeyyama mana murtii irraa osoo hin argatin fuudhaa-heeruma raawwatee yoo argame, namichi murtiin dhorkame yookiin bulchaan isaa fuudhaa-heerumni raawwatame akka diigamu gaaffii mana murtiif dhiyeessuu ni danda'a.
2. Namni murtiidhaan dhorkame, dhorkichi hafee ji'a jahaan booda, fuudhaa-heerumichi akka diigamu gaaffii dhiyeessuu hin danda'u.

3. Fuudhaa-heerumichi akka diigamu bulchaan nama murtiidhaan dhorkamee gaaffii dhiyeessuu kan danda'uu, fuudhaa-heerumichi raawwatamuu isaa guyyaa beeke irraa eegalee ji'a jaha yookiin sababa kamiiniyyuu dhorkichi erga hafeen booda dhiyaachuu hin danda'u.

Keewwata 51**Fuudhaa-heeruma Gocha Humnaatiin Raawwatame Diiguu**

1. Namni dirqisifamee fuudhaa-heeruma raawwate kamiinyuu, fuudhaa-heerumichi raawwatame akka diigamu gaaffii isaa mana murtiif dhiyeessuu ni danda'a.
2. Gaaffiin dhimma kana irratti dhiyaatu hojiin humnaa hafee ji'a jahaan boodaa fi sababa kamiiniyyuu yoo ta'e fuudhaa-heerumichi raawwatamee waggaa lamaan booda dhiheechuu hin danda'u.

Keewwata 52**Fuudhaa-heeruma Sababa Dogoggoraatiin Raawwatame Diiguu**

1. Namni kamiinyuu dogoggora bu'uuraa irraan ka'ee, fuudhaa-heeruma yoo raawwate, fuudhaa-heerumichi akka diigamu gaaffii isaa mana murtiif dhiyeessuu ni danda'a.
2. Dhimma kana irratti gaaffiin dhiyaatu dogoggoruu isaa guyyaa beeke irraa kaasee ji'a jahaan boodaa fi sababa kamiiniyyuu yoo ta'e fuudhaa-heerumichi raawwatamee waggaa lamaan booda dhiyaachuu hin danda'u.

Keewwata 53**Yeroo Kophaa Jiraachuudhaaf Murtaa'e Eeguu Dhiisuu**

Seera kana keewwata 33 keewwata xiqqaa (1) irratti yeroo koophaa jiraachuu ilaalchisee kan ibsame hin kabajamne sababa jedhu qofaan fuudhaa-heerumni akka diigamu gaaffii dhiyeessuun hin danda'amu.

Keewwata 54**Itti Gaafatamaan Galmeessaa Haala Hawaasummaa
Aangoo Kan Hinqabne Ta'uun Isaa Bu'aa Hordofsiisu**

Itti gaafatamaan galmee haala hawaasummaa fuudhaa-heerumicha raawwachiisee bu'uura seera kanaa keewwata (39)tiin aangoo hin qabuu ture jechuudhaan qofa fuudhaa-heerumni akka diigamu murteessuun hin danda'amu.

Keewwata 55**Sirna Adeemsaa Eeguu Dhabuu**

Seera kana keewwata 42 keewwata xiqqaa (3) fi (6) irratti adeemsawwan ibsaman hin eegamne jechuudhaan qofa fuudhaa-heerumni akka diigamu murteessuun hin danda'amu.

BOQONNAA SHAN**BU'AA FUUDHAA-HEERMNI HORDOFSIISU****KUTAA 1****WALIIGALA****Keewwata 56****Sirnoonni Raawwii Fuudhaa-heerumaa Hundaatu Bu'aa
Walfakkaataa Qabaachuu Isaanii**

1. Fuudhaa-heerumni akkaataa sirna kamiitinuu raawwatame, bu'aa walfakkaataa qabaata.
2. Qixa kanaan, fuudhaa heerumni itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa duratti yookiin akkaataa sirnoota amantiin yookiin aadaan ajajamaniin kan raawwatame yoo tahes garaagarummaan irratti hin godhamu.

Keewwata 57**Qunnamtii Saalaa Raawwachuu**

Qunnamtiin saalaa raawwatamuun yookiin raawwatameera jedhamee tilmaamamuun bu'aa fuudhaa-heerumichi hordofsiisuuf barbaachisaa miti.

Keewwata 58**(1) Waliigaltee Fuudhaa- Heerumaa**

1. Kadhimamtoonni, fuudhaa heerumni isaanii qabeenya isaanii ilaalchisee bu'aa hordofsiisuu, otoo fuudhaa heeruma isaanii hin raawwatin yookin yoo akkam ture guyyaa gaa'elli isaanii raawwatamu waliigalteen murteessuu ni danda'u.
2. Akkasumas qunnamtii dhuunfaa isaanii ilaalchisee mirgootaa fi dirqamoota qaban waliigaltee kanaan murteessuu ni danda'u.
3. Waliigalteewwan kaadhimamtoonni akkaataa Keewwata kana Keewwata xiqqaa (1) fi (2) tiin waliigalan, tumaalee seeraa diqisiisaa ta'aniin kan walfaallessan tahuu hin qaban.

Keewwata 59**(2) Dandeetii Dhabuu Kaadhimamtootaa**

1. Waliigaltee namni murtiidhaan dhoorkame seenu, yoo ofii isaatiin mallatteessee fi manni murtii yoo ragaasise malee bu'aa hin qabaatu.
2. Namni seeraan Dhoorkame, waliigaltee fuudhaa-heerumaa seenuu ilaalchisee dandeettii akka qabutti lakkawama.

Keewwata 60**(3) Bifa Waliigaltichaa**

Waliigateen Fuudhaa-heerumaa barreeffamaan yoo hin taasisaminii fi ragoonni afur, lama gama abbaawarraatiin lama gama haadhawarraatiin kan mallatteessan yoo ta'e malee bu'aa hin qabaatu.

Keewwata 61

(4) Iddoo Sanadiin Waliigaltichaa Taa'u

1. Garagalchiin waliigaltee fuudhaa-heerumaa tokko mana murtii yookiin galmeessaa haala hawaasummaa bira taa'a.
2. Walfuutonni yookiin isaan keessa tokko ilaaluu yemmuu barbaadan, akkasumas mana murtiitiin yookiin walfuutota keessaa tokkoon namoonni hayyamameef sanadii waliigaltichaa ilaaluu ni danda'u.

Keewwata 62

(5) Bilisummaa Waliigalticha Seenuu irratti Daangaa Jiru

1. Walfuutonni waliigaltee fuudhaa-heerumaa isaanii keessatti gareewwan sadaffaa biroo irratti waliigalteewwan dirqama hordofsiisuu danda'an seenuu hin danda'an.
2. Akkasumas, walfuutonni aadaa yookiin amantii yookiin seera biyya tokkoo duuchumatti caqasuu qofaan waltaanee jirra jechuun waliigalteen fuudhaa-heerumaa seenan, bu'aa hin qabaatu.

Keewwata 63

(6) Waliigaltee Fuudhaa-heerumaa Fooyyessuu

1. Waliigalteen fuudhaa-heerumaa akka fooyya'u dantaan maatichaa kan gaafatu yoo tahuu fi walfuutonnis yoo waliigalan waliigalticha fooyyessuudhaan manni murtii akka raggaasisuuf gaafachuu ni danda'u.
2. Walfuutotaan fooyya'ee waliigaltee fuudhaa-heerumaa dhiyaate dantaa maatichaa kan hin miine ta'uu yoo mirkaneeffate manni murtii waliigalticha fudhatee ni raggaasa.
3. Haala Keewwata kana keewwata xiqqaa (2)n ibsameen manni murtichaa waliigalticha kan raggaase yoo tahe, waliigalteen fooyya'e mana murtii yookiin ittigaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa bira taa'a.

Keewwata 64

(7) Raawwatamummaa Seeraa

Waliigalteen fuudhaa-heerumaa yoo hin jiraanne yookiin jiraates seeraan otoo fudhatama hin argatin yoo hafe tumaaleen kanatti aanan kan raawwataman tahu.

KUTAA 2

FUUDHAA HEERUMNI QUNNAMTII DHUUNFAA IRRATTI BU'AA QABAATU

Keewwata 65

Walqixxummaa, Wal Kabajuu fi Wal Deeggaruu

1. Abbaawarraa fi haatiwarraa raawwii fuudhaa-heerumaa, bara fuudhaa-heerumichaatii fi yeroo wal hiikanis mirga wal qixa ta'e ni qabaatu.
2. Abbaawarraa fi haatiwarraa wal kabajuu fi walqarqaaruu qabu.
3. Waliigaltee fuudhaa-heerumaa keessatti walta'insa kana faallessu gochuu hin danda'an.

Keewwata 66

Waliin Maatii Hoogganuu (1) Waliigala

1. Qixa hooggansa maatiitiin, abbaawarraa fi haatiwarraa mirga walqixa tahe qabu.
2. Abbaawarraa fi haatiwarraa qixa kamiinuu nageenyaa fi dantaa maatichaa eegsisuuf; ijoolleen isaanii naamusa gaariin akka ijaaraman, barnoota barbaachisaa akka argatanii fi lammiilee ittigaafatamni itti dhagayamu tahananii akka guddatan gochuuf waltahuu qabu.

Keewwata 67

(2) Walfuutota Keessaa Tokkoon Isaanii Maatii Hoogganuu Dadhabuu

1. Abbawarraa fi haadhawarra keessaa tokkoon isaanii dandeetti yoo dhabe, yoo bade yookiin maaticha gatee yoo deeme yookiin iddoo jireenyaa isaarraa fagaachuunniis ta'ee sababa biroo kmiiniyyuu hayyama isaa kennuu haala hin dandeenye keessatti yeroo argamutti hooggansi maatii Keewwata 66n ibsame innumti hafe kophaa isaa ni raawwata.
2. Abbawarraa fi haadhawarra waliigaltee fuudhaa-heerumaa isaanii keessatti akkaataa kanaan wal faallessuun waliigaluu hin danda'an.

Keewwata 68

Fuudhaa-heerumaan Dura Ijoollee Kan Biraarraa Dhalatan

1. Abbawarraa fi haadhawarraa keessaa tokkoon isaanii akkaataa guddisa gaarii ijoollee otoo wal hin fuudhin dura nama biraarraa godhatanii ilaalchisee akka yaadettii fi hooggansa isaatiin wanta barbaade murteessuudhaaf mirga guutuu ni qabaata.
2. Waliigalteen kana faallessu kamiyyuu bu'aa hin qabaatu.

Keewwata 69

Waliin Jiraachuu

1. Abbawarraa fi haadhawarraa waliin jiraachuuf ni dirqamu.
2. Fayyaa isaanitiif balaafamaa yoo ta'e malee, abbawarraa fi haatiwarraa qunnamtii saalaa fuudhaa-heeruma keessatti barbaachisaa ta'e raawwachuu qabu.
3. Waliigalteen kana faallessu kamiyyuu bu'aa hin qabaatu.

Keewwata 70

Iddoo Jireenyaa Murteessuu

Abbawarraa fi haatiwarraa iddoo itti jiraatan waliin murteessu.

Keewwata 71

Waliigalteen Adda Adda Jiraachuu

1. Kan seera kana Keewwata 69(1)n tumame yoo jiraatellee, abbawarraa fi haadhawarraa yeroo murtaa'eef yookiin hin murtaa'iniif gar gara bahanii jiraachuuf waliigaluu ni danda'u.
2. Dhimma kana ilaalchisee kan waliigalme jijjiiruun kan hin malle yoo tahe malee, walfuutota keessaa inni tokko itti yaadee haquu ni danda'a.

Keewwata 72

Dirqama Wal Amanuu

Abbaanwarraa haadhawarraa isaatiif, haatiwarraa abbawarraa ishiitiif amanamaa ta'uuf dirqama qabu.

KUTAA 3

FUUDHAA-HEERUMNI GAMA QABEENYAATIIN

BU'AA HORDOFSIISU

Keewwata 73

Qabeenya Dhuunfaa Abbawarraa fi Haadhawarraa (1) Qabeenyaa Bittaa Gurgurtaa Malee Argame

Abbawaraa fi haatiwarraa, qabeenyi yemuu fuudhaa-heeruma raawwatan dhuunfaatti qaban yookiin sanaan booda dhaalaan yookiin kennaan dhuunfaatti argatan, kanuma dhuunfaa isaanii ta'eet hafa.

Keewwata 74

(2) Qabeenyaa Bittaa Gurgurtaan Argame

1. Abbawarraa fi haatiwarraa erga walfuudhaniin booda qabeenyi tokkoon isaanii qabeenya dhuunfaa isaatiin jijjiiruun argatu yookiin qabeenya dhuunfaa isaatiin

bitatu yookiin maallaqn qabeenya dhuunfaa isaa gurguree argatu kanuma dhuunfaa isaa taha.

2. Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n tumame raawwatamaa kan ta'u, qabeenyi bittaa gurgurtaan argame kan dhuunfaa naaf yaa jedhamu jedhee gaaffii gareen tokko yoo dhiyeessee fi manni murtii yoo raggaasisu qofaa dha.

Keewwata 75

Qabeenya Dhuunfaa Bulfachuu (1) Bu'uurasaa

1. Walfuutonni tokkoon tokkoon isaanii qabeenya dhuunfaa isaanii bulchuu fi galii irraa argamus sassaabbachuu ni danda'u.
2. Walfuutonni tokko-tokkoon isaanii qabeenya dhuunfaa isaanii irratti ajajuudhaaf bilisummaa qabu.

Keewwata 76

(2) Waliigaltee Gaa'ilaa Keessatti Bulchiinsa Qabeenya Dhuunfaa Murteessuu

1. Abbawarraa fi haatiwarraa, inni tokko qabeenya dhuunfaa isa kaanii kan ta'ee hundumaa ykn gartokkee akka isaaf bulchuu fi akkuma barbaachisummaa isaattis akka irratti ajaju waligaltee fudhaa-heeruma isaanii keessatti murteessuu ni danda'u.
2. Walfuutota keessaa akkaataa Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tti namni qabeenya akka bulchuu aangoon keennameef, yoo isa naaf bulchi jedhee bakka isa buufateen gaafatame akkaataa bulchiinsa qabeenyichaa ilaalchisee ibsa heerreega waggaa keennuuf dirqama qaba.

Keewwata 77

(3) Angoo Bakka Bu'ummaa

Walfuutota keessaa tokko qabeenya dhuunfaa isaa kan ta'e hundumaa yookiin gartokkee akka bulchuuf isa kaan bakka buufachuu ni danda'a.

Keewwata 78

Qabeenya Walii Abbawarraa fi Haadhawarraa

1. Abbawarraa fi haatiwarraa carraaqa dhuunfaan godhanii fi qabeenya dhuunfaa yookiin waliinii irraa galii fi bu'aan (firiin) argatan hundinuu qabeenya walii isaanii ta'a.
2. Seera kanaan keewwata 74 keewwata xiqqaa (2)n akka ibsametti, qabeenya walfuutotaa keessaa qabeenya dhuunfaa isa tokkootii yoo jedhame malee, abbawarraa fi haatiwarraa erga walfuudhanii booda bittaa fi gurgurtaadhaan qabeenyi argamu hunduu qabeenya walii ta'a.
3. Waliigaltee kennaatiin yookiin jecha dhaamsaatiin haala biraattiin yoo ibsame malee kennaadhaan yookiin dhaalaan walfuutotaaf qabeenyi kennaman hunduu qabeenya walii isaanii ta'a.

Keewwata 79

Tilmaama Seeraa

1. Walfuutota keessaa inni kamiiyyuu, qabeenya dhuunfaa isaa ta'uu yoo hubachiise malee, qabeenyi kamiyyuu yoo maqaa isatokkoo qofaaan galmaayee argamellee, akka qabeenya waliitti lakkaawama.
2. Qabeenya dhuunfaa ta'uu isaa gareewwan sadaffaan kan beekan yookiin kan beekuun isaanirra jiraatu yoo ta'e malee, abbawarraa fi haatiwarraa yookiin isaan keessaa tokko qabeenyi kun kan dhuunfaati jechuudhaan mormii gareewwan sadaffaa irratti dhiyeessuu hin danda'an.

Keewwata 80

Galii Abbawarraa fi Haadhawarraa (1) Bulchiinsa Galii Idilee

1. Abbawarraa fi haatiwarraa adduma addatti galii isaanii ofumaaf ni sassaabbatu.
2. Abbawarraa fi haatiwarraa galii dhuunfaadhaan argatan dhuunfaadhaan yookiin waliin ta'uudhaan herrega Baankii banatanii olkaawachuu ni danda'u.
3. Abbawarraa fi haadhawarraa keessaa tokko yoo gaafate inni biroo galii hammam akka ragate beeksisuuf dirqama qaba.

Keewwata 81

(2)Haala Addaa

1. Abbawarraa fi haadhawarraa keessaa tokko galii isaa akka fuudhuuf isa kaaniif aangoo kennuudhaaf bilisummaa guutuu qaba.
2. Abbawarraa fi haadhawarraa keessaa gaaffii isa tokkootiin galii isa tokkoo inni kuun akka fuudhuu fi fudhachuu isaatiifis nagayee akka kennu manni murtii murteessuu ni danda'a.
3. Seera biraatiin haala adda ta'een yoo tumame malee, galii abbawarraa fi haadhawarraa keessaa kan tokkoo guutummaan guutuutti yookiin gartokkeen akka kabajamu mana murtiitiin ajajamuu ni danda'a.

Keewwata 82

Qabeenya Waliinii Bulchuu

1. Abbawarraa fi haadhawarraa keessaa tokko, qabeenya walii isaanii hunduma yookiin gartokkee akka bulchu waligateen ifa ta'e yoo jiraatee malee, Abbaanwarraa fi haatiwarraa qabeenya walii isaani walumaan bulfatu.

2. Abbawarraa fi haadhawarraa keessaa tokko dandeettii hin qabu jedhamee yoo murtaayee yookiin mirgi qabeenya bulchuu yoo irraa fudhatame yookiin sababa biraa kamiiniyyuu qabeenya walii isaani bulchuuf kan hin dandeenye ta'ee yoo argame inni kaan bulchiinsa qabeenya walii ni raawwata.

Keewwata 83

Dirqama Beeksisuu

Walfuutota keessaa tokko qofti yeroo qabeenya waliinii bulchu, akkaataa bulchiinsa qabeenyichaa ilaalchiisee isa biraatiif odeeffannoo kennuuf dirqama qaba.

Keewwata 84

(1)Walta'iinsi Walfuutotaa Barbaachisaa Ta'uu Isaa

Seera biraatiin haala addaatiin yoo tumame malee, dhimmoota armaan gadii irratti walta'iinsi walfuutotaa barbaachisaa dha:

- a) Qabeenya walii kan hin sochoone gurguruudhaaf, jijjiiruudhaaf, kireessuudhaaf, qabdiidhaan yookiin wabiidhaan kennuudhaaf yookiin haala biroo kamiiniyyuu qabeenya kana irratti namonni biroo mirga akka argatan gochuuf;
- b) Qabeenya waliinii socha'aa gatiin isaa Qarshii 500 (dhibba shan) ol-ta'e yookiin harshammeewwan maallaqaa gurguruudhaaf, jijjiiruudhaaf, qabsisuudhaaf yookiin wabiidhaan kennuuf yookiin haala biroo kamiiniyyuu dabarsuudhaaf;
- c) Gatii Qarshii 100(dhibba tokkoo) ol kan qabu qabeenya yookiin maallaqa waliinii nama biraatiif kennaadhaan dabarsuudhaaf;
- d) Qarshii 500 (dhibba shan) ol liqeeffachuudhaaf ykn liqeessuudhaaf yookiin nama birootiif wabii tahuudhaaf.

Keewwata 85

(2) Waliigaluu Dhabuun Wanta hordofsiisu

1. Walfutoota keessaa tokko tumaaleewwan armaan olitti ibsaman darbuudhaan waligalteen dirqama seenee yoo argame gaaffii gareen inni biroo mana murtiitiif dhiyeessuun waliigaltichi diigamuu ni danda'a.
2. Waliigaltichi akka diigamu gaaffiin dhiyaatu, gaafataan waliigaltichi seenamuu isaa guyyaa beekke kaasee ji'a jahaan booda yookiin sababa biraa kamiiniyyuu dirqamichi seenamee waggaa lamaan booda dhiyaachuu hin danda'u.

Keewwata 86

Deeynii (Idaa) Abbaawarraa fi Haadhawarraa

1. Abbaawarraarraa yookiin haadhawarraarraa idaan dhuunfaadhaan gaafatamu qabeenyna dhuunfaa abbaa idichaa irraa, qabeenyi dhuunfaa isaa idicha guutummaan kaffaluuf gahaa tahuu yoo baate, qabeenya walii isaanitiraa kaffalama.
2. Idichi kan dhufe faayidaa bultii isaanitiif yoo ta'e qabeenya walii isaanitiraa; qabeenyi waliisaanii idicha uuwwisuuf gahaa ta'uu yoo baate qabeenya dhuunfaa abbaawarraa yookiin haadhawarraa irraa kaffalama.

Keewwata 87

Idaa Faayidaa Bultii Waliitiif Akka Galamettii Lakkaawamu

Idaawwan armaan gadiitti ibsaman faayidaa jireenya waliitiif akka galamanitti kan lakkaawwamanii dha:

- a) Abbaawarraa fi haadhawarraadhaaf, akkasumas jireenya guyyaa guyyaa ijoollee isaaniitiif barbaachisaa wanta ta'an guutuudhaaf idaa seename;
- b) Abbaanwarraa yookiin haatiwarraa qallaba kennuudhaaf dirqama qaban bahuudhaaf baasiwwan taasisaman;

- c) Abbaawarraa fi haadhawarraa keessa tokkoon yookiin gaafataa idaatii iyyata dhiyaatuun faayidaa jireenyaatiif kan oleedha jedhee idaa manni murtii fudhate kan biroo.

Keewwata 88

Baasiwwan Bultii Uuwwisu

Walfuutonni baasii bultii isaanitiif oolchan uuwwisuuf tokko tokkoon isaanii akka humnaa fi dandeettii isaanititti gumaachuutu isaanirra jira.

Keewwata 89

Waliigalteewwan Walfutota Giduutti Godhaman

Abbaawarraa fi haatiwarraa walfuudhanii yeroo waliin jiraatan keessatti waliigalteewwan jidduu isaaniitti godhan, yoo mana murtiitiin ragga'an malee bu'aa hin qaban.

BOQONNAA 6

FALMIIWWAN FUUDHAA-HEERUMA KEESSATTI

KA'AN MURTEESSUU

KUTAA 1

Waa'ee Fuudhaa-heerumni Ragg'u Jiraachuu Yookiin

Raawwatamuu Isaatiif Falmii Dhiyaatu

Keewwata 90

Waa'ee Fuudhaa-heerumni Ragga'u Jiraachuu Isaa

Fuudhaa-heerumni akkaataa seera kana boqonnaa 3 fi 4n tumameen raawwatamuu isaa yookiin fuudhaa-heerumni ragga'u jiraachuu isaatiif falmiin yoo ka'e dhimmicha qulqulleessee murtee akka kennu walfuutonni gaaffii isaanii Mana Murtiitti dhiyeeffachuu ni danda'u.

Keewwata 91

Aangoo Mana Murtii

1. Fuudhaa-heerumni raawwatamuu isaatiif yookiin fuudhaa-heerumni ragga'u jiraachuu isaatiif falmii ka'u

ilaalee murteessuuf aangoo kan qabaatu Mana Murtii qofaa dha.

2. Manni Murtichaa gaaffii akkaataa seera kana Keewwata (90)n dhiyaatuuf ragaalee akkaataa seera kana keewwata (92-95)iin dhiyaataniin qulqulleessee murtee barbaachisaa ni kenna.

3. Tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa (2), falmii hiikaa keessatti gaaffiiwwan fuudhaa-heermni raawwatamuu yookiin fuudhaa-heerumni ragga'u jiraachuu ilaalchisanii ka'aaniif illee raawwatamummaa ni qabaata.

Keewwata 92

Waa'ee Ragaa Fuudhaa-heerumni raawwatamuu hubachiisuuf Dhiyaatu (1) Waraqaa Ragaa Fudhaa-heerumaa

Fuudhaa-heerumni raawwatamuu isaa mirkaneessuun kan danda'amu, guyyaa fuudhaa-heerumichi raawwate yookiin sanaan booda, akkaataa seerichaatiin qophaayee kan kenname waraqaa ragaa fuudhaa-heerumaa yookiin garagalcha galmee fuudhaa-heerumaa mirkanaa'e dhiyeessuudhaan taha.

Keewwata 93

(2) Waraqaan Ragaa Fuudhaa-heerumaa Yeroo Hin Jiraannetti Fuudhaa-heerumni Raawwatamuu Isaatiif Ragaa Dhiyaatu

1. Galmeessuun fuudhaa-heerumaa osoo hin raawwatamin yoo hafee yookiin sababa galmeen badeef fuudhaa-heerumichi raawwatamuu isaa waraqaa ragaa fuudhaa-heerumaatiin mirkaneessuun kan hin danda'amne yoo tahe, fuudhaa-heerumni raawwatamuu isaa ragaa gahaafi amansiisaa dhiyeessuudhaan hubachiisuun ni danda'ama.

2. Akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tti namni tokko ofii isaatii fi isa wajjin fuudhaa-heeruma nanqaba nama jedhu wajjin fudhaa-heeruma raawwachuu isaa mirkaneessuu yoo danda'e, manni murtichaa fuudhaaf heerumni raawwatameera jechuun tilmaama seeraa ni fudhata.

3. Keewwata kana keewwata xiqaa (1) jalatti tilmaama ibsame fuudhaa-heerumchi kan hin raawwatamne ta'uu isaa ragaa amansiisaa gosa kamiyyuu dhiyeessuudhaan diiguun ni danda'ama.

KUTAA 2

FALMIIWWAN HIIKA HIN ILAALLANNE

MURTEESSUU

Keewwata 94

Waldiddaawwan Fuudhaa-heeruma keessatti Uumaman

Kan seera kana Keewwata (90)n tumame akkuma eegametti ta'ee abbaanwarraa yookiin haatiwarraa yookiin lameen isaanii waliin waldiddaawwan fuudha-heeruma keessatti ka'an ilaalchisanii iyyata isaanii Mana murtiitti dhiyeeffachuu ni danda'u.

Keewwata 95

Aangoo Mana Murtichaa

1. Manni murtichaa akkaataa seera kana Keewwata (94)tiin gaaffiin yoo dhiyaatuuf abbaawarraafi haadhawarraa adda addaanis ta'ee bakka tokkotti dubbisuun waldiddaa isaanii waliigalteen haala fixachuu itti danda'an uumachuu akka danda'an waltaasisa.

2. Manni Murtichaa, akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa(1)tiin waltaasisuuf yaalee yoo milkaayuu baate yookiin akkuma haala dhimmichaatiin kan hin milkoofne

ta'ee yoo itti mul'ate, abbaawarraa fi haatiwarraa mana murtiitiin alatti jaarsota filataniin waliigalteen akka fixatan yeroo ji'a lama hin caalle murteessuudhaan ni gaggeessa.

3. Yaada waltaasisuu jaarsotaatti gareen walii hin galin iyyata isaa Mana Murtiitiif dhiyeffachuu ni danda'a.
4. Manni Murtichaa iyyata dhiyaateef qoratee yaada waltaasisuu jaarsotaan kenname raggaasisuu, fooyyessuu yookiin mulquu ni danda'a; murtiin kennamus isa dhumaa ta'a.

BOQONNAA 7

DIIGAMUU FUUDHAA-HEERUMAA FI BU'AA

HORDOFSIISU

KUTAA 1

WALIIGALA

Keewwata 96

Fuudha-heerumnni Sirna Raawwii Fuudhaa-Heeruma Kamiyyuu Irratti Hundaa'ee Raawwatame Oixxee Ta'uu Isaa

1. Sirni fuudhaa-heerumichi ittiin raawwatame kamiyyuu yoo ta'e diigamuu fuudhaa-heerumichaa fi bu'aa hordofsiisu irratti garaa garummaan kamiyyuu hin godhamu.

Keewwata 97

Sababoota Fuudhaa-heerumni Ittiin Diigamu

Fuudhaa-heerumni kan diigamuu sababoota kanatti aananiinidha:

- a) Walfutoota keessaa tokko yoo du'ee yookiin manni murtiitiin murteen badiinsaa yoo kenname; yookiin
- b) Fudhaaf heeruma raawwachudhaaf haalawwaan barbaachiisaa ta'an keessaa tokkoo sababa hin

- c) kabajamneef akkaataa seeraatiin fudhaa- heerumni akka diigamuu yoo murtaa'ee; yookiin Murtiin hiikkaa yoo kenname.

Keewwata 98

Waa'ee Aangoo Hiikkaa fi Bu'aawwan Isaa Murteessuu

Aangoon Waliigaltee hiikkaa raggaasuu, hiikkaa murteessuu yookiin akkaataa seera kana keewwata (112)iin tumameen bu'aawwan hiikkaa ilaalchisee murtii kennuun yookiin raggaasuun kan mana murtii qofaa dha.

KUTAA 2

WAA'EE WALIIGALTEEDHAAN WALHIIKUU

Keewwata 99

Haala Hiikkaan Fuudhaa- heerumaa Waliigalteedhaan Itti Murtaa'uu.

Hiikkaan fuudhaa-heerumaa walta'iinsaan akka diigamu murtaa'uu kan danda'u abbaanwarraa fi haatiwarraa waliigalanii walhiikuu yoo murteessanii fi kanuma mana murtiitiif dhiyyeessanii yoo fudhatama argatee dha.

Keewwata 100

Waa'ee Gaaffii Waliigalanii Walhiikuuf Dhiyaatuu

1. Abbaawarraa fi haatiwarraa waliigalteedhaan wal hiikuuf yoo murteessan waliigaltee hiikkaa fi bu'aa inni hordofsiisu barreeffamaan mana murtiitif dhiyeessanii addaan baayiinsichi akka ragga'uuf gaafachuu ni danda'u.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n kan ilaalame yoo jiraateyyuu, abbaanwarraa fi haatiwarraa wal fuudhanii ji'a jaha hin guutin waliigalteedhaan addaan bahuun hin hayyamamuuf.

3. Abbaanwarraa fi haatiwarraa waligalanii addaan bahuuf waliigaltee mana murtiif dhiyyeessaniirratti sababa addaan bahuuf itti murteessan ibsuuf hin dirqaman.

Keewwata 101

Aangoo Mana Murtii

1. Seera kanaan keewwata 100 keewwata xiqqaa (1)n kan tumame bu'uureffatee gaaffiin addaan bayiinsaa yoo dhiyaateef, manni murtii abbaanwarraa fi haatiwarraa adda addaan yookiin walbiratti dhiyeessisuun gaaffii isaanii irratti isaan dubbissa; akkasumas yaada walhiikuu isaanii akka geeddaran ni gaafata.
2. Abbaanwarraa fi haatiwarraa yaada walhiikuu isaanii kan hin geeddarre ta'uu isaanii yoo ibsan, manni murtichaa akkuma haala dhimmichaatti ji'a sadii kan hin caalle yeroo deddeebisanii itti yaadan murteessuudhaan ni gageessa.

Keewwata 102

Dhimmicha Deebisanii Sochoosuu

1. Abbaanwarraa haatiwarraa seera kana keewwata 101 keewwata xiqqaa (2)n kan ibsame yeroon deddeebisanii itti yaadan yoo kennameefillee yaada wal hiikuu isaaniiitti kan ciman yoo ta'e, guyyaa yeroon kennameef xumurame irraa kaasee ji'a jaha keessatti dhimma isaanii deebisanii sochoosuun waliigaltee walhiikuu isaanii manni murtii akka raggaasisuuf gaafachuu ni danda'u.
2. Daangaan yeroo keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n ibsame yoo jiraatellee, abbaanwarraa fi haatiwarraa waliigaltee hiikkaa haaarawa dhiyeeffachuu irraa kan isaan ittisu hin ta'u.

Keewwata 103

Waliigaltee Walhiikuu Raggaasuu

1. Manni murtii waliigaltee walhiikuu kan raggaasu fedhii sirrii abbaawarraa fi haadhawarraa ta'uu isaa fi hayyama isaanii bilisaan kan kennan ta'uu; akkasumas waliigaltichi seeraa fi hamilee wajjin kan wal hinfaalleesine ta'uu isaa yoo amane qofaa dha.
2. Manni murtii waliigaltee wal hiikuu yoo raggaasise, bu'aa walhiikichi hordofsiisu irratti waliigaltee godhanis wajjin raggaasisaaf.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (2) irratti kan ibsame yoo jiraatellee, abbaanwarraa fi haatiwarraa waliigalteen bu'aa walhiikichi hordofsiisurratti waliigalan, nageenyaa fi dantaaa ijoollee isaanii haala gahaa ta'een kan hin eegsifne yookin walfuutota keessaa faayidaa isa tokkoo kan miidhu ta'ee yoo argame, manni murtii waliigaltee walhiikinsaa qofa raggaasee waliigaltee bu'aa walhiikinsaa ilaalchisee hir'inoonni isaa akka sirraa'anuu murtii barbaachisaa ta'ee itti mul'ate ni kenna.

KUTAA 3

SABABA GAAFFIINN DHIYAACHUUTIN MURTII

HIKKAA KENNAMU.

Keewwata 104

(1) Waliigala

1. Walfuutota keessaa tokkoon isaanii yookiin lamaanuu waliin ta'uun fuudhaa-heerumni isaanii hiikkaan akka diigamu mana murtiitiif gaaffii dhiyeessuu ni danda'u.
2. Kan seera kana Keewwata 100(3)n tumame akkuma eegametti ta'ee abbaawarraa fi haadhawarraa keessaa tokkoon isaanii yookiin lamaanuu waliin ta'uun gaaffii

hiikkaa yoo dhiyeessan, gaafficha diyeessuuf dhimma sababa ta'eef ibsuu ni danda'u.

Keewwata 105

Aangoo Mana Murtii

1. Akkaataa seera kana keewwata 104(1)n fuudhaa-heerumni hiikkaan akka digamu gaaffiin yoo dhiyaatuuf, manni murtichaa abbaanwarraa fi haadhawarraa adda addaanis ta'ee bakka tokkootti dubbisuudhaan, gaaffiin hiikkaa haafuu fi waldhabiinsa isaaniis waliigaluudhaan hiikachuu haala isaan dandeessisuu uummachuu akka danda'an ni gorsa.
2. Manni murtii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n yaalii goodhee milkaayuu yoo baatee yookiin akkuma haala dhimmichaattiin bu'aa kan hin argamsiifne fakkaatee yoo isatti mul'ate, abbaanwarraa fi haatiwarraa mana murtichaattiin alatti jaarsota isaan filataniin dhimma isaanii araaraan akka fiixatan isaan gaafata.
3. Abbaanwarraa fi haatiwarraa dhimma isaanii jaarsummaadhaan araaraan fixachuuf yoo waliigaluu baatan, manni murtii yeroo deddeebisanii itti yaadaan kan ji'a sadi (3) hin caalle murteesssee gaggeessuu ni danda'a.
4. Iyyatni walhiikinsaa akkuma dhiyaateen manni murtichaa battalumatti akkaataa bulmaataa fi jireenya abbaawarraa fi haadhawarraa eegumsa, iddoo jireenyaa fi akkaataa jireenya ijoollee; akkasumas akkaataa bulchiinsa qabeenya isaanii ilaalchisee ajaja barbaachisaa fakkaatee isatti mulate ni kenna.
5. Manni murtichaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (4)n ibsameen yeroo ajaja kennu walfuutota keessaa tokko mana jireenya waliinii keessaa bayuun

dirqama ta'e yoo argamee, mana jireenyaa waliinii gadlakkisee yoo bahee miidhamni caalu kan qunnamu isaan keessaa eenyu akka ta'e, akkasumas dantaa ijoollee isaanii eegsisuudhaaf haala mijaa'aa ta'e hundaa tilmaama keessa galchuutu isarra jira.

Keewwata 106

Waa'ee Araaraa (1) Waa'ee Jaarsolii Araaraa

Filachuu

1. Akkaataa seera kana keewwata 107 keewwata xiqqaa (2)n abbaanwarraa fi haatiwarraa dhimma isaanii araaraan fixachuuf yoo murteessan, karaa mijaa'aa ta'ee isaanitti mul'ateen jaarsa tokko yookiin tokkoo ol filachuudhaan jaarsa akka filatan guyyaa itti himame irraa kaasee bultti 15 keessatti tarreeffama maqaa jaarsolii mana murtiitiif beeksisuu qabu.
2. Manni murtii akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n tartiibni maqaa jaarsolii yoo dhiyaatuuf battalumatti galmmeessee gorsaa fi qajeelfama kallattii furmaataa araari ittiin raawwatamu agarsiisu kennuun yookiin akka isaan qaqabuu taasisuun araarii yookiin bu'aan yaalii araaraa ji'a sadi keessaatti akka dhiyaatuuf ni ajaja.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (2)n kan tumame yoo jiraateeyyuu, manni murtii barbaachisaa ta'ee yoo itti mul'ate haala adeemsi araaraa irra jiru yeroo yerodhaan qorachuu fi yeroo yeroodhaan gabaasni akka dhiyaatuuf ajajuu ni danda'a.

Keewwata 107

(2)Waa'ee Yeroo Dabalataa

Adeemsa yaalii araaraa irraa ka'uudhaan abbaanwarraa fi haatiwarraa waldhabiinsa isaanii araaraan fixachuu ni danda'u kan jedhu tilmaama yoo qabaatee, manni murtichaa seera kana keewwata 106(n) yeroo kaa'ameen osoo hin daangeefamin yeroo dabalataa ji'a tokko hin caalle kennuudhaan yaaliin araaraa akka itti fufu ajajuu ni danda'a.

Keewwata 108

(3)Itti Gaafatamummaa Jaarsolii Araaraa

1. Jaarsoliin araaraa Abbaanwarraa fi haatiwarraa yaada walhiikuu isaanii akka dhiisanii fi dhimmaa isaanii waliigaluudhaan akka xumuran gochuudhaaf yaalii walirraa hin cinne gochutu isaanirra jira.
2. Jaarsoliin araaraa dhimmichi walhiikinsa malee furmaata biroo kan hin qabne ta'uu isaa yoo qaabatan, yeroon dabalataa osoo isaan hin barbaachisin waan irra gahan mana murtichaatiif gabaasa dhiyeessuu qabu.
3. Jaarsoliin araaraa dhimmicha walhiikinsaan asitti waliigalchuudhaan furmaata argamsisuuf carraaquurra darbanii ajajaas ta'ee murtii kamiyyuu abbaawarraa fi haadhawarraa ilaallatu kennuudhaaf aangoo hin qabaatanu.

Keewwata 109

(4)Gabaasni Dhiyaachuu Dhabuu

1. Akkaataa seera kana keewwata 106 fi 108 araarsitoonni gabaasa yoo dhiyeessuu baatan, manni murticha galmicha ni cufa.
2. Galmechi cufamee ji'a tokko keessatti abbaanwarraa fi haatiwarraa yookiin isaan lamaan keessaa tokko dhimma isaanii araaraan akka hin fixatinii fi sababa gabaasichi yeroodhaan itti hin dhiyaatiin ibsuudhaan dhimmi isaanii

akka socho'uuf yoo gaafatan, manni murtichaa gaaffiin isaanii fudhatamummaa kan qabu ta'ee yoo itti mul'ate galmicha banuudhaan akkaataa seeraatiin murtii ofii isaa ni kenna.

3. Bu'uura keewwata kanaa keewwata xiqqaa 1n murtiin galmicha cufuuf kennamu, abbaanwarraa fi haatiwarraa yookiin isaan keessaa tokko iyyata haara'a dhiyeeffachuudhaan dhimmi isaanii akka ilaalamuuf gaafachuu irraa kan isaan ittisuu hin ta'u.

Keewwata 110

Hiikkaa Fi Walhiikuun Maal Akka Hordofsiisu

Murteessu

1. Akkaataa tumaalee armaan oliitti ibsamaniitiin carraaqqii barbaachisaa ta'e hunda godhee yaaliin isaa bu'aa argamsisuu yoo baate, manni murtichaa gabaasni jaarsota araaraa erga isa dhaqabee yookiin akkuma haalichaatti yeroon deddeebisanii itti yaaduu walfutotaaf murtaa'e guyyaa xumuramee calqabee yeroo ji'a tokkoo keessatti murtii hiikkaa ni kenna.
2. Akkaataa kutaa kanaatiin fuudhaa-heerumni hiikkaan yoo diigamee manni murtichaa walhiikinsichi bu'aa hordofsiisurratti akka waliigalan abbaawarraa fi haadhawarraa ni gaafata.
3. Abbaanwarraa fi haatiwarraa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (2)tti waliigaluu yoo baatan yookiin waliigaluudhaaf yaalanii waliigalteerra gahuu yoo dadhaban, manni murtichaa ofii isaatiin yookiin jaarsoleedhaan yookiin ogeesota manni murtichaa muuduun yookiin toftaa mijaa'aa fakkaatee isatti mul'atu kamiiniyyuu fayyadamee bu'aa walhiikinsaa ni murteessa.

4. Manni Murtichaa bu'aa wal hiikinsi hordofsiisu yemmuu murteessu walfuutota keessaa balleessaa kan tokkoo kan ta'e sababni cimaan jiraachuu isaa tilmaama keessa galchuun taha.
5. Bu'aan walhiikinsaa waliigalteedhaan yoo dhumee yookiin jaarsoliidhaan yookiin ogeessotaan yeroo murtaa'u, murtichi raawwatama kan argatu mana murtiitiif dhiyaatee fudhatama yoo argate qofaa dha.
6. Manni murtii dursee hiikkaa murteessuudhaan bu'aa isaa ilaalchisee murtii kennuu akkuma dhimmichaatti walhiikkaan booda yeroo ji'a jaha hin caalleef tursuu ni danda'a.

Keewwata 111

Waa'ee Beenya

1. Abbaawarraa fi haadhawarraa keessaa tokkoo isaanitiin gochi raawwatamee fi hiikkaadhaaf sababa ta'e isa biraarratti miidhaa hordofsiisee yoo argame manni murtichaa garee miidhaan irra gayeef inni miidhe beenyaa miidhaa qaqqabeen wal madaalu akka kaffaluuf ni murteessa.
2. Manni Murtichaa akkaataa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin qabeenya waliinii irraa bifa beenyaatiin gahee garee isa tokkoo irra caalaa isaa yookiin guutuu isaa garee miidhaan irra gaheef kennuu ni danda'a.
3. Walhiikinsi kan murtaa'e baleessaa garee lameeniitiin yoo hin ta'in adabbiiwwan armaan olitti ilaalaman hundumtuu isaanirratti hin raawwatamanu.

KUTAA 4

QABEENYA ABBAAWARRAA FI HAADHAWARRAA QULQULLEESSUU

Keewwata 112

Qabeenya Abbaawarraa fi Haadhawarraa Waliigalteedhaan Qulqulleessuu

1. Seera kanaan waa'ee kaffaltii beenyaa ilaalchisee kan tumaman akkuma eegamanitti ta'ee, fudhaa-heerumni akaataa tumaalee seera kanaatiin yoo diigame, abbaanwarraa fi haatiwarraa diigamni fuudhaa-heeruma isaanii gama qabeenyaaatiin bu'aa hordofsisu ilaalchisanii waliigaltee godhaniin yookiin bu'uura waliigaltee fuudhaa-heeruma isaaniitiin ni qulqullaa'a.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n kan ilaalame waliigalteen fuudhaa-heerumaa yookiin kan biraa kan hin jirre yookiin seera duratti fudhatama kan hin qabne ta'ee yoo argame, qabeenya abbaawarraa fi haadhawarraa akaataa tumaalee armaan gaditiin qulqullaa'a.

Keewwata 113

Qabeenya Dhuunfaa Deebisanii Fudhachuu

1. Abbaanwarraa yookiin haatiwarraa kan dhuunfaa isaa ta'uu hubachiisuudhaan qabeenya dhuunfaa isaa ta'e deebisanii fudhachuuf mirga qabu.
2. Abbaawarraa fi haadhawarraa keessaa tokko, qabeenya dhuunfaa isaa/ishee kan ta'e, nama birootiif kan darbe ta'uu isaa fi bittaaf gurgurtaaadhuma kanaan maallaqni argames qabeenya waliiniitti kan makame ta'uu isaa yoo ibse, qabeenya yookiin maallaqa qabeenya kana wajjin walmadaalu qabeenya waliinii irraa dursee fudhachuudhaaf mirga qaba.
3. Abbaanwarraa fi haatiwarraa qabeenya dhuunfaa isaanii haalli itti fudhatan yoo jiraate, lammaanuu dhuma irratti

hanga qabeenya argamee irraa akkuma buusii isaanitti hanga isaan gahuu danda'u fudhachuudhaaf mirga qabu.

Keewwata 114

Waa'ee Beenya

1. Bu'uura seera kanaatiin qabeenya waliinii yookiin qabeenya walfuutotaa keessaa kan garee tokkoo kophaa isaa akka bulchu kan aangoon kennameef, sababa gochoota aangoo kennameefin ala raawwateen yookiin bulchiinsa gadhee ta'erraa kan ka'een yookiin mirga beenyaa gaafataa gocha gowwoomsuutiin yoo miidhe, manni murtichaa ennaa gaaffiin midhamaadhaan dhiyaateef beenyaa barbaachisaan akka kaffalamuuf ajajuu ni danda'a.
2. Gaaffiin beenyaa akkaataa Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)tiin dhiyaatu gochi raawwatame jedhame fuudhaa-heerumichi osoo hin diigamin waggaa Sadiin dura yoo taa'e fudhatama hin qabu.

Keewwata 115

Seeraan Ala Badhaadhuu

Abbaanwarraa fi haatiwarraa waliigaltee yoo godhan malee, isaan keessaa tokko, qabeenya dhuunfaa isa kaanii yookiin qabeenya waliinii qabeenya dhuunfaa isaarraa seeraan ala badhaadhuu isaa yoo hubachiise, manni murtichaa beenyaan gahaan akka kaffalamuuf ajajuu ni danda'a.

Keewwata 116

Mirga Idaa(Deeynii) Gaafattootaa Eegsisuu

Abbaawarraa fi haadhawarraa keessaa tokko yookiin lamaanuu bakkuma tokkotti idaan murtii waliitiin isaanirratti mirkanaa'e yookiin kan lamaanuu amanan jiraachuun isaa yoo

beekame, idaan kun qabeenya abbaawarraa fi haadhawarraa osoo addaan hin hiramneen dura irraa hir'ifamee kan kaffalamu ta'a.

Keewwata 117

Qabeenya Walinii Addaan Hiruu

Kan armaan olitti ibsamaniin fi qabeenya abbawarraa fi haadhawarraa waliigalteedhaan addaan hiruu ilaalchisanii tumaman akkuma eegamanitti ta'anii qabeenya walii abbaawarraa fi haadhawarraa lamaanifuu qixxumatti kan addaan hiramuu ta'a.

Keewwata 118

Qabeenya Abbaawarraa fi Haadhawarraa kan Gosaan (bifaan) Hiramuu Ta'uu Isaa.

1. Akka bu'uuraati, walfuutoonni tokko-tokkoon isaanii qabeenya waliinii irraa qabeenya murtaa'e akka isaan gahu gochuudhaan qabeenya waliinii gosaan akka hiramuu godhama.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n akka ibsametti qixxeetti hiruudhaaf kan hin danda'amne ta'ee yoo argame, garaagarummaan isaa qarshiidhaan akka waldandeessisamu ni taasisama.
3. Yeroo qabeenya hiramuu, walfuutoonni tokko tokkoon isaani qabeenya caalmaatti isaan fayyadu akka argatan taasisuudhaaf yaaliin godhamuu qaba.

Keewwata 119

Qabeenya Addaan Hiruudhaaf Rakkisaa Ta'an

1. Qabeenyichi hiruudhaaf mijaa'aa kan hin taane yookiin addaan hiruun kan hin danda'amne ta'e yoo argamee fi isaan lamaan keessaa tokkoof akka kennamu abbaawarraa fi haadhawarraa waltaasisuun kan hin danda'amne yoo tahe, qabeenyichi gurguramee maallaqa argame akka hiratan ni taasisama.

2. Haala gurgurtaa irratti abbaanwarraa fi haatiwarraa waliigaluu dhabuudhaan isaan keessaa tokko gaaffii yoo dhiyeesse gurgurtaan kan raawwatamu caalbaasiidhaan taha.

Keewwata 120

Fuudhaa-heerumni Erga Diigameen Booda Idaa

Abbaawarraa fi Haadhawarraa Irraa Gaafatamu.

1. Erga fuudhaa-heerumni diigamee fi qabeenya abbaawarraa fi haadhawarraa hirameen booda, idaan gaafatamu kan waliin kaffalamuu qabu ta'e yoo argame, waa'ee kaffaltii idichaa irratti isaan lamaanuu hanguma gahee isaaniitiin ni gaafatamu.
2. Idaan kan ilaaluu walfutoota keessaa isa tokko qofa yoo ta'ee, kaffaltiin idichaa gaafatamuu kan danda'amu garee abbaa idaa tahe sana qofaarraa taha.

KUTAA 5

ADEEMSA FALMIHWWANII FI AKKAATAA ITTI MURTEEFFAMAN

Keewwata 121

Seera Raawwatamummaa Qabu

Seera kanaan tumaaleen adeemsaa tuumaman akka eegamanitti ta'anii, dhimmoota seera kanaan ilaalamaniirratti falmiiwwan ka'aniif tumaaleen Seera Sirna Hariiroo Hawaasaa Itoophiyaa fi mootummaa Naannichaa raawwatamummaa ni qabaatu.

Keewwata 122

Qabeenya Abbaawarraa fi Haadhawarraa Qulqulleessuuf Kan

Tumaman Raawwatamaa Ta'uu Isaanii

1. Fuudhaa-heerumni kan diigame hiikkaan ta'uu yoo baatellee qabeenya abbaawarraa fi haadhawarraa qulqulleessuuf armaan olittii boqonnaa 7 Kutaa

Afraffaan (4)ffaan kan tumaman, akkuma barbachisuummaa isaaniitti raawwatamaa ni ta'u.

2. Keessumattuu fuudhaa-heerumichi kan diigame du'aan yoo ta'e, walfuutota keessaa nama lubbuun jiruu fi dhaaltota isa du'ee gidduutti qabeenya hirachuu ilaalchisee falmiin yoo ka'e, qabeenya abbaawarraa fi haadhawarraa qulqulleessuuf seera kana Kutaa Afraffaan(4)ffaan kan tumaman akkuma barbaachisuummaa isaaniitti raawwatamaa ni ta'u.

Keewwata 123

Haallan Fuudhaa-heerumaa Hir'achuu

Seera kana boqonnaa lamaa, keewwata 48 irraa hanga 55tti akkaataa ilaalameen haallan fuudhaa heerumaa hir'achuurraa kan ka'e hiikkaan fuudhaa-heerumaa kan murtaa'e yoo ta'e, manni murtichaa hiikkichi maal akka hordofsiisu haqummaa madaaluudhaan murteessa.

Keewwata 124

Haala Falmiin Abbaawarraa fi Haadhawarraa Itti

Ilaalamu

Manni murtii falmii abbaawarraa fi haadhawarraa yeroo ilaalu akkuma haala dhimmichaatti barbaachisaa ta'ee yoo mul'ate, abbaawarraa fi haadhawarraa bakka tokkotti yookiin adda-addatti yoo dubbisu yookiin dhiimmicha yoo qoratuu fi jechaa ragoollee yoo dhaga'u, dhaddacha cufaatti ilaala.

Keewwata 125

Akkaataa Kenniinsa Murtii

Manni murtichaa barbaachisaa fi kan malchiisu ta'ee yoo itti mul'ate, yeroo hiikka murteessu kabaja maqaa walfuutotaa yookiin kan maatii isaanii eeguudhaaf dhimmoota tokko tokkoon kaasee ilaaluurraa of qusatee hiikkicha

murteessuudhaaf sababootni dandeesisan jiraachuu isaanii qofa murticharratti teessisuu ni dand'a.

Keewwata 126

Waa'ee Ol-iiyyataa

Manni murtiichaa addaan baa'iinsa Murteessuu isaa qofa bu'uura godhachuudhaan ol-iiyyata gaafachuun hin danda'amu.

Keewwata 127

Eegumsaa fi Kunuunsaa Ijoollee Ilaalchisee Murtii Manni

Murtichaa Kennu

1. Manni murtichaa fudhaa-heerumni akka diigamu yoo murteessu Ijoolleen eenyu wajjin akka jiraachuu qaban, waa'ee barumsaa fi eegumsa fayyaa isaanii, waa'ee qallaba (nyaata) isaanii fi walumaa galatti waa'ee jireenya isaanii akkasumas warraa fi ijoolleen isaanii walgaafachuudhaaf mirga qaban wajjin murteessuu qaba.
2. Manni murtichaa akkaataa armaan oliltti kaa'ameen yeroo murtii kennu galii, umurii, fayyaa fi haala jireenya warra isaanii akkasumas umurii, haala faayidaa fi fedhiin ijoollee itti eegamuu danda'u yaada keessa galchuu qaba.
3. Kan Keewwata kana Keewwata xiqqaa(2)n tumame akkuma eegametti ta'ee murtee faallaa kan kennisiisu sababni mirkanaa'aan garee biraatiin hanga hin dhiyaannetti daa'iman waggaa 5 gadii haadha isaanii wajjiin akka turan taasisama.
4. Bu'uura keewwata kanaatiin waa'ee eegumsaa fi kunuusa ijoollee murtiin manni murtichaa kennu jijjiirama haalaa sababa gochuun gaaffii dhiyaatuun fooyya'uu yookiin jijjiiramuu ni danda'a.

BOQONNAA 8

Fuudhaa-heerumni Osoo Hin Raawwatamin Akka abbaawarraa fi haadhawarraatti Waliin Jiraachuu

Keewwata 128

(1) Hiika

Fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatamin akka abbaawarraa fi haadhawarratti wajjin jiraachuu jechuun dhiirri tokko fi dubartiin tokko akkaataa seeraan ragga'uutti fuudhaa-heerumaa osoo hin raawwatin bifa warra bultii qabuutiin kan jiraatan yoo ta'e dha.

Keewwata 129

(2) Ibsa

1. Fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti waliin jiraatan jechuudhaaf dhirri fi dubartiin tokko haalli isaan agarsiisan akka fakkii warra seeraan walfuudhanii tahuun barbaachisaa fi gahaa dha.
2. Qaama sadaffaadhaaf akka warra walfuudhanii tahanan dhiyaachuun barbaachisaa miti.
3. Dhirrii tokkoo fi dubartiin tokko haala beekamaa fi irra deddeebi'ameen walqunnamtii foonii raawwachuun isaanii gofti, isaan lamaan gidduu fuudhaa-heerumni osoo hin raawwatamin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti walqunnamtii qabu jechuudhaaf sababa quubsaa miti.

Keewwata 130

Firooma Fuudhaa-heerumaa Kan Hin Uumne Ta'uu Isaa.

1. Fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatiin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti waliin jiraachuun, firoota foonii gara dhiiraa fi dubartii jidduutti, akkasumas

firoota foonii gara dubartii fi dhiira gidduutti, firooma fuudhaa-heerumaa kamiyyuu uumuu hin danda'u.

2. Haa ta'u malee, yeroo firoomni fuudhaa-heerumaa jiru tumaaleen fuudhaa-heeruma dhoorkan fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka abbaawarraa fi haadhawarraa wajjin jiraachuu irrattis kan raawatamu ta'u.

Keewwata 131

Baasiilee Jireenya Waliitiif Oolan Haguuguu

Fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti namoonni wajjin jiraatan baasii waliin jireenya isaanii haguuguudhaaf tokko-tokkoon isaanii akka humnaa fi dandeettii isaanitti gumaacha gochuutu isaanirra jira.

Keewwata 132

Waa'ee Oabeenya Waliinii

1. Bulchiinsa qabeenya isaanii ilaalchisee waliigalteen godhan akkuma eegametti ta'ee fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti namoonni wajjin jiraatan yeroo waggaa sadi hin hanqanneef yoo wajjin jiraatan, yeroo waliin jireenya isaanii keessatti qabeenya horatan qabeenya walii isaanii ta'a.
2. Ragaan faallaa ta'e yoo dhiyaate malee, yeroo wajjin jiran qabeenya qaban kanuma waliin jireenya kana keessatti horataman ta'aniiti lakkaawwamu.
3. Fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti dhirri fi dubartiin wajjin jiraatan idaawwan itti seenan, yeroo wajjin jiraatan jireenya waliitiif yookiin fedhii bu'uura ijoollee waliin jireenyarraa dhalatanii guutuuf idaawwaan ittiseenaman yoo ta'an, kaffaltii idaawwan kanaatiif lamaanuu bakka tokkottii fi adda adduummaadhaan itti gaafatamaa ta'u.

Keewwata 133

Bu'aa Oabeenya Waliinii Hordofsiisu

Seera kana keewwata 132 keewwata xiqqaa (1)n akkaataa ibsameen yeroo qabeenya waliinii uumamu, waa'ee bulchiinsa qabeenyichaa, kaffaltii idaa garee sadaffaa fi waa'ee adeemsa qulqulleessu qabeenyaa, seera kanaan waa'ee qabeenya waliinii fuudhaa-heeruma keessatti uumamanii fi adeemsa qulqullessuu isaa ilaalchisee tumaaleewwan himaman raawwatamummaa ni qabaatu. (Keewwata 112-120)

Keewwata 134

Waa'ee Dhalachuu Ijoollee

Fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka abbaawarraa fi haadhawarratti dhiirri fi dubartiin tokko yeroo wajjin jiraatan ijoolleen dhalatan, ilmummaan isaanii kan mirkanaa'uu seera kanaan waa'ee dhalachuu boqonnaa jedhuu keessatti buu'ura tuumameen ta'aa

Keewwata 135

Addaan Cituu Quunnamtii

1. Fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka abbaawarraa fi haadhawarraattii kan wajjin jiraatan dhiirri fi dubartin tokko, yeroo kamiyyuu qunnamtiin isaanii addaan akka citu taasisuu ni danda'u.
2. Seera kana keewwata 132tiin waa'ee qabeenya waliinii kan himame akkuma eegametti ta'ee, walqunnamtichi akka addaan citu qaamni godhe balleessaa yoo raawwate malee beenyaa akka kaffalu hin dirqamu.

Keewwata 136

Ragaa Walqunnamtichaa

1. Fuudhaa-heerumni osoo hin raawwatamin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti wajjin jiraachuu haallii qunnamtichaa jiraachuu isaa mirkanessuudhaan ibsuun ni danda'ama.

2. Dhiirri tokkoofi dubartiin tokko fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti wajjin jiru kan jedhamu seeraan kan walfuudhan ta'uubaatanillee haala namoota walfuudhanii kan agarsiisaniifi firoonni isaanii fi hawwaasni akka namota walfuudhaniiti kan jiraataniidha jedhanii yoo isaan tilmaamanii dha.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (2)n ibsame jiraachuu isaa gareen tokko hubachiisuu yoo danda'e, manni murtii akka abbaawarraa fi haadhawarraatti kan walwajjin jiraataniidha jechuun tilmaama seeraa ni fudhata.
4. Tilmaama seeraa armaan olitti ibsame ragaa amansiisaa gosa kamiyyuu dhiyeessu dhaan walqunnamtichi kan hin jirre ta'uu isaa amansiisuudhaan diiguun ni danda'ama.

Keewwata 137

Adeemsa falmiiwwanii fi Akkaataa Murtiin Itti Kennamu

(1)Waa'ee Oaama Aangoo Qabuu

Dhiira tokkoo fi dubartii tokko giddutti fuudhaa-heerumni otoo hin raawwatin qunnamtiin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti waliin jiraachuu irratti falmiin yoo ka'e dhimmicha ilaalee murteessuuf aangoo kan qabu mana murtii qofaa dha.

Keewwata 138

(2)Waa'ee Seera Raawwatamummaa Qabaatuu

Seera kana Keewwata 121 irraa hanga (127)tti waa'ee adeemsa falmiiwwanii fi akkaataa itti murtaa'an ilaalchisee kan fuudhaa-heerumaaf tumaman akkuma haala isaatti fuudhaa-heeruma otoo hin raawwatin falmiiwwan qunnamtii akka abbaawarraa fi haadhawarraatti waliin jiraachuu keessatti ka'aniifis kan raawwatamummaa qabaatan ta'u.

Keewwata 139

Fuudhaa-heerumni Osoo Hin Raawwatamin Walqunnamtiiwwan Godhaman Kanneen Biroo

1. Sirna fuudhaa-heerumaa yookiin fuudhaa-heerumni osoo hin raawwatamin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti wajjin jiraachuun ala dhiiraa fi dubartii tokko gidduutti qunnamtiiwwan godhaman kan biroo seera biratti bu'aa humaatuu hin qabaatan.
2. Seera kana keessatti waa'ee ilma guddifachaa yookiin waa'ee ilmmummaa ofittii fudhachuu ilaalchisee tumaaleen murtaa'an akkuma eegamanitti ta'anii walqunnamtii akkanaarraa ijoolleen dhalatan haadha isaanii wajjin malee nama biroo wajjin walqunnamtti seera qabeessa gosa kamiyyuu hin qabaatan.

BOQONNAA 9

WAA'EE DHALACHUU

Kutaa 1

Waa'ee Abbummaafi Haadhummaa Beekuu

Kutaa Xiqqaa 1 Tumaalee Waliigalaa

Keewwata 140

Tumaaleen Seerichaa Dirqisiisaa Ta'uu Isaanii

Seerichi ifaan kan eeyyamu yoo ta'e malee, waa'ee abbummaafi haadhummaa beekuu kan ilaalan tumaaleen seera kanaa waliigalteedhaan jijjiiramuu hin danda'anuu.

Keewwata 141

Waa'ee Haadhummaa

Dubartiin haadha jedhamte, mucicha waan deessee qofaaf haadhummaan ishee ni beekama.

Keewwata 142

Waa'ee Abbummaa

1. Mucaan yeroo ulfaa'amu yookiin dhalatu haadhaafi dhiira tokko gidduu walqunnamtiin seeraan beekame

jiraachuun isaa mirkanaa'uu isaatiin abbummaan ni beekama.

2. Abbaan mucichi ilma kooti jedhee ofitti fudhachuudhanis abbummaan bekkamuu ni danda'a.
3. Murtii mana murtiitiin kennamuunis abbummaan akka bekkamu gochuun ni danda'ama.

Kutaa Xiqqaa 2

Abbuummaan Tilmaama Seeraatiin Kan Beekamu Ta'uu Isaa

Keewwata 143

Waa'ee Dhirsi Abbaadha Jedhamee Tilmaamamuu Isaa

Fuudhaa-heeruma keessatti mucaa ulfaa'amee dhalateef abbaadha kan jedhamu, dhirsuma haadhaati.

Keewwata 144

Waliigalummaa Tilmaamichaa

1. Walqunnamtiin haati mucaa ishee wajjin qabdu tooftaa kamiiniyyuu kan mirkanaaye yoo ta'ellee keewwata (143)n kan tumame raawwatamummaa ni qabaata.
2. Waraqaa ragaa dhaloota mucaa irratti dhirsi abbaa akka hin taane yookiin abbaan mucaa nama biroo ta'uu isaa kan agarsiisuu yoo taa'ellee tumaan kun raawwatamummaa ni qabaata.
3. Haalli armaan olii yeroo qunnamu waraqaan ragaa dhalootaa akka sirraa'u ni godhama.

Keewwata 145

Yeroo Ulfi IttiTuru

1. Fuudhaa-heerumni raawwatamee guyyaa 180n booda yookiin fuudhaa-heerumni diigamee guyyaa 300 keessatti yoo dhalate mucichi fuudhaa-heeruma keessatti akka ulfaa'ametti lakkaa'ama.
2. Ragaan kanaan walfaallessu fudhatama hin qabaatu.

Keewwata 146

Baduu Dhirsichaa

Tilmaamonni seeraa seera kanaan waa'ee abbummaa tumaman, namni seeraan abbaadha jedhame baduun isaa murtii ittiin himamerratti guyyaa dhumaa oduun jiraachuu isaa itti dhagahame jedhame irraa kaasee guyyaa 300n booda mucaa dhalateef, raawwatamumaa hin qabaatu.

Keewwata 147

Fuudhaa-heeruma Oosoo Hin Raawwatin Akka abbaawarraa fi haadhawarraatti Wajjin Jiraachuu

1. Fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti yeroo wajjin jiraatan mucaa ulfaa'ameef yookiin mucaa dhalateef abbaan, namuma qunnamtii kanaan haadha wajjin jiraatuudha.
2. Seera kanaan keewwata 144 fi 145 irratti waa'ee waliigalummaa tilmaamichaa fi yeroo ulfichi itti turuu tumaaleen ibsaman, tilmaama seeraa keewwata kanaatiifis raawwatamummaa ni qabaatu.

Kutaa Xiqqaa 3

Waa'ee Ilmummaa Ofitti Fudhachuu

Keewwata 148

(1) Bu'uurasaa

Bu'uura tumaalee armaan olitti ilaalamaniitiin abbaan mucaa bekkamuu yoo baate, abbichi mucaa kooti jedhee ofitti fudhachuu isaatiin beekamuu ni danda'a.

Keewwata 149

(2) Hiika

Namni tokko daa'ima ulfaa'ame yookiin dhalate tokko ilma isaa ta'uu isaa amanee ofitti fudhachuudhaan jecha isaa yoo kenne, abbaa mucichaa ta'uu isaa ofitti fudhateera jedhama.

Keewwata 150

(3)Sirna

Namni tokko itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa biratti dhiyaachuudhaan abbaa ta'uu isaa jecha kennuun yookiin dhaamoo barreeffamaan gochuun yookiin sanada abbaa taayitaa aangoon kennameef biroo kamiiniyyuu mirkanaa'een abbaa ta'uu isaa ibsuudhaan ilmummaa fudhachuu ni danda'a.

Keewwata 151

Bakka bu'ummaa

1. Umuriin isaa kan gaa'ela hin gayin otoo ta'ellee, mucaa kooti jedhee jecha kennu kan danda'u abbaa qofaa dha.
2. Namni biroo jecha isaa akka kennuuf gochuu kan danda'u aangoo bakka bu'ummaa addaa mana murtiitiin ragga'e kennudhaan qofa ta'a.
3. Namni murtiin dhorkame jecha mataa isaatiin yookiin manni murtii yoo eeyyamu maqaa isaatiin karaa bakka bu'aa isaa seera qabeessa ta'een kennuu ni danda'a.

Keewwata 152

Du'uu Abbaa

Abbaan mucaa kan du'e yookiin hayyama isaa kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e, warra abbaa mucaa keessaa tokko maqaa isaatiin mucicha fudhachuu ni danda'u.

Keewwata 153

Haatii Abbummaa Fudhataa Aamanuu Ddhabuu Ishee

1. Haati, abbummaan fudhataa dhugumaa kan qabu ta'uu isaa yoo amante malee jechi abbaan mucaa kooti jedhee kennu seera duratti fudhatama hin qabu.
2. Haati mucaa yoo dute yookiin eeyyama ishee kennuu kan hin dandeenye taatee yoo argamte, jechi amantichaa warra haadha mucaa keessaa tokkon kennamuu ni danda'a.

3. Yeroo warri haadha mucaa hin jirre, warra ishee ol-lakkaa'aman kan biroottiin yookiin bulchaa nama murtiidhaan dhorkameetiin kennamuu ni danda'a.

Keewwata 154

Gaa'ilaa Ga'uu Mucichaa

Mucummaa fuudhachuun kan raawwatame umrii gaa'elaa seeraan murtaa'e erga gaheen booda yoo ta'e, abbaan mucicha akka ilmaatti fudhachuun isaa firii kan argatuu mucaan abbaa ta'uu isaa yoo ofitti fudhatee dha.

Keewwata 155

Haala Amantaadhaan Fudhachuu

Seera kana keewwata 152 fi (153)n namoonni ibsaman guyyaa gochi ofitti fuudhachuu raawwatamuu isaa beekan irraa kaasee yeroo ji'a tokkoo keessatti falmii yoo kaasuu baatan amananii akka fudhatanitti ni lakkaa'ama.

Keewwata 156

Du'uu Mucichaa

Mucichi dhaloota gadi lakkaa'aman dhiisee yoo du'ee malee, ilma ta'uu isaa beekuudhaan fudhachuun hin danda'amu.

Keewwata 157

Waa'ee Jecha Diiguu

1. Abbaan mucaa kooti jechuudhaan jecha kenne diiguu hin danda'u.
2. Bulchaan isaa dursee waligaltee isaa yoo kenne malee, namni umuriin isaa gaa'ilaaf utuu hin ga'in ilmummaa ofitti fudhate, utuu umuriin isaa gaa'ilaaf hin gayin duraa fi boodas hanga waggaa tokkotti jecha isaa duraan kenne diiguu ni danda'a.
3. Ilma kooti jedhee jecha kenne sana diiguudhaaf kan mirga qabu mucaa umuriin isaa gaa'ilaaf hin geenye qofaa dha. Seeraan bakka bu'oonis ta'anii dhaaltonni mucichaa mirga kanaan fayyadamuu hin danda'anu.

Keewwata 158**Waa'ee diiguu**

1. Jechi il mummaa fuudhachuudhaaf kenname humnaan ta'uu isaa hubachiisuudhaan diiguun ni danda'ama.
2. Mucaa kootii jedhee namicha ofitti fuudhateen ulfaa' amuu kan hin dandeenye ta'uu isaa haala hin shakkisiifneen yoo mirkanaa'e malee, il mummaa ofitti fudhachuun dogoggoraan yookiin gowwomsuudhaan kan raawwatameedha jechuudhaan diiguun hin danda'amu.

Keewwata 159**Mucaa Tokko Abbootiin Hedduun Ofitti Fudhachuu Kan Hin Dandeenye Taa'uu Isaanii**

Il mummaa ofitti fudhachuudhaaf jechi dursee kenname akka diigamu yoo godhame malee, namni biroo ilmoo kooti jedhee jechi kennu fudhatamummaa hin qabaatu.

KUTAA XIQAA 4**Murtii Mana Murtiitiin Abbummaan Akka Beekamu Gochuu****Keewwata 160****(1) Abbummaa Murtiidhaan himamu**

Bu'uura tumaaleewwan armaan olitti ibsamaniitiin abbaan mucaa yoo beekamuu baate yookiin yoo kan waakkatame ta'ee fi haalawwan armaan gaditti ibsaman yoo guuttaman abbummaan murtiidhaan beekamuu ni danda'a:

- a) Yeroo mucaan ulfaa' amu haadha irratti gochi dirqisiisanii gudeeduu yookiin dalagni butii yoo raawwatame;
- b) Gocha gidiiraa haata'u jeedhamee raawwatameen, aangooti gar malee fayyadamuudhaan, sinfuudha jechuudhaan jecha abdii kennuudhaan yookiin karaa walfakkaataa birootiin yeroo mucaan ulfaa'ame haadha irratti gochi dogoggorsuu yoo raawwatame.

- c) Nama abbaadha jedhameen kan barrefamanii fi xalayootni yookiin barreeffamoonni biroo haala hin shakkisisneen abbummaa mirkaneessan yoo jiraatan;
- d) Walqunnamtii seeraan beekame osoo hin qabaatin haatiifi namichi abbaa mucaati jedhame yeroo ulfaa seeraan kaa'ame keessatti haala walirraa hin cinneen walqunnamtii saalaatiin kan wajjin jiraatan yoo ta'e;
- e) Namni abbaadha jedhame kunuunsuu yookiin guddisuu yookiin barsiisuu mucichaa irratti akka abbaatti kan hirmaate yoo taheedha.

Keewwata 161**(2) Himata Abbummaa Murtiidhaan Mirkaneessudhaaf****Dhiyaatu**

Haala armaan olitti ilaalameen himatni abbummaan murtiidhaan akka himamu dhiyaatu haallan armaan gaditti ibsaman yoo jiraatan fudhatamummaa hin qabaatu:

- a) Namni biroo abbaa mucichaa ta'uu baachuu isaa qorannaa dhiigaatiin yookiin tooftaa yaalaa amansiisaa birootiin yoo mirkanaa'e malee yeroo ulfaa seeraan murtaa'e keessatti haati nama biroo wajjin walqunnamtii saalaa raawwachuun ishee yoo mirkanaa'e;
- b) Namni abbaadha jedhamee yeroo ulfaa seeraan murtaa'e keessatti baduu isaatiin yookiin sababa balaatiin abbaa ta'uu kan hin dandeenye ta'uu isaa yoo mirkaneesse;
- c) Namni abbaadha jedhame qorannaa dhiigaatiin yookiin tooftaa yaalaa amansiisaa ta'e kan birootiin abbaa mucichaa ta'uu kan hin dandeenye ta'uu isaa yoo mirkaneesse.

Keewwata 162**Haalli Biroo Kan Hin Jirre Ta'uu Isaa**

Seera kana keewwata 160n haalawwan ibsamaniin ala murtee mana murtiitiin abbummaa beekuun hin danda'amu.

KUTAA 2**ABBUMMAA MURTEESSUURRATTI WALITTI BU'IINSA****SEERAA JIRAATU****Keewwata 163****Waa'ee Abbummaa murteessuu (1) Bu'ura**

Tumaaleewwan armaan olitti ilaalaman hojiirra oolchuudhaan mucaan tokko abbootii tokkoo ol ni qabaa yoo jedhame, abbummaan mucichaa namoota seeraan kennamuuf gidduutti waliigaltee godhamuun murtaa'uu ni danda'a.

Keewwata 164**(2) Sirna**

1. Waliigaltee murtii abbummaa kennisiisu ragoonni sadii mirkaneessuu fi manni murtii raggaasisuu qaba.
2. Rakinni humnaa ol ta'e yoo muudate malee, jecha haadha mucichaa dhagayuun barbaachisaa dha.

Keewwata 165**Tilmaama Seeraa**

Waa'ee abbummaa ilaalchisee falmii godhamuun waliigalteen yoo argamuu baateefi barbaachisaa ta'ee yoo argame, tilmaama seeraa lamaan kanatti aanan hordofuudhaan ni raawwatama.

- a) Nama fuudhaa-heeruma osoo hin raawwatin akka dhirsatti wajjin jiraatan irra, dhirsaa seeraan fuudhetu filatama.
- b) Yeroo mucichi ulfaa'amu nama dhirsaa ture yookiin kan dubartii sana wajjin jiraachaa ture irra yoo mucicha deessu dhirsaa haati qabduun yookiin namnicha wajjin jiraattuun abbaa mucaati jechuutu barbaachisa.

Keewwata 166**(1) Abbummaa Waliigalteedhaan Dabarsuu**

1. Mucaan kan dhalate erga fuudhaa-heerumni raawwatameen yookiin fuudhaa-heerumni osoo hin

raawwatamin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti wajjin jiraachuun erga calqabamerraa kaasee guyyoota 210 keessatti yoo ta'e, dhirsii yookiin dubartittii wajjin akka dhirsatti namni wajjin jiraatu abbaan mucichaa ana nama jedhu kan birootiif waliigalteedhaan abbummaa dabarsuufii ni danda'a.

2. Akkasumas, mucichi diigama fuudhaa-heerumichaa yookiin akka abbaawarraa fi haadhawarraatti wajjin jiraachuun erga addaan citeen booda guyyoota 210 dabarsee yoo dhalatee, dhirsii yookiin akka dhirsatti namni wajjin jiraate mirgoota armaan olitti himaman ni qabaata.

Keewwata 167**(2) Sirna**

1. Gochi waliigalteen abbummaa dabarsuu ragoora sadiin mirkanaa'uu fi manni murtiis raggaasuu qabaa.
2. Rakinni humnaa ol ta'e yoo mudate malee, jechi haadha mucichaa dhaga'amu qaba.

Keewwata 168**Waa'ee Bakka Bu'ummaa**

1. Waliigalteewwan kutaa kana keessatti ilaalaman kana abbootiin dhimmaa umuriin isaanii gaa'ilaaf gahaa ta'ee fi kan murtiidhaan hin dhorkamne ofumaaf fixachuu qabu.
2. Waliigalticha namni biroo akka raawwatuuf gochuun kan danda'amu, aangoo bakka bu'umaa addaa mana murtiitiin ragga'ee kennuu qofaan ta'a.

Keewwata 169**Waa'ee Jeecha Jijjiiru**

Gochi waliigalteedhaan abbummaa murteessuu yookiin dabarsuu jijjiiramu hin danda'u.

Keewwata 170**Waa'ee Diiguu**

1. Ilmummaa fudhachuudhaaf waliigalteen seename gocha humnaatiin kan kenname ta'uu isaa ibsuudhaan diigamuu ni danda'a.
2. Mucaa kooti jedhee nama fudhaterraa ulfaa'amuun kan hin danda'amne ta'uu isaa haala hin shakkisiisneen yoo mirkanaa'e malee waligalteen mucummaa ofitti fudhachuu dogongoraan ykn goowwomsudhaan kan raawwatameedha jeechuudhaan diigamuu hin danda'u.

KUTAA 3**WAA'EE RAGAA MUCUMMAA****Keewwata 171****Waraqaa Ragaa Dhalootaa**

Kara abbuummaa yookiin haadhummaatiin mucummaan nama tokkoo waraqaa ragaa dhalootaa ilma ebeluuti jedhu dhiyeessuudhaan mirkanaa'a.

Keewwata 172**Ragaa Yeroo Waraqaan Ragaa Dhalootaa Hin Jirree****Dhiyaatu**

Waraqaan ragaa dhalootaa yoo jiraachuu baates mucummaan jiraachuu haala mucummaatiin ni mirkanaa'a.

Keewwata 173**Jiraachuu Haala Ilmummaa****(1) Hiika**

Namni tokko haala mucummaa ni qaba kan jedhamu hawaasa keessatti mucaa isaa yookiin isheeti jedhamee kan tilmaamamu yoo ta'ee dha.

Keewwata 174**Mucummaa Haalaan Ibsuu**

1. Bu'ura keewwata armaan oliitiin haalli mucummaa jiraachuu isaa ibsuun yoo danda'ame, manni murtichaa mucaa isaati jechuudhaan tilmaama seeraa ni fudhata.
2. Tilmaama seeraa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n ilaalame mucichi namicha abbaadha jedhameef ilma ta'uu akka hin dandeenye hubachiisuudhaan diiguun ni danda'ama.

Keewwata 175**Himata Dhalatummaa Ibsuudhaaf Dhiyaatu**

1. Haalli mucummaa yoo jiraachuu baate dhalatummaa ragootaan yookiin ragaa gosa kamiyyuu dhiyeessuudhaan ibsuun ni danda'ama.
2. Himatni dhalatummaa mirkaneessuuf dhiyaatu mana murtiitiin yoo eeyyamame malee dhiyaachuu hin danda'u.
3. Himata dhalatummaa mirkaneessuuf dhiyaatuuf eeyyamni kan kennamu manni murtiichaa himatich akka ofitti fudhatu kan godhan haalan qabatamaa irraa kan maddan tilmaamotni yookiin mallattoowwan yoo jiraatan qofaa dha.

Keewwata 176**Himata Ofitti Fudhachuu Diisuu**

Namni dhalatummaa isaa mirkaneeffachuu barbaadu, waa'ee dhalachuu isaatiif waraqaa ragaa dhalootaa isaaf kennamee wajjin kan walsimu haala mucummaa kan qabu yoo ta'e, nama biroo irraa dhalachuu isaa mirkaneessuuf himata akka dhiyeessu hin hayyamamuuf.

Keewwata 177**Waa'ee Himataa**

1. Dhalatummaa mirkaneessuudhaaf himata dhiyeessuu kan danda'an mucicha yookiin bulchaa isaa yookiin dhaaltota isaati.

2. Akksumas abbaa mucichaati yookiin haadha mucaati namoonni ofiin jedhan himaticha dhiyeessuu ni danda'u.

Keewwata 178

Yeroo Himatni Itti Dhiyaatu

1. Mucichi lubbuun amma jiraatetti dhalatummaa isaa mirkaneessuuf himata ofumaaf dhiyeefachuu ni danda'a.
2. Maatiiwwan mucichaa yookiin bulchitoonni isaa yeroo mucichi umuriin isaa gaa'ilaaf hin ga'in yoo ta'e malee himata dhiyeessuu hin danda'anu.
3. Mucichi waggaa 20/digdamaa/ osoo hin guutin yoo du'e, inni du'ee waggaa tokko keessatti yoo ta'e malee dhaaltonni isaa himata dhiyeessuu hin danda'anu.

Keewwata 179

Waa'ee Himatamaa

1. Dhalatummaa mirkaneessuuf himata kan dhiieesite kan haadha ofiin jettu yoo taate, himatichi kan dhiyaatu mucicharratti ta'a.
2. Haataa'u malee, himatni kan dhiyaate nama birootiin yoo taa'e, himatichi kan dhiyaatu haadha nama jedhamte yookiin dhaaltoota ishee irratti ta'a.

KUTAA 4

WAA'EE FALMII DHALATTUMMAARRATTI KA'UU

FI HAALUU

Kutaa Xiqqaa 1

Falmii Dhalattummaa Irratti Ka'u

Keewwata 180

Bu'ura Isaa

Dhalattummaa gara haadhaatiin jiruu irratti yeroo kamiyyuu abbaa dhimmaa kamiiniyyuu falmiin godhamun ni danda'a.

Keewwata 181

Waa'ee Himata Ofitti Fudhachuu

1. Himatni dhalattummaa irratti falmii godhamu ilaalchisee dhiyaatu manni murtii yoo hayyame malee, dhiyaachuu hin danda'u.
2. Dhalattummaa irratti falmuudhaaf himata dhiyaatuuf hayyamni kan kennamu, manni murtichaa himaticha akka ofitti fudhatu kan taasisan tilmaamonni yookiin mallattoowwan gochawwan qabatamummaa qabanirraa maddan yoo jiraatan qofaa dha.

Keewwata 182

Waa'ee Himata ofitti Fudhachuu Dhiisuu

Mucichi waraqaa ragaa dhalootaa fi kanumaa wajjin kan walsimu haala mucummaa dhalattummaa isaa mirkaneessu yoo qabaate dhalattummaa isaa irratti falmuudhaaf hayyamni hin kannamu.

Keewwata 183

Waa'ee Himata

1. Himatni sababa dhalattummaatiin dhiyaatu nama dhalattummaa isaa irrattii falmiin itti ka'e yookiin dhaaltota isaa irratti dhiyaata.
2. Haadha mucichaa, barbaachisaa ta'e yoo argames abbaa mucichaa, falmiicha keessa akka seenan gochuun barbaachisaa dha.

Kutaa Xiqqaa 2

Waa'ee Haaluu

Keewwata 184

Bu'uura Isaa

Dhalachuu gama abbaatiin jiru mormuun kan danda'amu himata haaluu dhiyeessuudhaan qofa ta'a.

enye

a'ila hin

abaatin

a'aman

uu

wajjin

nmaa

alitti

hee

fi

te,

an

sa

fi

ta

a

Keewwata 185

Haadha Mucaa Wajjin Qunnamtiin Saalaa Jiraachuu

Dhabuu

(1) Bu'urasaa

Namni abbaa mucichaati jedhamee seeraan abbummaan kennamuuf, mucichi osoo hin dhalatin dura guyyoota 300 fi 180 gidduu yeroo jiru keessatti haadha mucichaa wajjin qunnamtii saalaa kan hin raawwanne ta'uu isaa haala hin shakkisiisneen yoo hubachiise, mucaan jedhame kan kootii miti jechuu ni danda'a.

Keewwata 186

(2) Tilmaama Seeraa

1. Ka'umsa gaaffii wal hiikinsaa isaan lamaan keessaa tokkon dhiyaateen yookiin sababa waliigaltee wal hiikuu isaan lamaan gidduutti godhameen abbaawarraa fi haadhawarraatiin dhugumaan addaan bahanii yeroo jiraatanitti, walqunnamtiin saalaa isaan gidduutti akka hin godhamnetti tilmaamama.
2. Ragaan kanaan faallaa ta'ee dhiyaatu sababoota kamiiniyyuu yoo ta'e ni dhaga'ama.

Keewwata 187

Abbaa Ta'uudhaaf Danda'uu Baachuu

(1) Bu'uura Isaa

Seeraan abbaa mucichaati namni jedhame abbaa mucaa kanaa ta'uu kan hin dandeenye ta'uu isaa haala hin shakkisiisneen hubachiisuudhaan haaluu ni danda'a.

Keewwata 188

(2) Waa'ee Himata Ofitti Fudhachuu Danda'uu

1. Bu'ura keewwata armaan oliltti ibsameetiin himatni haalii dhiyaatu, manni murtii hayyamu malee dhiyaachuu hindanda'u.

2. Hayyamnisi kan kennamu manni murtii himaticha akka ofitti fudhatu kan taasisu tilmaamni sammuu yookiin mallattoon cimaan ragaa quubsaa fi amansiisaa ta'erraa maddu yoo jiraate qofaa dha.

Keewwata 189

(3) Waa'ee Tilmaamota Sammuufi Mallattoolee Cima Ta'an

1. Tilmaamota sammuu fi mallattoolee cimaadha kan jedhaman abbummaa nama mucichi keeti jedhamee wajjin kan wal-hin simne ta'uu isaanii beekumsa saayinsiitiin addaan bahaanii kan mul'atan ragaalee qabatamaa ta'uu ni danda'u.
2. Akkasumas wantonni kun, haati mucichaa abbummaa namichaa irratti haala shakkii fiduun dhalachuu yookiin ulfaa'amu mucichaa namicha jalaa gocha dhoksuu irraa madduu ni danda'a.

Keewwata 190

(4) Waa'ee Sagaagalummaa Dhirsa Irratti Raawwatamu

Yookiin Waa'ee Amanuu Haadha Mucichaa

Haati mucaa dhirsa isheerratti hojii sagaagalummaa gotee yookiin mucaan ilma nama biroo ta'uusaa jecha dhugaa isheen kennituun qofa akka sababa ulfaataatti lakkaa'amu hin danda'u.

Keewwata 191

Waa'ee Himataa.

1. Mucaa kiyyaa miti jedhee himata haalii dhiyeessuu kan danda'u abbaan mucichaa siidha jedhamee nama tilmaamni seeraa kennamuuf qofaa dha.
2. Dhimma kanarratti, keessumatu haati, ani abbaa mucichaati kan ofiin jedhuu, abbaan alangaa yookiin mucumti ofii isaattin himata dhiyeessu hin danda'an.

Keewwata 192

Nama Murtiidhaan Dhorkame

1. Namni murtiidhaan dhorkame mana murtii hayyamsiisee himata haaluu dhiyeessuu ni danda'a.

2. Akkasumas bulchaan nama murtiidhaan dhorkamee hayyamuma mana murtii kana erga fudhatee booda maqaa nama murtiidhaan dhorkameetiin ta'ee himata haaluu dhiyeessuu ni danda'a.

Keewwata 193

Yeroo Himatnii Itti Dhiyaatu (1) Bu'urasaa

1. Mucaan kiyya miti kan jedhu himatni laalii dhalachuu mucichaa guyyaa beekke yookiin beekuu qabu irraa calqabee guyyoota 180 keessatti dhiyaachuu qaba.
2. Haadhuummaan kan murtaa'ee dhalatuummaa mirka neessudhaaf himata dhiyaateen yoo ta'e, himatni haaluu kan dhiyaatu, dhalatuummaa mirkaneess udhaaf himata dhiyaate kan murteessu guyyaa murtiin inni dhuma keennamerree calqabee guyyoota 180n jiran keessatti ta'a.

Keewwata 194

(2) Haala Addaa

1. Tilmaama Seeraatiin abbaan mucichaa siidha namni jedhamu yoo du'e yookiin himata haaluu dhiyeessudhaaf yeroo murtaa'e keessatti dandeettii isaa yoo dhabe, dhalattoota isaa keessaa tokko bakka isaa ta'ee himata haaluu dhiyeessuu ni danda'a.
2. Dhalattooni isaa yoo jiraachuu baatan abbaafi haati isaa, akkasumas yoo isaan jiraachuu baatan warroota isaa ol lakkaa'aman keessaa tokko mirgichatti hojjechuu ni danda'a.
3. Warrootni ol lakkaa'aman yoo jiraachuu baatan, dhaaltota biroo yookiin bakka bu'aa kamiyyuu osoo hin dabalatin, obboleewwan dhiiraa yookiin dubartootaa isaa keessaa tokko mirga jedhame kana ittiin hojjechuu ni danda'a.

Keewwata 195

Himata Ofitti Fudhachuu Dhiisuu

Bu'uura eeyyama dhirsii barreeffamaan kenneen mucaan toftaa hojii namaatiin kan ulfaa'ame ta'uun isaa yoo mirkanaa'e himata haaluu dhiyeessudhaaf gaaffiin dhiyaatu fudhatamummaa qabaachuu hin qabu.

Keewwata 196

Waa'ee Himatamtootaa

1. Himatni haaluu mucicharratti, yoo inni kan du'e ta'e immoo dhaaltota isaa irratti dhiyaata.
2. Haati mucichaa himata dhiyaatu keessatti akka seentu gochuun ni barbaachisa.
3. Mucichi umuriin isaa gaa'ilaaf kan hin gahin yoo ta'e gudistuun manni murtii dhimma kanaaf addummatti file bakka bu'aa ni taa'af.

BOQONNAA 10

WAA'EE GUDDIFATAA

Keewwata 197

Firooma Guddifataa (1) Bu'ura Isaa

Akkaataa sirna aadaa uummatichaatiin yookiin Waliigaltee nama tokko fi mucaa tokko gidduutti godhamuun firoomni guddifataa uumamuu ni danda'a.

Keewwata 198

(2) Bu'aa Isaa

Seera kana keewwata (199)n tumaaleen ibsaman akkuma eegamanitti ta'anii, ilmi guddifataa haala kaminiyyuu yoo ta'e akka ilma namicha guddifateetti lakkaa'ama.

Keewwata 199

(3) Haala addaa

1. Guddifachichaa ifatti kan morman warra ol lakkaa'aman yookiin firoota cinaatti lakkaa'aman ilaalchisee bu'aa hin qabaatu.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n mormiin ibsame, waliigaltichi mana murtiitiin ragga'uun isaa beekamee waggaa tokko keessatti galmee mana murtii irratti yoo galmaa'e malee hin ragga'u.

Keewwata 200

Qunnamtii Ilmi Guddisaa Maatii Isaa Duraanii Wajjin

Qabaatu

1. Ilmi guddisaa maatii isaa duraa wajjin walqunnamtiin firoomaa inni qabu akkuma egametti tura.
2. Abbaanwarraa /haadhawarraatii/ fi dhalattoonni ilma guddisaas maatii isaanii wajjin walqunnamtii firoomaa ni qabaatu.
3. Warra isaa durii fi warra guddisa isa fudhate jidduudhaa tokko akka fiilatu yeroo barbaachisaa ta'ee argametti maatii isa guddifateef dursi ni kennama.

Keewwata 201

Umurii Nama Guddifatuu

1. Namni umuriin isaa waggaa 25 hin hanqanne kamiyyuu guddifataa ta'uu ni danda'a.
2. Guddifattoonni abbaawarraa fi haadhawarraa yoo ta'an, isaan lamaan keessaa umriin isa tokkoo waggaa 25 kan guute yoo ta'e gahaa dha.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) fi (2) irratti kanibsame akkuma eeggametti ta'ee namni umuriin isaa waggaa 18 guute dantaa mucichaa haala gaariidhaan eeguuf ni danda'a jedhee manni murtii yoo itti amane guddifataa ta'uu ni danda'a.

Keewwata 202

Umurii Ilma Guddifataa

Umuriin isaa waggaa 18 gadi kan ta'ee fi bulchinsa guddiftuu jalaa bilisa kan hin bahin namni kamiyyuu ilma guddifataa ta'uu ni danda'a.

Keewwata 203

Waa'ee Guddifataa Nama Fuudhaa-heeruma Raawwatee

1. Abbaanwarraa fi haatiwarraa walumaan mucicha ilma guddifataa isaanii kan godhatan yoo ta'uu baate, guddifata raawwachuun hin danda'amu.
2. Ilmi guddifataan, mucaa abbaawarraa yookiin haadhawarraa guddifataa yoo ta'e, keewwata kana keewwata xiqqaa (1) irrattii kan tumame raawwatamummaa hin qabaatu.
3. Akkasumas abbaawarraa fi haadhawarraa keessaa tokkoo hayyama isaa keennu kan hin dandeenyee yoo ta'ee raawwatamummaa hin qabaatu.

Keewwata 204

Mucaa Ulfaa'ame Ilma Guddifataa Gochuu

1. Mucaa ulfaa'ame ilma guddifataa gochun ni danda'ama.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n kan ibsame yoo jiraateeyyuu mucichi dhalatee yeroo ji'a jahaa keessatti haati waligalticha feedhii isheetiin qofa diiguu ni dandeessi.

Keewwata 205

Waa'ee Ijoollee Guddifataa

1. Guddifataan ijoollee dhalfate qabaachuun isaa guddifata raawwachuu kan isa dhorku hin ta'u.
2. Kan keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n ilaalame yoo jiraateeyyuu, manni murtii akkaataa keewwata 211(1)tti guddifata raawwatame tokko ofitti fudhatee raggaasisuun dura guddisa fudhataan ijoollee dhalfatee qabaachuun isaa

guddina gaarii fi faayidaa ilma guddifatamee irratti dhiibbaa qabaachuu danda'u tilmaama keessa galchuu qaba.

Keewwata 206

Mucaan Tokko Guddifattoota Tokko Caalaa Qabaachuu Kan Hin Dandeenye Ta'uu Isaa

1. Abbaawarraa fi haadhawarraa yoo ta'an malee mucaan tokko namoota baay'eef ilma guddifataa ta'uu hin danda'u.
2. Guddifataan yoo du'e garuu guddifataa harawaa gochuun ni danda'aama.
3. Mucichi ilma guddifataa abbaawarraa fi haadhawarraa yoo ta'ee fi abbaawarraa fi haadhawarraa keessaa tokko yoo du'e, kan lubbuun jiru wajjin namni walfuudhu mucihaa ilma guddifataa isaa gochuu ni danda'a.

Keewwata 207

Gareewwan Waliigalticha Seenan

Waliigalteen guddifataa bulchaa mucaatii fi guddisaa fudhataa gidduutti ni seenama.

Keewwata 208

Eeyyama Maatii Mucaa Guddifamuu

1. Abbaa fi haati mucichaa kan lubbuun jiraniifi kan beekaman yoo ta'an mucichi ilma guddifataa akka ta'u hayyama isaanii akka kennan gochuun barbaachisaa dha.
2. Maatii isaa keessaa tokko kan du'e, kan badee fi kan hin beekamne yookiin eeyyama isaa kennuu kan hin dandeenye yoo ta'e, inni kuun hayyamuu ni danda'a.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n kan tumamee yoo jiraateyyuu, maatii mucichaa keessaa tokko eeyyama isaa kennuu kan hin barbaanne yoo ta'eefi umuriin mucaas waggaa

10 fi sanaa ol yoo ta'e manni murtii hayyama warra mucichaa keessaa kan isa tokkoo fi yaada mucichaa gaafachudhaan guddifata raggaasisuu ni danda'a.

4. Mucichi hayyaama kennuu kan danda'u warra ol-lakkaa'amu yoo qabaachuu baate, manni murtii guddifatichi faayidummaa mucichaaf qabu tilmaama keessa galchuudhaan guddifata raggaasisuu ni danda'a.

Keewwata 209

Waa'ee Dhaabbatoota Mootummaa yookiin kan dhuunfaa guddiftoota ijoollee maatii hin qabnee

1. Dhaabbatootni mootummaa yookiin dhuunfaa guddiftuu ijoollee maatii hin qabnee kan guddisaa jiran keessaa mucaa kamiyyuu waligalteedhaan guddifata kennuu ni danda'u.
2. Dhaabbattonni armaan olitti eeraman mucaa tokko waligalteedhaan kennuu isaanii dura nageenya daa'iimmanii hordofuudhaaf qaama mootummaa aangoon kennam eeffitti eenyummaa mucichaa, dhaabbatichi haala maalii tiin akka fudhateefi haala dhuunfummaa, hawaasummaa fi dinagdummaa guddifataa ibsa dhiyeessuu qabu.

Keewwata 210

Guddifataan Lammii Biyya Alaa Yoo Ta'e

1. Guddifataan lammii biyya alaa yoo ta'e, nageenya daai'mmanii hordofuudhaaf qaama aangoon itti kennameef waa'ee guddifataa ilaalchisee haala dhuunfummaa, hawaasummaa fi diinagdee irratti ragoolee sirnummaa qaban qindeesuudhaa fi qorachuudhaan waliigaltichi yoo godhame mucichaaf faayidaa ni qabaataa jechuudhaan yaada isaa yoo kenne malee, waliigalticha manni murtii raggaasisuu hin danda'u.

2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n kan ibsame yoo jiraateyyuu, manni murtichaa waliigaltichi mucichaaf faayidaa hin qabu jechuudhaan kan tilmaame yoo tahe yaada abbaa taayitichaa fudhachuu dhiisuudhaan waliigalticha raggaasisuu dhiisuu ni danda'a.

3. Manni murtii ragaan abbaa taayitichaa irraa isaaf dhiyaate quubsaa ta'ee yoo isatti mul'achuu baate, qorannaa haaraa adeemsisuudhaan ragaan dabalataa akka dhiyaatuuf ajajuu ni danda'a; akkasumas namonni dhuunfaas ta'anii dhaabbattonni biroo barbaachisaa ta'ee kan isaanitti mul'atuufi ragaa harka isaanitti argamu akka dhiyeessan yookiin akka barbaachisummaa isaatti jecha ragummaa isaanii akka kennan ajajuu ni danda'a.

Keewwata 211

Aangoo Mana Murtii.

1. Akkaataa aadaan ykn waliigalteen guddifata taasifame Manni murtii yoo raggaasise malee, bu'aa hinqabaatu.
2. Manni murtii guddifataa osoo hin raggaasin dura bifa murteessaa ta'een guddina gaarii fi faayidaa mucichaatiif kan tolu ta'uu isaa mirkaneesuu qaba.
3. Seera kana keewwata 209 fi (210)n kan ibsamanii fi keewwata kana keewwata xiqqaa (2) irratti kan ibsame akkuma eegametti ta'ee manni murtichaa waliigaltee guddisaa osoo hin raggaasifneen dura kan kanatti aanan tilmaama keessa galchuutu isarra jiraata:

- A) Mucichi guddifachicha ilaalchisee ilaalcha inni qabu;
- B) Dursee hayyama isaa kan hin kennin taanaan ilaalcha bulchaa isaa;
- C) Guddifataan mucicha guddisuu fi kunuunsuudhaaf gahumsa inni qabu;

D) Guddifataan lammii biyya alaa yoo ta'e mucichi Itoophiyaa keessatti haalli inni itti guddatu kan hin jirre ta'uu isaa;

E) Guddifataan akka ilma isaatii ilaalee kan guddisuufi gar-malee akka itti hin fayyadamne tilmaamuu kan dandeesisu ragaan jiraachuu isaa.

4. Kan Keewwata kana keewwata xiqqaa 3(E) irratti ibsame yeroo qulqulleessu, guddifataan lammii biyya alaa yoo ta'e manni murtichaa of eeggannoo addaa godhuutu isarra jiraata.

Keewwata 212

Guddifanni Ragga'e Kan Hin Haqamne Ta'uu Isaa

1. Guddifanni Mana Murtiitiin ragga'e haala keewwata kana keewwata xiqqaa (2)n ibsameen ala haqamuu hin danda'u.
2. Guddifataan mucaa guddisa fudhate akka ilma isaatti guddisuurra akka gabruumaatti yookiin haala gabrummaan walfakkaatuun yookiin gochoota naamusaan ala ta'anirratti bobba'ee akka isa fayyadu yoo godhe yookiin karaa biroo kamiiniyyuu jireenya mucaa fuladuraa haala hamaan akkaataa midhuun kan qabe ta'uu isaa yoo hubate manni murtii waliigaltee guddifachichaa haquu ni danda'a.

Keewwata 213

Guddifanni Akka Haqamu Iyyata Dhiyeessuu

1. Mucumti guddifatame mataan isaa qaamni nageenya daa'immanii hordofuuf aangoon kennameef yookiin dhimmicha keessa nagalcha namnii jedhu kamiyyuu keewwata armaan olitiin kan tumame bu'uura godhchuudhaan guddifachichi akka haqamu iyyata dhiyeessuu ni danda'a.

2. Akkaataa Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n iyyatni yoo dhiyaateef, manni murtii guddifataa osoo hin dhiyeesisin dura ragootni iyyatichaaf sababa ta'an dhugaa ta'anii yoo argaman guddifachichaa diiguudhaaf gahaa ta'uu isaanii mirkaneessu qaba.

BOQONNAA 11

DIRQAMA QALLABA KENNUU

Keewwata 214

Waa'ee Oabiyyee Dirqamichaa

Seera kana keewwata (215)n akka tumametti dirqama qallaba kennuu namni qabu akka haala abbootii dhimmotaa fi akka aadaa naannootti mijaa'aa kan ta'e hordofuudhaan nama qallaba fudhatuuf nyaata, bakka jireenyaa, uffata, fayyaasaa kan ittiin eeguu fi akkuma dhimmichaatti barumsaaf wanta barbaachisaa kennuutu isarra jira.

Keewwata 215

Dirqamni Eenyu Faa Gidduu Akka Jiraatu

1. Seera kana keewwata 65 keewwata xiqqaa (1)n kan tumame akkuma egametti ta'ee dirqamni qallaba kennuudhaa kan jiraatu warraa fi ijoollee kallattii yookiin kallattii dhaan warra firoma fuudhaafi heerumaa qaban gidduutti ta'a.
2. Akkasumas obboleewwan dhiiraa fi dubartootaa gidduuttis dirqamni qallaba kennuu ni jiraata.

Keewwata 216

Akkataa Dirqamichi Itti Hafu

Fuudhaafi heerumni kan diigame sababa du'aatiin yoo ta'e malee, warra firooma fuudhaafi heerumaa qaban gidduu kan jiru dirqamni qallaba kennuu fuuddaa-heerumni erga diigame booda haafaa ta'a.

Keewwata 217

Haala Qallaba Fudhataan Mirga Isaa Itti Dhabu

Qallaba fuudhataan qallaba kennaarratti yookiin firoota isaa olii fi gaditti lakkaa'aman irratti yookiin lubbuu yookiin qabeenya Abbaawaraa yookiin haadhawarraa irratti yakka yoo raawwate yookiin raawwachuf yoo yaale mirga qallaba fudhachuu isaa ni dhaba.

Keewwata 218

Dirqamichi Jiraachuudhaaf Haalawwan Barbachisan

Dirqamni qallaba kennuu raawwatamaa kan ta'u qallaba gaafataan hojjetee jireenya isaatiif galii barbaachiisaa ta'e argachuudhaaf humna kan hin qabnee fi rakkinarra kan jiru yoo ta'e qofaa dha.

Keewwata 219

Akkaataa Raawwannaa Dirqamichaa

1. Akka bu'uuratti dirqamni qallaba kennuu kan raawwatamu qallaba kennaan qallaba fudhatadhaaf maallaqa qallabichaa kennuudhaan ta'a.
2. Hangi qallabichaa kan murtaa'u rakkina qallaba gaafataa fi humna qallaba keennaa waliin madaaluudhaan ta'a.

Keewwata 220

Haalicha Fooyyeessuun Kan Danda'amu Ta'uu Isaa

Gaaffii qallaba kennaan yookiin fudhataan dhiyeessan irratti hundaa'uudhaan hanga qallabichaa yokkiin akkaataa jireenya qallaba fudhataa ilaalchisee murtii kenname yeroo kamiyyuu fooyyeessuun ni danda'ama.

Keewwata 221

Iddoo qallabni itti kaffalamu

Qallabni kan kaffalamu hanga danda'ametti qallaba fudhataaf iddoo mijaa'utti ta'uu qaba.

Keewwata 222

(1)Maallaqni Qallabaa Dabarfamee Kennamuu fi Qabsiifamuu Kan Hin Dandeenye Ta'uu Isaa

1. Maallaqni qallabaaf kaffalamu nama biraatti dabarsuun yookiin qabsiisuun hin danda'amu.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n kan tumame yoo jirateyyuu, maallaqni qallabaaf kaffalamu yeroon itti kaffalamu osoo hin geenye dursee yoo ta'ellee qallaba fudhataan rakkina qabuuf kan yaadan dhaabbattoota gargaarsaaf dhaabataniif darbuu ni danda'a.
3. Akkasumas keewwata kanaa keewwata xiqaa (1)n kan tumame jireenya qallaba fudhataatiif waan barbaachisaa ta'eef namoota liqeessan biroo ilaalchisee raawwatamummaa hin qabu.

Keewwata 223

(2)Maallaqni Qallabaa Kan Hin Kuufamne Ta'uu Isaa

Qallaba fudhataan jireenya isaatiif barbaachisaa ta'uu isaa yoo mirkaneesse malee, maallaqa qallabichaa guyyaa fudhachuu qabuu irraa eegalee ji'oota sadiin itti aanan keessatti kan hin fudhanne yookiin osoo hin gaafantin yoo hafe qallabni kuufamee akka kaffalamuuf gaafachuu hin danda'u.

Keewwata 224

Qallaba Fudhataa Mana Qallaba Kennaatti Jiraachisuun Kan Danda'amu Ta'uu Isaa

1. Qallaba kennaan qallaba fudhataa mana ofiitti fudhatee teechisuudhaan dirqama qallaba kennu isaa raawwachuu ni danda'a.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n dhimma ibsamerratti falmiin yoo ka'e manni murtii haala

dhimmichaa ilaaludhaan mijaa'aa fakkaatee kan isatti mulatu ni murteessa.

3. Qallaba kennaan qallaba fudhataa mana jireenya isaatti akka jiraachisu yeroo kamiyyuu hin dirqamu.

Keewwata 225

Waa'ee Baay'ina qallaba kennitootaa

(1)Bu'ura Isaa

Qallaba fudhataadhaaf dirqama qallaba kennuu namoonni qaban baay'ee yoo ta'an, qallaba fudhataan isaan keessaa tokko qallaba isaa akka kennuuf gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 226

(2) Waa'ee Iyyataa

1. Namoonni qallaba kennuuf dirqama qaban baay'ee ta'anii isaan gidduu tokko yookiin caalaa kan ta'an qallabicha yoo kaffalan warrii hin kafalle gahee isaanii akka kaffalan gaafachuu ni danda'u.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n dhimma ilaalame irratti mormiin yoo ka'e manni murtii himatamtonni qabeenya qabanii fi himataa wajjin sadarkaa firooma dhiigaa yookiin fuudhaa-heeruma madaaluudhaan himatamtonni qarshii qallabaa guutuu yookiin gartokkee akka kaffalan irratti murtaa'uu ni danda'a.

Keewwata 227

(3) Dabaree Kaffaltii Qallabaa Kaffaltootaaf Kennamu

Akkaataa seera kana keewwata (215)n dabareen namoota dirqama qallaba kennu qabanii:

- a) Sadarkaa duraatiin, abbaawarraa yookiin haadhawarraa
- b) Sadarkaa lammataatiin, dhalattoonni akkuma sadarkaa isaaniitti;
- c) Sadarkaan sadaffaatiin, warra ol-lakkaa'aman akkuma sadarkaa isaaniitti;

- d) Sadarakaaf afraffaatiin, Obboleewwan dhiiraa fi dubartootaa;
- e) Sadarkaa shanaffaatiin, dhalattoota fuudhaafi heerumaa akkuma sadarkaa isaanitti;
- f) Sadarkaa jahaffaatti, warroota fuudhaafi heerumaa ol-lakkaa'aman akkuma sadarkaa isaanitti.

Keewwata 228

Waliigaltee Oallaba Waliin Kennitoota Gidduutti Godhamu

1. Qallaba waliin kennitoonni, waa'ee qunnamtii tokko-tokkoon isaanii waliin qabanii, qallaba fudhataa isaanittiif isaan keessaa tokko qallaba akka kennuf jechuudhaan waliigaltee ragga'u gochuu ni danda'u.
2. Qallaba fudhataan waliigalticha jaalatee erga fudhatee booda wanti waliigaltee kana sababni hin kabajneef cimaan yoo argame malee, qallabicha qallaba kennitoota biraa irraa gaafachuu hin danda'u.

Keewwata 229

Haala Addaa Ilma Guddifataa

1. Abbaanwaraa yookiin haatiwarraa ilma guddifatameefi dhalattonni sarara kallattii, dhalattoonni guddifataa qallaba kennuu haala hin dandeenye irrattii yoo argaman malee, fira maatii isaa kan duraa irraa qallaba gaafachuu hin danda'au.
2. Ilma guddifataatiif warrii duraa ol lakkaa'aman qallaba argachuudhaaf firootan isaanii keessaa tokko gaafachuu kan hin dandeenye yoo ta'an malee ilma guddifata kennan qallaba gaafachuu hin danda'an.

Keewwata 230

Waa'ee Baasii Sirna Awwaalchaa

1. Qallaba kennuuf namni dirqama qabu sirna awwaala namicha jedhamee kanaaf baasii bahe kaffaluudhaaf ni dirqama.

2. Namni baasii kana baase, baasicha akka bakka buusuuf namicha qallaba kennaa ta'e gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 231

Waliigalteewwan Addaa

Waliigalteewwan addaa gochuudhaan tumaalee boqonnaa kana keessatti barreeffaman jijjiiruun hin hayyamamu.

BOQONNAA 12

Waa'ee Namoota Gaa'ila Hin Geenyee

Kutaa Tokko

Tumaalee Waligalaa

Keewwata 232

Hiika

Namna gaa'ila hin geenye jechuun saalaan osoo adda hin bahin umuriin isaa waggaa kudha saddeet (18) nama hin guunnee dha.

Keewwata 233

Mucaan Gaa'ila Hin Geenye Dandeettii Kan Hin Qabaanne

Ta'uu Isaa

1. Dhimmii guddina gaariifi nageenya mucaa gaa'ila hin geenyee Bulchaa isaa tokkoon eegamaa tura.
2. Faayidaa qabeenya isaatii fi walumaa galatti bulchiinsa qabeenya isaa ilaalchisee guddisaa isaatiin bakka bu'ama.
3. Dhimmoota seeraan ifaan kaa'amaniif yoo ta'e malee, namni gaa'ila hin geenye gochoota seera qabeessa raawwachuu hin danda'u.

Keewwata 234

Ragaa Umurii

1. Umuriin nama tokkoo kan mirkanaa'u waraqaa ragaa dhalootaatiin ta'a.

2. Waraqaan ragaa dhalootaa yoo kan hin jirre ta'e, umuricha haala amansiisaa ta'een mirkaneessudhaaf ni dandeesisu arshamee jedhaman yookiin jecha ragaalee nama lama hin hanqannee bu'ura godhachuudhaan manni murtii umurii isaa ni murteessa.

Keewwata 235

Oajeelfama Oaamonni Murtii Kennan Hordofuu Oaban

Bu'ura boqonnaa kanaatiin dhimmoota dhiyaatanirratti murtiiwwan kennaman hunduu guddina gaarii fi nageenya daaimmaniitiif kan tolan ta'uu qabu.

Kutaa Lama

Waa'ee Dhaabbilee Ijoollee Gaa'ila Hin Geenye

Eganii

Keewwata 236

Aangoo Warra Ijoollee

Abbaa fi haati fuudhaa-heerumni isaanii ragga'ee yeroo jiru hundaa keessatti bulchuufi guddisuu ijoollee isaanii kan gaa'ila hin geenye irratti aangoo waliinii ni qabaatu.

Keewwata 237

Maatii Keessaa Tokko Gahaa Ta'uu Baachuu Isaa

1. Maatii isaa keessaa tokko yoo du'e, dandeetti yoo dhabe, mirga ga'uumsammaa yoo dhabe yookiin mirga maatii bulchuu isaa irraa yoo dhorkame, aangoo bulchuu fi guddisuu qabatee turuu kan danda'u garee tokko qofa ta'a.
2. Akkasumas abbaan mucichaa kan hin beekanne yoo ta'e, hojii aangoo kanaa kan raawwattu haadha qofa taati.

Keewwata 238

Walhiikinsa Haadhaa fi Abbaa Mucichaa

1. Akkaataa seera kana keewwata (99)n abbaanwarraa fi haatiwarraa waliigalteedhaan yoo walhiikan, bulchiinsaa

fi guddina ijoollee isaanii ilaalchisee waliigalteedhaan murteessu.

2. Haala walhiikuu kamiiniyyuu bulchinsaa fi guddisa ijoollee isaanii abbaanwarraa fi haatiwarraa waligalteedhaan murteesuu yoo baatan, manni murtii walhiikuu isaanii murteessee bulchaa fi guddistuu ijoolleetis wajjin murteessa.

Keewwata 239

Bulchaa Yookiin Guddisaa Jecha Dhaamsaatiin Filatame

(1) Bu'ura Isaa

1. Warri mucaa gaa'ila hin geenyee lubbuun jiru du'a isaatiin booda mucaa isaatiif bulchaa yookiin guddisaa nama ta'u jecha dhaamsaa isa dhumaatiin filachuu ni danda'a.
2. Akkasumas aangoo bulchichaa yookiin guddisaa murteessudhaa fi aangoo hooggansa bulchiinsummaa isaas haala murtaa'en qofa kennuufii ni danda'a.

Keewwata 240

(2) Bulchaa Yookiin Guddistuu Muuduudhaaf Dirgama

Raawwatamu

Abbaan yookiin haati yeroo lubbuun jiran hojii bulchiinsaa yookiin guddisuu adeemsisaa kan turan yoo ta'ee fi yeruma kana keessatti aangoo ofii fedhii ofiitiin kan dhiise yoo ta'e malee, seera kana keewwata 239 irratti mirga abbaadhaaf yookiin haadhaaf kenname hin qabaatu.

Keewwata 241

(3) Waa'ee Iyyata Mana Murtiitiif Dhiyeessuu

Faayidaan mucaa gaa'ila hin geenyee kan dirqisiisu ta'ee yoo argame, waa'ee bulchaa yookiin guddisaa ilaalchisee murtii abbaa yookiin haadhaa manni murtii diiguu yookiin fooyyeessuu ni danda'a.

Keewwata 242

Firoota Aangoo Bulchuu Yookiin Guddisuu Mucichaa Qabachuu Danda'an (1) Dabaree Tartiba Isaan Hordofuu gaban

Daa'imni tokko Abbaa fi haadha kan hin qabaanne yoo ta'eefi lamaan keessaa dhuma irratti kan du'e haala barbaachisaa ta'een bulchaa yookiin guddisaa osoo hin godhiniif yoo hafe, mucicha bulchu yookiin guddisaadhaaf bu'uura seeraatiin filatamanii angoon kun kan kennamuuf namoota armaan gaditti ibsamaniif ta'a.

- a) Warra mucichaa ol-lakkaa'aman;
- b) Yeroo isaan kun hin jirre Obboleewwan dhiiraa yookiin dubartootaa mucicha gaa'ila hin ga'inii;
- c) Yeroo isaan kun hin jirre eessuma yookiin adaadaa mucichaa.

Keewwata 243

(2) Haala Tartiibni Kun Itti Jijjiiramu

1. Akkaataa armaan olitti ilaalameen bakka nama aangoon kennameefii nama mucichaaf firooma dhiigaa yookiin fuudhaa-heerumaa qabu kamiyyuu aangoon bulchinsaa yookiin guddisummaa naaf haakennamu jechuun gaaffii dhiyeessu ni danda'a.
2. Gaaffiin kunis dhiyaachuu kan qabu firoota dabareen kun isaan ilaallatuun yoo ta'u, waliigalteen yoo argamuu baate garuu dhimmichi mana murtiitiif ni dhiyaataa.
3. Gaaffichi dhiyaachuu kan qabu bulchichi yookiin guddisaan aangoo kana qabaachuun isaa erga beekame irraa kaasee yeroo ji'a lamaa keessatti ta'a.
4. Gaafficha fudhachuudhaaf yookiin diduudhaaf bu'ura kan ta'u nageenyaa fi faayidaa mucaa ta'uu qaba.

Keewwata 244

Dhabamuu Firoota Seeraan Filatamuu Oabanii

1. Tumaaleewwan arman olitti ibsaman bu'ura godhachuudhaan mucichaaf bulchaa yookiin guddisaa argachuun kan hin danda'amne yoo ta'e hojii fi aangoon kun nama manni murtii filateef kennamuu ni danda'a.
2. Manni murtiichaa dhimma kana murteessuudhaaf fira mucaa nama ta'een yookiin hin taaneen gaaffii namni nagalcha jedhu dhiyeessuun bu'uurefamuu ni danda'a.
3. Nageenya daa'immanii akka hordofu qaamni mootummaa aangoon kennameefis dhimmicha mana murtiitiif dhiyeessuu ni danda'a.

Keewwata 245

Filannoo Mana Murtii (1) Firoota dhiigaa Yookiin Fuudhaa-heerumaa Mucaa Gaa'ila Hin Gahinii

Manni murtii mucichaaf bulchaa yookiin guddisaa akka ta'u kan filuufi aangoo kana kan kennuuf fira aantee dhiigaa kan ta'e yookiin firooma fuudhaa-heerumaa kan qabuu fi hanga danda'amettis hojii kana raawwachuudhaaf nama dandeettii fi fedhii qabuuf ta'a.

Keewwata 246

(2) Dhaabbata Gargaarsaa

Manni murtichaa barbaachisaa ta'ee yoo arge aangoo bulchiinsaa yookiin guddisummaa dhaabbata dhimma akkanaatiif dhaabateef kennuu ni danda'a.

Keewwata 247

Haallan Walfakkaatan

Raawwannaa tumaalee armaan olitti barreeffamaniitiif namni tokko seeraan yookiin sababa biroo kamiiniyyuu gocha bulchiinssummaa yookiin guddisummaa raawwachuudhaaf kan hin dandeenye yoo ta'e akka hin jiretti lakkaa'ama.

Keewwata 248

Eenyummaa Bulchichaa Yookiin Guddisichaa

1. Akka bu'uuraatti namni mucaa gaa'ila hin geenyeef bulchaa akka ta'u aangoon kennameefii bulchummaa mucichaa fudhate guddisaas ni ta'a.
2. Haalii dhimmichaa hiika faallaa ta'e kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, abbaan yookiin haati lubbuun jiran yookiin guddisaan yookiin bulchaan manni murtiitiin mucichaaf muude aangoo lamaanuu akka qabatetti lakkaa'ama.

Keewwata 249

Mirga Abbaa fi Haadhaa Kenname

Abbaan yookiin Haati dhimmichi faayida qabeessa fakkaatee yoo itti mul'ate aangoo bulchinsumma ofiif qabatanii guddisaa muuduufii ni danda'u.

Keewwata 250

Aangoo Mana Murtiitiif Kenname

Manni murtii aangoo bulchaa fi guddisaa mucichaa muuduudhaa yeroo qabateefi kana goochuuf sababni amansisaan yoo jiraatu, bulchichatti dabaluudhaan guddisaa biroo muuduu ni danda'a.

Keewwata 251

Guddisaa Bakka Bu'u

(1) Walitti Bu'iinsa Faayidaa Mucaa Gaa'ila Hin Geenye fi Guddisaa Jidduutti Ka'u

1. Walitti bu'insi faayidaa guddisaafi mucaa gaa'ila hin geenye jidduutti yoo ka'e manni murtii mucaa gaaila hin geenyeef guddisaa bakka bu'u ni muudaaf.
2. Guddisaan bakka bu'u kan filatamu guddisaadhaan yookiin warra mucichaa ol-lakkaa'aman yookiin obboleewwan dhiiraa fi dubartootaa gaa'ilaaf gahaan keessaa gaaffii dhiyaatuun ta'a.

Keewwata 252

(2) Walitti Bu'iinsa Faayidaa Ijoollee Baayee Gaa'ila Hin

Geenye Jidduutti Ka'u

1. Walitti bu'insi faayidaa ijoollee baayee gaa'ilaaf hin geenye jidduutti yoo umameefi bakka bu'aa waamamaan isaanii guddisaa walini tokko qofa yoo ta'e, tumaan armaan olitti ilaalame raawwatamaa ta'a. (keewwata 251)
2. Walitti bu'iinsichi faayidaa kan hiikamus bu'ura waliigaltee guddisaa fi guddisaa bakka bu'u giddutti godhamuun ta'a.

Keewwata 253

Akkaataa Calqaba Hojichaa

1. Hojiin Bulchiinsumaa yookiin Guddistummaa kan calqabamu bulchaan yookiin guddisaan bu'ura seeraatiin yookiin murtee murteeffameen filtaamanii akka mudamanitti batalumatti dha.
2. Ta'us hojiin bulchiinsumaa yookiin guddisummaa kan kennameef ta'uu isaa beekuu isaatiin dura bulchaan yookiin guddisaan hojii isaa kana osoo hin eegalin miidhaa gahu hundaafuu itti gaafatamummaa hin qabu.

Keewwata 254

Hojichi Dirqama Ta'uu Isaa

Hojiwwan bulchiinsaa yookiin guddisummaa akka raawwatu filamee namni muudame hojii isaa raawwachuudhaaf dirqama qaba.

Keewwata 255

Hojichi Akka Irraa Hafu Gaaffii Dhiyaatu

1. Namni tokko gocha bulchinsummaa yookiin guddistummaa raawwachuun jireenya mataa isaa irratti walumaagalatti rakkina cimaa gufuu ta'an kan itti fidu

yoo ta'e hojichi akka hafuuf mana murtichaa gaafachuu ni danda'a.

2. Akkasumas haala walfakkaatuun bulchaan yookiin guddisaan hojii bulchinsummaa yookiin guddistummaa kennameef irraa akka shaaramu gaaffii dhiyeessuu ni danda'a.

Keewwata 256

Haala Addaatiin hojichi Akka irraa hafu ilaalcha seeraan kennamu.

Bu'ura seera kanaatiin waa'ee namoota bulchiinsummaaf yookiin guddistummaaf filatamanii kan tumame yoo jiraateyyuu, namonni kanatti aanan bulchiinsummaan yookiin guddistummaan akka hin muudamne yookiin akka ka'an gaaffii yoo dhiyeessaniifi gaaffiin kunis ijoollee isaanii kan ilaalu yoo ta'e malee, hojii bulchiinsummaa yookiin guddistummaa akka hojjatan hin dirqaman:

- a) Nama umuriin isaa waggaa Jahaatamii Shan guute;
- b) Namoota loltummaa irratti bobba'an;

Keewwata 257

Yeroodhaaf Dirqama Hojicha Raawwachuu

1. Hojiin bulchiinsummaa yookiin guddistummaa mucichaa rakkina narratti geessisa jedhee sababa dhiyeessuudhaan itti gaafatamummaan kun akka hafuuf bulchaan yookiin guddisaan gaafatu, hojii kanaaf bulchaan yookiin guddisaan biroo bakka bu'ee aangicha hanga ofitti fudhatutti hojii kennameef kana yeroo dhaaf raawwachuuf ni dirqama.
2. Akkasumas bulchaan yookiin guddisaan mormiin muudamaa isarratti ka'e dirqama walfakkaatu ni qabaata.

Keewwata 258

Waa'ee Hafiinsa Hojiichaa

1. Hojiin bulchaa yookiin guddisaa haafaa kan ta'u mucaan eegamu yoo du'e yookiin yeroo gaa'elaaf gahe yookiin yeroo bulchinsa guddisaa jalaa bilisa bahee dha.
2. Akkasumas bulchaan yookiin guddisaan yoo du'e yookiin dandeettii yoo dhabe yookiin gahaa ta'uu baachuun isaa yoo ibsame yookiin hojii isaa irraa yoo ka'u hafa ta'a.
3. Bulchaan yookiin guddisaa haaraan mucaa gaa'ela hin geenyeef yoo muudameef itti gaafatamummaan muudamtoota duraa ni hafa.

Keewwata 259

Dandeettii Dhabuu (1) Mucaa Gaa'ila Hin Geenye

Dhimma ijoollee mataa isaa ilaaluun yoo ta'e malee, mucaan gaa'ilaaf hin geenye hojii bulchiinsummaa yookiin guddistummaa adeemsisuudhaaf dandeetti hin qabu.

Keewwata 260

(2) Namoota Murtiidhaan Dhorkamanii

1. Namni murtiidhaan dhorkame kamiyyuu hojii bulchinsummaa yookiin guddistummaa raawwachuu hin danda'u.
2. Hojii kana kan raawwachaa namni ture tokko dandeettii dhabuun isaa murtii mana murtiitiin yoo ibsame, guddisaan nama kanaa bu'uura seeraatiin hojii namicha dhorkamee ofitti fudhatee bakka bu'uudhaan nama adeemsuuf battalumatti beeksisuutu isarra jiraata.
3. Namni akkanaa kan hin jirre yoo ta'es namicha murtiin dhorkameef bakka bu'aan akka godhamuuf guddisaan isaa mana murtiitti gaaffii dhiyeessuu qaba.

Keewwata 261

Waa'ee Gahaa Ta'uu Dhabuu

1. Namni tokko hojii bulchiinsummaa yookiin guddisummaa adeemsiuudhaaf gahaa miti jedhee manni murtii murteessuu kan danda'u dalaga yakkaa waan raawwateef bilisummaa dhuunfaa kan dhorku adabbiin hidhaa yookiin du'aa kan itti murtaa'e yoo tahee dha.
2. Manni murtii adabbii akkanaa nama tokko irratti yeroo murteessu dhimmichi barbaachisaa ta'uu yoo tilmaame, namichi itti murtaa'e kun hojii kanaaf gahaa kan hin taane ta'uu isaas walumafaana murteessuu ni danda'a.

Keewwata 262

(1) Hojicharraa Ka'uu Bulchichaa

1. Namni mucaa gaa'ilaaf hin geenyeef bulchaa akka ta'u muudame, mucichi jireenya isaatiif eegumsa barbaachisaa osoo hin arganne yookiin guddisa hamilee sammuu wajjin walsimu yookiin barumsa dandeettii wajjin walmadaalu akka argatu godhuufii yoo baate, bulchichi akka ka'uuf manni murtii murteessuu ni danda'a.
2. Murtii kana kennuudhaafis haala naannoo bulchichi keessa jiraatuu fi yeroos qorachuu fi kanas bu'uura godhachuun arbaachisaa dha.
3. Keessumayyuu manni murtichaa bulchicha kaasuu kan danda'u mucaan gaa'ilaaf hin geenye yakka hojjechuun isaa kan mirkanaa'e yoo taa'e fi yakka kanas kan raawwate guddisa baduu isaatiin yookiin hanqina guddisaatiin barumsa naamusaa barbaachisaa ta'e argachuu dhabuu isaatiin yoo ta'ee dha.

Keewwata 263

(2) Hojicharraa Ka'uu Guddisaa

Namni mucaa gaa'ila hin geenyeef guddisaa ta'e akka ka'u manni murtii kan murteessu, guddisaan qabeenya mucichaa haala badaa kan bulcheefi eegumsi isaatis gahaa yoo ta'uu baate, yookiin mucicha guddisummaadhaan akka bulchu namni yookiin qaamni aangoo kenneef qajeelfamaa kennee fi sirna bulchiinsa qabeenya kennameef osoo hin kabajnee fi hin raawwatin yoo hafe yookiin Idaa kaffaluu kan hin dandeenye ta'uun isaa murtii murteeffameen yoo mirkanaa'ee dha.

Keewwata 264

(3) Hojicharraa Ka'uu Warraa

1. Abbaan yookiin haati mucichaa yookiin warri biroo kan ol-lakkaa'aman hojii bulchinsaa yookiin guddisummaa mucaa isaanii irraa akka ka'an murteessuun yoo barbaachise manni murtii of eeggannoo cimaa gochuutu irraa eegama.
2. Manni murtichaa dhimma kanarratti murtee kenne gaaffii garee ka'eetiin yeroo kamiyyuu irraa deebi'ee qorachuu ni danda'a.

Keewwata 265

(4) Sirna

1. Bulchaan yookiin guddisaan tokko akka ka'u gaaffiin dhiyaatu abbaa dhimmichi nagalcha jedhu kaminiyyuu yookiin karaa Abbaa alangaa tiin dhiyaachuu ni danda'a.
2. Manni murtii bulchaa yookiin guddisaa kaasuudhaaf murteessuun dura yaada gama isaatiin jiru dhaggeefachuutu isarra jira.
3. Haata'u malee, keewwata kana keewwata xiqqaa (2) irratti kan ibsame kana yoo raawwatu nageenya yookiin qabeenya mucicharra miidhaan dabalataa ni gaha

jedhamee kan tilmaamamu yoo ta'e manni murtii ajaja yeroo barbaachisaa ta'ee mul'atu kennuu ni danda'a.

Keewwata 266

Itti Gaafatamummaa Mana Murtii

1. Manni murtii nama tokko mucaa gaa'ila hin geenyeef bulchaa yookiin guddisaa muuduudhaaf yoo filu yookiin kan mudame hojii irraa yoo kaasuu, murteessuu isaatiin dura hanga danda'ametti warra mucichaa ol-lakkaa'aman, obboleewwan dhiiraa fi dubartii wajjin walmari'achuutu isarra jira.
2. Barbaachisaa ta'ee yoo isatti mul'ate yaada mucaa gaa'ila hin geenyees dhaggeeffachuu ni danda'a.
3. Manni murtii murtee yoo kennu akataa faayidaan mucaa gaa'ila hin geenyee itti hin hiir'anne hordofuu malee, yaada dhiyaataniif kan biroo fudhachuuf hin dirqamu.

Keewwata 267

Hojichi Kaffaltii Malee Kan Raawwatamu Ta'uu Isaa

1. Hojiin bulchinsaa fi guddisummaa kan raawwatamu gatiin kamiyyuu osoo itti hin kaffalamne ta'a.
2. Haata'u malee bulchicha yookiin guddisaa hojicha raawwachuudhaaf yeroo dheeraa kan isa gaafatu yoo ta'e, akkuma haala dhimmichaatti durgoon murtaa'e tokko murammufii ni danda'a.
3. Durgoon kun galii qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee irraa yoo ta'e malee, qabeenya biroo irraa fudhatamuu hin danda'u; hanga durgichaas galii waliigalaa qabeenyaa irraa harka sadeessoon (siisoo) caaluu hin danda'u.

Keewwata 268

Akkaataan Adeemsa Hojichaa Kan Dhuunfaa Ta'uu Isaa

1. Hojiin bulchiinsummaa yookiin guddisummaa amala dhuunfaa kan qabate waan ta'eef hojiicha kan raawwatu

mataa isaatiin malee dhaaltota bulchaa yookiin guddisaatti darbuu hin danada'u.

2. Dhaalttonni kan itti gaafataman hiriina adeemsa hojii bulchaan ykn guddisaan raawwateen qoofaa dha. Kunis bu'ura seera dhaalaatin murtaa'a

Keewwata 269

Dirqama Dhaaltotaa

1. Dhaalttonni Bulchaa yookiin Guddisaa tokkoo, Bulchaan yookiin Guddisaan akkuma du'een battalumatti akkaataa keewwata seera kanaa (242)n ilaalameen nama du'aaf bakka bu'aa ta'uu danda'utti beeksisuuf dirqama ni qabu.
2. Namni akkanaa yoo jiraachuu baate namni bakka du'aa filatamu akka muudamu mana murtiitiif beeksisuu qabu.
3. Dhaalttonni bulchaa yookiin guddisaa keewwata kana keewwatoota xiqqaa (1) fi (2)n dirqamoota ilaalaman hanga bahanitti mucaa gaa'ila hin geenyeefis ta'ee garee sadaffaa birootiif itti gaafatamaa ta'anii turu.

Keewwata 270

Ragaa Bulchiinsummaa fi Guddisummaa

Barbaachisaa ta'ee yoo argame bulchinsummaa yookiin guddisummaa isaa kan mirkaneessu barreefamni akka kennamuuf bulchaan yookiin guddisaan mana murtii gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 271

Haala Guddistuu Waliin Walfakkaatu

Tumaaleen seera kanaa guddistuu ilaallatan dhimma nama guddisaa bakka bu'uu irrattis raawwatamummaa ni qabaatu.

Kutaa Sadii

Aangoo Bulchaa fi Guddisaa

Kutaa Xigaa Tokkoo

Eegumsaafi Guddisa Mucaa Gaa'ila Hin Geenyee

Keewwata 272

Bulchaan Dhaabilee Mootummaa Gargaarsa Gaafachuu

Danda'uu Isaa

Bulchaan aangoo keewwatoota armaan gaditiin kennamaniif hojiirra oolchuudhaaf akka danda'u dhaabbilee mootummaa dhimmichi ilaalu gargaarsa gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 273

Iddoo Jireenyaa Mucaa Gaa'ilaaf Hin Geenyee

1. Bulchaan iddoo jireenya mucaa gaa'ila hin geenyee ni murteessa.
2. Mucaan gaa'ila hin geenyee, eeyyama bulchaa isaa malee iddoo jireenyaa ramadameef dhiisuu hin danda'u.
3. Mucaan gaa'ila hin geenyee iddoo jireenyaa ramadameef dhiisee yoo deeme bulchaan isaa akka bakka jireenya isaatti deebi'u dirqisisuu ni danda'a.

Keewwata 274

Eegumsa Fayyaa Mucaa Gaa'ile Hin Geenyee

1. Bulchaan haala fayyaa mucaa gaa'ila hin geenyee ni hordoofa.
2. Mucaan gaa'ila hin geenyee yoo dhukkubsate dhukkuba isaatirraa akka fayyu tarkaanfii barbaachisaa ta'e hunda ni fudhata.

Keewwata 275

Akkaataa Guddina Mucaa Gaa'ila Hin Geenyee

1. Bulchaan Guddina mucaa gaa'ila hin geenyee ni qajeelcha.
2. Bulchaan Guddina gaarii mucaa gaa'ila hin gayiniif tarkaanfii naamusaa barbaachisaa ta'e fudhachuu ni danda'a.

Keewwata 276

Walqunnamtii Hawaasummaa Mucaa Gaa'ila Hin Geenyee

1. Bulchaan walqunnamtii hawaasummaa mucaa gaa'ila hin geenyee ni hooggana; ni too'atas.
2. Haata'uu malee, bulchaan sababa quubsaa osoo hin qabaatin mucaan gaa'ila hin geenyee warra isaa kan ol-lakkaa'aman wajjin akka wal-hin qunnamne gochuu hin danda'u.

Keewwata 277

Dirqama Barumsa Waliigalaa fi Ogummaa Kennuu

Bulchaan umrii fi dandeettii mucaa gaa'ila hin geenyee wajjin kan walmadaalu barumsa waliigalaa yookiin leenjii ogummaa akka argatu gochuu qaba.

Keewwata 278

Galii Mucaa Gaaila Hin Geenyee (1) Bu'ura Isaa

1. Bulchaan galii mucaa gaa'ila hin geenyee walitti qabuudhaan faayidaa mucichaatiif ni oolcha.
2. Bulchaan maallaqaa tajaajila maalii irra akka oolchee ibsa akka kennu hin dirqamu.

Keewwata 279

(2) Waa'ee Galii Olaanaa Ta'ee

1. Galiin mucaa gaa'ila hin geenyee ol-aanaa yoo ta'ee fi bulchich abbaa yookiin haadha mucaa yoo ta'uu baate, manni murtii seera kana keewwata 278(2) irratti kan tumame raawwatamaa akka hin taane ittisuu ni danda'a.
2. Manni murtii yeroo ajajicha kennu guddinaafi barumsa mucaa gaa'ila hin geenyee fi qarshii gahaadha jedhuu fi yeroo itti kaffalamu murteessuudhaan bulchaadhaaf akka kennamu ni taasisa.
3. Maallaqa hafe hojii bu'aa qabu irra akka oolchu guddisaa bira akka taa'u ni taasisa.

Keewwata 280

(3)Galii Mucaan Gaa'ilaaf Hin Geenye Hojii Isaarraa Argatu

1. Mucaan gaa'ila hin geenye umuriin isaa waggaa 14 ol yoo ta'e galii hojii isaarraa argatu ofumaaf fudhata.
2. Qallaba mataa isaatiif ta'u bulchaa isaatiif erga kennee booda qarshii hafe aangoo seera kanaan kennameefiin itti fayyadamuu dhaaf bilisummaa guutuu ni qaba.

Keewata 281

(4)Oabeenyota Kennaan Yookiin Dhaalaan Darban

1. Mucaa gaa'ila hin geenyeef namni kennaan yookiin dhaalaan qabeenya dabarsu, mucichi osoo gaa'ila hin geenye bulchaan isaa fudhee faayidaa irraa akka hin oolchine ajajuu ni danda'a.
2. Waliigaltee kennaatiin yookiin dhaalaan, waa'ee bulchiinsa qabeenyaafi galii argamuu ilaalchisee jechoonni ilaalaman raawwatamaa ta'uu qabu.

Keewwata 282

Galiwwan Yeroon Kaffaltii Isaanii Hin Geenye

Galiwwan yeroon kaffaltii isanii hingeenye irratti bulchaan dirqama itti seenuu hin danda'u.

Keewwata 283

Aangoo Warra Mucichaa

1. Abbaa fi haati mucaa gaa'ila hingeenyee yeroo waliin bulchaa isaa ta'anitti hojii bulchinsummaa isaanii waliigalteefi walmari'achuudhaan raawwatu.
2. Abbaa fi haati waldhabiinsa isaanii dhuunfaadhaan yookiin jaarsummaadhaan hiikuuf kan hin dandeenye yoo ta'e, iyyata lamaan keessaa tokkoon dhiyaatu ka'umsa godhacuudhaan manni Murtii faayidaa mucaa gaa'ila hingeenyeef dursa kennuudhaan murtii ni kenna.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa (2)n kan tumamee akkuma eegametti ta'ee abbaa fi haati bulchiinsummaa isaanitiin murtii isaan kennan irratti iyyatni dhiyaachuu hin danda'u.

Keewwata 284

Walhiikinsa Maatii Mucichaa

Sababa walhiikinsa warraatiin aangoon bulchiinsaa isaan keessaa kan tokko qofa yoo ta'e, murtee bulchaan kun kennu irratti hojii bulchiinsummaa raawwachuurra gareen hin jirree, warra ol-lakkaa'aman keessaa yookiin Obboleewwan dhiiraa fi dubartootaa keessaa tokkoon isaanii iyyata mana murtiitti dhiyeessuu ni danda'u.

Keewwata 285

Bulchichi Warra Mucaa Gaa'ila Hin Geenye Yeroo Hin Taanetti

Bulchaan mucaa gaa'ila hingeenyeef warra ta'uu yoo baate, guddina mucaa ilaalchisee murtii kennamu irratti warra isaa keessaa tokko yookiin namni biroo dhimmichi na ilaala jeedhuu ykn abbaan alangaa mana murtiitiif iyyata dhiyeessuu ni danda'a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Waa'ee Oabeenya Mucaa Gaa'ila Hin Geenye Bulchuu

Keewwata 286

Bu'ura Isaa

1. Badhaadhinaa fi faayidaa qabeenya isaa wajjin wal qabatan ilaalchisee mucaa gaa'ila hin geenyeef guddisaan isaa bakka bu'aa.
2. Badhaadhina fi faayidaa qabeenya isaa wajjin wal qabatan kabachiisuu fi bulchuu ilaalchisee guddisaan isaa of eeggannoo cimaa akka godhu ni dirqama.

Keewwata 287

Lakkoofsa Oabeenyaafi Tilmaama Gatii

(1) Guddisaan Erga Hojii Guddisummaa Jalqabeen Booda

1. Guddisaan hojii guddisummaa isaa eegalee yeroo ji'a lama keessatti ragoonni sadi (3) bakka jiranitti qabeenya mucaa gaa'ila hin geenye ni lakkaawama; tilmaama gatii isaatis ni baasa.

2. Guddisaan idaa mucaa gaa'ila hin geenyeerraa gaafatu yoo qabaate, yeroo qabeenyichi lakkaa'amee galmaa'u yoo galmeeessise malee kaffaltiin idaa ni haafa.

Keewwata 288

(2) Qabeenya Dhaalaa Mucaa Gaai'la Hingeenyee

1. Mucaan gaa'ila hin geenye dhaalaa yeroo ta'u, guddisaan bakka mucaa bu'ee dhaala fuuchuu isaa dura ragooleen sadi (3) bakka jiranitti lakkoofsa qabeenya dhaalaa ni raawwata; tilmaama gatiitis ni baasa.
2. Guddisaan qabeenya dhaalaa keessaa gahee yoo qabaate, kanas galmee qabeenyi itti galmaa'u irratti yoo galmeeesse malee gaheen isaa haafaa ta'a.
3. Lakkoofsi qabeenyaa waan hin raawwatamneef yookiin haala barbaachisaa ta'een waan hin hojjetamneef miidhaa ga'uuf guddisaan itti gaafatamummaa ni qabaata.

Keewwata 289

Haala Qabeenyi Guddisaa qabeenya Mucaa Gaa'ila hin Geenyee Wajjin Itti Walmaku.

1. Guddisaan qabeenyi isaa qabeenya mucaa gaa'ila hingeenyee wajjin akka wal hin makne of eeggannoo barbaachisaa ta'e hundaa gochuutu isarra jira.
2. Keessumattuu Guddisaan qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee heerrega Baankii isaa keessa Olkaa'uu yookiin akka Ol-kaa'amu gochun isaaf hin eeyyamamu.

Keewwata 290

Haala Harshameewwan Maallaqaa fi Meeshawwan Oaalii Biroo Itti Ol Kaa'aman

Qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee bulchuurratti rakkina kan uumu yoo ta'e malee, harshameewwan maallaqaa, mi'oota gatiin isaanii qaalii ta'an, barreefamoota faayidaa qabaniifi kan kana fafakkaatan kanneen biroo hundaa, guddisaan

bakka amansiisaa baduu yookiin manca'uu itti hin dandeenyetti olkaa'uutu isarra jira.

Keewwata 291

Aangoo Mana Murtii

1. Guddisaan mucaa gaa'ila hin geenyeef warra yeroo hin taanetti bulchiinsa gaarii qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee ilaalchisee guddisichaaf qajeelfamni akka kennamu mucichaaf warri ol-lakkaa'aman yookiin obolaan dhiiraa yookiin dubartootaa gaa'ila gahan keessaa tokko mana murtiif gaafii dhiyeessu ni danda'u.
2. Manni murtiis haala waliigala qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee, dandeettii guddisaa fi faayidaa mucichaa waliin madaaluudhaan waa'ee bulchiinsa qabeenyaa ilaalchisee qajeelcha faayidaa qabeessa ta'ee isatti mul'atu ni kennaaf.

Keewwata 292

Qabeenya Kennaan Yookiin Dhaalaan Mucaa Gaa'ela Hin Geenyee darbuu.

1. Mucaa gaa'ila hin geenyeef namni kennaan yookiin dhaalaan qabeenya dabarsu, bulchiinsa qabeenyichaa ilaalchisee qajeelfamoota hojiichaaf barbaachisan guddisaan akka hordofu ajajuu ni danda'a.
2. Qajeelfamoota hojii hordofee hojjechuu kan hin dandeenye yoo ta'e yookiin faayidaa mucaa gaa'ila hin geenyee irratti miidhaa kan geessisu fakkaatee yoo isatti mul'ate, guddisaan qajeelfamoonni kun akka siraa'anuuf mana murtii gaafachuu ni danda'a.

Keewwata 293

Dhaabbata Daldalaafi Dhaabbilee Biroo Kana Fakkaatan

1. Dhaabbileen daldalaa, industri yookiin kan kana fafakkaatan qaama qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee yoo ta'an, warra isaa ol lakkaa'aman ykn obboleewwan dhiiraa fi dubartootaa

isaa keessaa tokko gaaffii dhiyeessaniin, guddisaan abbaa yookiin haadha mucichaa hin taanne qabeenyicha akka qulqulleessu yookiin akkuma jirutti akka itti fufu akka taasisu manni murtii ajajuu ni danda'a.

2. Manni murtiichaa ajaja kana yeroo kennu guddisummaan isaa yeroo meeqaaf akka turu, dandeettii guddisaafi faayidaa mucaa gaa'ila hin geenyee tilmaama keessa galchuu qaba.

Keewwata 294

Waa'ee Qabeenyota Tokko Tokko Gurguruu

1. Guddisaan qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee kan ta'an qabeenya socho'an gurguddaa, aksiyoonaafi harshammeewwan maallaqqaa gurguruu ni danda'a.
2. Abbaa yookiin haadha mucichaa irratti yoo ta'e malee, namni dhimmichi nagalcha jedhuu kamiyyuu gaaffii dhiyeessuun manni murtii waa'ee gurgurtaa irratti qajeelfama kennuu yookiin gurgurtichi akka hin adeemsifamne dhorkuu ni danda'a.

Keewwata 295

Waa'ee Harshammeewwan Isa Fideef Akka Kaffalamu Jedhan

1. Guddisaan mucaa gaa'ila hin geenyeef abbaa yookiin haadha hin ta'in harshammeewwan kan fideef haakaffalamu jedhan qabeenya mucichaa yeroo ta'an irraa jalqabee ji'a sadii (3) keessatti akka gurguraman yookiin harshammeewwan maqaa mucichaatiin galmaa'an akka jijjiiraman gochuu qaba.
2. Guddisaan gaaffii yoo dhiyeessuuf manni murtii keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n dirqama ilaalame irraa bilisa akka ta'u ajajuu ni danda'a.

Keewwata 296

Idaa fi Maallaqoota Galii Ta'an

1. Guddisaan Idaa mucaa gaa'ila hin geenyee qabeenya mucichaa irraa hir'isuudhaan kafala.
2. Kaappitaala mucaa gaa'ila hin geenyeef kaffalamuu qabuufi galii biroo ni fuudhaaf; fudhachuu isaa mirkaneessuudhaans nagayee ni kenna.

Keewwata 297

Kaappitaala Hojii Bu'aa Oabu Irra Oolchuu

(1)Dirqama guddisaa

1. Hangi maallaqichaa Qarshii dhibba Shanii (500) ol kan ta'e kaappitaala mucaa gaa'ila hin geenyee guddisaan hojii bu'aa qabu irra oolchuu qaba.
2. Manni murtii hanga maallaqaa keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n ilaalame fooyyeessuu ni danda'a.

Keewwata 298

(2)Daangaa Yeroo

1. Kaappitaalli harka guddisaa seene ji'a sadii (3) keessatti hojii bu'a qabeessa ta'e irra ooluu qaba.
2. Manni murtii hanga yerichaa fooyyessuu ni danda'a.

Keewwata 299

Itti Gaafatamummaa

1. Guddisaan maallaqa hojii bu'a qabeessa irra hin oolchineef dhala seeraan murtaa'e mucaa gaa'ila hin geenyeef kaffaluu qaba.
2. Barbaachisaa taa'ee yoo argamees dabalataan beenyaa miidhaa akka kaffalu itti murtaa'u ni danda'a.

Keewwata 300

Galiwwan

1. Galiwwan mucaa gaa'ila hin geenyee, galiwwan gahaa ta'anii yoo argamuu baatanis qabeenya irraa hir'isee tajaajila guddinaa fi barumsa isaa tiif akka ooluu guddisaan bulchaadhaaf ni kenna.
2. Manni murtii haala biraatiin yoo murteesse malee, maallaqni tajaajila kanaaf oolu ji'uma ji'an Bulchichaaf kafalama.
3. Haalli kaffaltii waliigaltee bulchaa fi guddisaan yookiin murtii mana murtiitin kennamuun fooyya'uu ni danda'a.

Keewwata 301

Waliigalteewwan Kiraa

Eeyyama mana murtiitiin kan godhaman yoo ta'an malee, waliigalteewwan kiraa guddisaan seene, mucichi erga gaa'ila gaheen waggaa sadiin booda akka raawwatu hin dirqamu.

Keewwata 302

Waa'ee Dhaalaa

1. Qabeenya mucichi dhaalaan argatu guddisaan ofitti fuudhaa.
2. Qabeenyi dhaalaan argamu idaa isaa kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e malee, guddisaan dhaalicha hin barbaadu jechuu hin danda'u.

Keewwata 303

Waa'ee Kenna

1. Kennaan mucaa gaa'ila hin geenyeef kennamu faayidummaa kan hin qabneedha jechuudhaan yoo ta'e malee, guddisaan hin fudhadhu jechuu hin danda'u.
2. Kennaawwan xixiqqaa barmaatileen kennamaniin ala Guddisaan qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee irraa maqaa mucaatiin kenna kennuu hin danda'u.

Keewwata 304

Dirqama Wabii Seenuun Kan Hin Danda'amne Ta'uu Isaa

Guddisaan qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee Idaa nama birootiif wabummaadhaan qabsiisuu hin danda'u.

Keewwata 305

Waa'ee Araaraa

Dhimmi falmiin irratti godhamu qarshii Kuma Tokko gadii yoo ta'e yookiin faayidaa mucaa gaa'ila hingeenyee ilaalchisee manni murtii yoo eeyyame malee guddisaan dhimmicha araaraan xumuruu hin danda'u.

Keewwata 306

Waliigalteewwan Guddisichi Mucaa Gaa'ila Hin Geenye

Wajjin Seenu

1. Guddisaan manni murtii yoo eeyyameef malee qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyee bituudhaaf, kiraadhaan fayyadamuudhaaf yookiin waliigaltee biroo kamiyyuu muciha wajjin raawwachuu hin danda'u.
2. Akkasumas guddisaan mana murtiitiin eeyyamamuuf malee, mucaa gaa'ila hingeenye irraa mirga kamiyyuu yookiin mirga maallaqa ittiin gaafatu fudhachuu hin danda'u.

Keewwata 307

Waa'ee Liqaa

Manni murtii yoo hayyame malee guddisaan maqaa mucaa gaa'ila hin geenyeetiin waliigaltee liqaa seenuu hin danda'u.

Keewwata 308

Mucaa Gaa'ila Hin Geenye Wajjin Walmari'achuun

Barbaachisaa Ta'uu Isaa

1. Umuriin mucaa gaa'ila hin geenyee waggaa 14 gadii yoota'e malee, guddisaan haala umuriin mucichaa eeyyamuu fi yeroo dhimmootni ciccimoon mucicha

ilaallatan ka'an mucaa gaa'ila hin geenyee wajjin mari'achu qaba.

2. Mucaan gaa'ila hin geenyee hayyama isaa kennuun guddisaa itti gaafatamummaa jalaa hin baasu.

Keewwata 309

Mucaan Gaa'ila Hin Geenye Akka Hojjetu Hayyama

Guddisaa Isaatiin Kennamu(1)Bu'ura isaa

1. Umuriifi humna maallaqaa mucaa gaa'ila hin geenyee bu'ura godhachuudhaan, waliigalteewwan dhimmoota guyyaa guyyaa salphaa ta'an laallatan qofa akka seenu Guddisaan eeyyamuufii ni danda'a.
2. Hayyamni kunis callisuudhaanis kennamuu ni danda'a.

Keewwata 310

(2)Dhimmoota Guyyaa Guyyaa Salphaa Ta'an

1. Gochicha raawwachuudhaaf hayyamani mana murtii kan barbaachisu yoo ta'e, haala kaminiyyuu dhimma guyyaa guyyaati jedhamuu hin danda'u.
2. Mucaan gaa'ila hingenye qarshii dhibba sadii (300) ol dirqama akka seenu kan isa dirqisiisu yoo ta'e, gochichi dhimma guyyaa guyyaati jedhamuu hin danda'u.

Keewwata 311

(3)Bu'aa Inni Guddisaa Irratti Qabaatu

Mucaan gaa'ila hin geenye eeyyama guddisaatiin dirqam aawwan seenuuf Guddisaan isaa gareewwan sadaffaaf wabiidha.

Keewwata 312

Dhaamoo

1. Guddisaan maqaa mucaa gaa'ila hin geenyeen dhaamoo gochuu hin danda'u.
2. Mucaan gaa'ila hin geenyee waggaa 16 guutu malee dhaamoo gochuu hin danda'u.

3. Mucaan gaa'ila hin geenye waggaa 16 utuu hin guutin dhaamoon inni godhu, waggaa 16 erga guuteen booda yoo haquu baatellee bu'aa hin qabu.

Keewwata 313

Waa'ee Baasii Qabeenya Bulchuudhaaf Guddisaan

Baasu

Faayidaa mucaa gaa'ila hin geenyeef jecha baasiin guddisichi qabeenya dhuunfaa isaarraa baasu akka bakka bu'uuf mirga qaba.

Keewwata 314

Bulchiinsa Qabeenya Mucaa Gaa'ila Hin Geenye Irratti

Gabaasa Dhiyeessuu Kan Qabu Ta'uu Isaa.

1. Guddisaan haala bulchiinsaafi herrega qabeenya mucaa gaa'ila hingenye ilaalchisee gabaasa qopheefatee qabachuu qaba.
2. Mucaa gaa'ila hin geenyeef warrii ol-lakkaa'aman ykn Obboleewwaan dhiiraa fi dubartootaa waliin ta'anii yookiin adduma-addaan gaaffii yoo dhiyeessaniif guddisaan gabaasa bulchiinsaa fi herregaa akka ilaalan ni godha.

Keewwata 315

Raawwatamummaa

Seera kanaan keewwata 281- 283 tti tumaaleewwan ilaalaman guddisaadhaafis raawwatamummaa ni qabaatu.

KUTAA (4)

Danbiwwan Mucaa Gaa'ila Hin Geenye Eeguudhaaf

Tumaman Darbuun Maal Akka Hordofsiisu.

Kutaa Xiqqaa tokko

Hojiwwan Mucaa Gaa'ila Hin Geenye

Keewwata 316

Bu'ura Isaa

Gochaawwan seera qabeessa ta'anii garuu mucaa gaa'ila hin geenyeen aangoo isaatiin olitti raawwataman hunduu diigamaa ta'u.

Keewwata 317

Akka Diigamu Gaafachuu

Dalagaawwan seera qabeessa ta'anii mucaa gaa'ila hin geenyeen raawwataman akka diigaman gaafachuu kan danda'an mucaa gaa'ilaaf hingenye mataa isaa yookiin dhaaltota isaa yookiin bakka bu'oota isaati.

Keewwata 318

Waa'ee Nama Yaada qulqullummaan Waliigaltee Seenuu

1. Seera kanaan keewwata (316)n kan tumame yoo jiraateyyuu, gareen waliigalaan inni biroo mucicha wajjin kan waliigale kana gochuudhudhaaf eeyyama ni qaba jedhee yaada qulqulluun amanuudhaan yoo ta'e waliigaltichi kan ragga'e ta'a.
2. Waliigalaan inni biroo wallaalummaa mucichaatti kan fayyadame yoo ta'e, keewwata kanaan keewwata xiqqaa (1)n kan tumame raawwatamummaa hin qabaatu.

Keewwata 319

Waa'ee Maallaqa Deebii Ta'uu

1. Mucaa gaa'ila hin geenyeef maallaqni kaffalame deebi'uu kan danda'u, hanga badhaadhinaa hanga guyyaa waliigaltichi akka diigamu himatni itti dhiyaatetti argameen qoofa ta'a.

2. Haala kanaan ala mucaan gaa'ila hin geenye deebiisuf hin dirqamu.

Keewwata 320

Itti Gaafatamummaa Waliigalteen Ala Oaqqabuufi

Badhaadhina Gar-malee (1) Bu'ura Isaa

Mucaan gaa'ila hin geenye hojiwwan seeraan ala ta'aniin gar-malee yoo badhaadhe yookiin nama biroo irratti miidhaa yoo geesse, seera hariiroo hawaasaa keessatti itti gaafatamummaa waliigalteen ala qaqqabuufi gar-malee badhaadhuu ilaalchisee tumameen itti gaafatamaa ta'a.

Keewwata 321

(2) Gaa'ilaaf Osoo Hin Ga'in Gaheera Jechuu

1. Mucaan gaa'ila hin geenye osoo gaa'ila hin ga'in gaheera jedhee yoo dubbatellee, kanuma waan dubbateef qofa sababa gaa'ila hingenyeef mirga ittiin fayyadamu hin dhabu.
2. Akkasumas gaa'ila gaheen jira waan jedheef, balleessaa ittigaafatamummaa waliigalteen alaa fidu ta'ee irratti hin lakkaa'amu.

Kutaa Xiqqaa 2

Gochaawwan Seera Qabeessa Guddisaa

Keewwata 322

Dalagaawwan Sirritti Raawwataman

1. Guddisaan gochaawwan seera qabeessa mucaa gaa'ila hin geenyeef raawwate hunduu, mucichi yeroo gaa'ila gahetti akka raawwateetti lakkaa'amanii kan itti gaafatamu ta'a.
2. Guddisaan ittangaafatama jedhee kan dirqama seene yookiin bu'uura seeraatiin kan dirqamu yoo ta'e malee,

mucaa gaa'ila hin genyeef jecha gochaawwan seera qabeessa raawwateef itti gaafatamaa hin ta'u.

Keewwata 323

Tumaalee Seeraa Darbuu

Tumaaleewwan seeraa darbuudhaan gochaawwan guddisaan raawwateef, bakka bu'aan tokko aangoo kennameefii Olitti yoo hojjete tumaaleewwan seera bakka bu'ummaa barbaachisaa ta'an irratti raawwatamaa ta'u.

Keewwata 324

Waa'ee Garee Sadaffaa

1. Qajeelcha manni murtii guddisaadhaaf kenne garee sadaffaa warrii ta'an yoo beekuu baatan yookiin kan beekuu qaban yoo ta'e malee guddisaan qajeelchicha darbuun isaa, garee sadaffaa warra ta'an irratti mormi ta'uu hin danda'u.
2. Mucaa gaa'ila hingeenyee qabeenya ofii namni kenne, dhaame yookiin dhiise guddisaadhaaf yeroo qajeelcha kennettis, tumaan keewwata kana keewwata xiqqaa (1) raawwatamaa ta'a.

Keewwata 325

Waa'ee Guddisaa Bakka Bu'uu

Kutaa xiqqaa kanaan tumaaleewwan ilaalaman guddisaa Bakka bu'u irrattis raawwatamaa ta'u.

Kutaa Xiqqaa Sadii (3)

Gochaawwan Itti Ggaafatamummaa Hordofsiisuu Danda'an

Keewwata 326

Waa'ee Guddisaa

1. Sababa hir'ina bulchiinsa qabeenyaa irratti Guddisaan raawwateen yookiin qajeelcha kabajuu baachuu isaatiin yookiin faayidaan mataa isaa faayidaa mucaa gaa'ila hin genyee waliin kan walitti bu'u ta'ee gochicha waan

raawwateef miidhaa mucaa gaa'ila hin geenyerra gahu hundaaf itti gaafatamummaadhaan ni gaafatama.

2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1)n tumaan ilaalamee guddisaa bakka bu'urrattis raawwatamaa ta'a.

KUTAA (5)

Dandeettii Dhabuun Mucaa Gaa'ila Hingeenyee Hafuu Isaa

Keewwata 327

Sababoota Dandeettii Dhabuu Itti Hafu

Mucaan gaa'ila hin geenye dandeettii hin qabu jedhamun isaa kan hafu:

- a) Yoo gaa'ila gaa'u yookiin
- b) Bulchinsa guddistuu jalaa bilisa haa bayu yoo jedhamee dha.

Kutaa Xiqqaa Tokko

Waa'ee Bulchiinsa Guddisaa Jalaa Bilisa Bahuu

Keewwata 328

Fuudhaa-Heeruma

Mucaan gaa'ila hin geenye akkaataa seera kana keewwata 26 xiqqaa (2)n ilaalameen fuudhaa-heeruma yoo raawwate sababa fuudhaa-heerumichaatiin qofa bulchiinsa guddisaa jalaa bilisa baha.

Keewwata 329

Haala Adda Ta'een Bulchiinsa Guddisaa Jalaa Bilisa Bbahuu

1. Mucaan gaa'ila hin geenye umuriin isaa waggaa 14 yoo guutu bulchaan isaa yookiin guddisaan isaa yookiin namni biroo nagalcha jedhu Bulchiinsa guddisaa jalaa bilisa akka bayu gaafachuu ni danda'a.
2. Manni murtii gaaffiin yoo dhiyaatuuf, haala mucaafi sababa bulchiinsa guddisaa jalaa bilisa akka bayu itti

gaafatame ilaalee, bulchiinsa guddisaa jalaa bilisa ta'uun isaa mucichaaf kan fayyadu ta'uu yoo arge gaafficha fudhatee hayyamuu ni danda'a.

Keewwata 330

Bu'aawwan

Mucaan bulchiinsa guddisaa jalaa bilisa bahe, seeraan akka gaa'ila gaheetti lakkaawama.

Keewwat 331

Kan Hin Mulqamne Ta'uu Isaa

1. Mucaan gaa'ila hingeenye bulchiinsa guddisaa jalaa bilisa akka ta'u hayyamni kenname mulqamuu hin danda'u.
2. Sababa fuudhaa-heerumaatiin kan argame haalli bilisa bulchiinsa guddisaa jallaa bilisa bahuu, fuudhaa-heerumichi yoo diigamellee bu'aan isaa akkuma eegametti hafa.
3. Keewwata kana keewwata xiqqaa 2n kan tumame yoo jirateyyuu, fuudhaa-heerumichi kan diigame umuriin fuudhaa-heerumaaf seeraan hayyamame sababa hin eegamneen yoo ta'e, bulchiinsa guddisaa jalaa bilisa ba'uu ilaalchisee manni murtii barbaachisaa ta'ee kan isatti mul'atu murteessuu ni danda'a.

Kutaa Xiqqaa Lama

Herreega Hojii Guddisummaa Beeksisuu

Keewwata 332

Bu'urasaa

1. Guddisaan, hojiin guddistummaa isaa yoo xumuramu, guddisaa ta'ee nama bulcheef yookiin dhaaltota isaatiif herreega ittiin bulche dhiyeessuu qaba.

2. Akkasumas, qabeenya nama guddistummaadhaan bulchee hunda ofirraa dabarsuu, haala mirga isaatii fi idaan ittiin dirqamus yoo jiraates beeksisuu qaba.

Keewwata 333

Galmaa'uu Dhabuu Qabeenyaa

1. Guddisaan yeroo hojii guddisummaa qabatee jiru yookiin mucaa gaa'ila hin geenyeef qabeenya dhaalaan yoo kennamu tartiiba qabeenya kanaa galmeessee qabuu yoo baate, qabeenya mucichi dhaalaan yookiin kennaan argate haala kamiiniyyuu qaabachiisuun ni danda'ama.
2. Ragaan faallaa ta'e kan biraa yoo dhiyaate malee, jecha ragooleen kennaniin qabeenya tokko akka qabeenya mucaa gaa'ila hin geenyeetti lakkaawama.

Keewwata 334

Herreega Raggaasisuu

1. Mucaan bulchiinsa guddisa jalaa bilisa bahe, herreega hojii guddisaa yoo raggaasisee fi umuriin isaa waggaa 18 kan hin guunne yoo ta'e, herreegaalee erga raggaasise booda amma waggaa tokkootti herreega raggaasisee ture sana ofumaaf diiguu ni danda'a.
2. Mucaan bulchiinsa guddisaa jalaa bilisa bahe, guddisaadhaaf herreega akka hin dhiyeessine hayyama kenneefii yoo jiraatellee, tumaan armaan ol jiru irratti raawwatamaa ta'a.
3. Dhaaltonni gaa'ila gahan mucaa gaa'ila hingeenye yoo dhaalan, dhaaltonni kun herreega guddisaan mucaa hojjate yoo raggaasisan yookiin guddisaa akka herreega hin dhiyeessine yoo bilisa baasan tumaalee armaan olittii ilaalaman eeruudhaan falmuu hin danda'anu.

Keewwata 335

Waa'ee Darbiinsa Yeroo

1. Bakka bu'oonni yookiin dhaaltooni mucaa gaa'ila hin geenyee sababa hojii guddisummaatiin guddisa irratti himannaawwan itti gaafatamummaa dhiyeessan kamiyyuu, guddisaan hojii guddisummaa isaa yeroo dhiise irraa jalqabee hanga waggaa shaniititti yoo dhiyeessuu baatan darbiinsa yerootiin ni ittifamu.
2. Haata'u malee mucaan gaa'ila hin geenye qabeenyi isaa akka deebi'aniif gaafachuuf himata dhiyeessudhaaf mirgi inni qabu, yeroon armaan olitti ilaalame erga darbeen boodas yoo ta'e hin dhorkamu.

BOOONNAA 13

TUMAALEE ADDA ADDAA

Keewwata 336

Seerota Raawwatamummaa Hin Qabaanne

1. Seera Hariiroo Haawaasaa Bara 1952 baheen:
 - a) "Waa'ee Namootaa" kan jedhu kitaaba tokkoffaa keessaa keewwata 198-338
 - b) "Waa'ee maatiifi Dhaalaa" kan jedhu kitaaba lammaffaa keessaa keewwata 550-825 tumaaleen jiran Naannoo Oromiyaa keessatti raawwatamummaa hin qabaatanu.
2. Seeronni, qajeelfamoonni, murteewwanii fi hojiiwwan labsii kanaan walfaallessan dhimmoota labsii kanaan ilaalaman irratti raawwatamaa hin ta'an.

Keewwata 337

Waa'ee Mirgoota Bu'ura Seera Duraatiin Argamanii Turanii

1. Tumaan ifatti faallaa ta'e yoo jiraate malee, seerri kun raggaa'un dura haalawwan seera qabeessaa turan argamsiisuudhaaf ulaagaalee seerri inni haaraan gaafatu isa duraa irraa otoo adda ta'anillee, haalawwan seera

qabeessa ta'an kan bu'ura seera duraatiin argamanii turan akkuma ragga'anitti itti fufu.

2. Tumaan ifaan faallaa ta'e yoo jiraate malee, seerri kun raggaa'uun dura bu'ura seera duraatiin bu'aawwan seera qabeessaa ta'uudhaan argamanii turan seerri kun hin jijjiiru

Keewwata 338

Waa'ee Galmeeffamaa

1. Mootummaan Naannichaa, akkuma seerri kun hojii irra oleen yeroo gabaabaa keessatti seera galmeessuu haala hawaasummaa ni baasa, dhaabbilee barbaachisaa ta'anis ni moggaasa; ni gurmeessa.
2. Keewwata kana keewwata xiqqaa (1) irratti bu'uurefachuudhaan waajjirri itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaa dhaabatee hojii isaa hanga jalqabutti qaama ilaaluun kan kennamaa turan yookiin fuulduratti kan kennaman waraqaan ragaa dhalootaa, fuudhaa-heerumaa fi kan biroo kana fafakkaatan, akka itti gaafatamaa galmeessaa haala hawaasummaatiin kennamanitti lakkaa'amanii seera qabeessummaa ni qabaatu.

Keewwata 339

Falmiiwwan Dhimma Maatii Utuu Hin Xumuramin

Rarra'anii Jiran

1. Seerri kun raggau'un dura falmiiwwan dhimma maatii mana murtii tiin qabamanii jiran bu'uura seera kanaatiin xumura ni argatu.
2. Seerri kun raggaa'uun dura bu'uura seera duraatiin dhimmoonni hiikkaa gumii jaarsolii maatiitiin qabaman hunduu bu'ura seera sirnummaa qabuutiin mana murtii aangoo qabanitti ni darbu.
3. Manneen murtiis dhimmoota kana ofitti fudhatanii bu'uura tumaalee seera kanaatiin murtii kennu.

4. Seerri kun otoo hin bahiniin dura dhimootni akkataa seera maatii duriitiin raawwataman akkaataa seera kanaatiin akka raawwatamanitti lakkaawamanii bu'aan isaanii kan itti fufu ta'a.

SEERA MAATII NAANNOO OROMIYAA

B A A F A T A

Mataduree

Fuula

Labsii Seera Maatii Naannoo Oromiyaa3

Boqonnaa 1

Waa'ee Firoomaa4

Boqonnaa 2

Waa'ee walkaadhimachuu6

Boqonnaa 3

Akkataa Raawwannaa Fuudhaa heerumaa9

Kutaa Tokko Waliigala9

Kutaa Lama Fuudhaa-heeruma raawwachuuf Haallan11

Kutaa Sadii Fuudhaa-heerumni akka Guutamuu qaban14

Kutaa Afur Hin Rawwatamne Moormuu16

Kutaa Shan Akkaataa Fuudhaa-heerumaa18

Waa'ee Galmeeffama Fuudha-heerummaa18

Boqonnaa 4

Hir'achuun Haallan fuudhaa-heerummaa maal20

akka Hordofsiisuu20

Boqonnaa 5

Bu'aa fuudhaa-heerumni Hordofsiisu22

Kutaa Tooko Waliigala22

Kutaa Lamaa Fuudhaa Heermni Qunnamtii Dhuunfaa25

irratti Bu'aa Qabaatu25

Kutaa Sadii Fuudhaa heerumni Gama Qabeenyaatiin27

Bu'aa hordofsiisu27

Boqonnaa 6

Falmiiwwan Fuudhaa-heerumaa keessatti33

Ka'an murteessuu33

Kutaa tokko Waa'ee fuudhaa-heerumni ragga'u Jiraachuu33

Yookiin raawwatamuu Isaatiif falmii Dhiyaatu35

Kutaa Lama Falmiiwwan Hiikaa hin ilaallanne Murteessu35

Boqonna 7

Kutaa Tokoo Diigamuu fuudhaa-heerumaa fi Bu'aa Hordofsiisu36

Waliigala37

Kutaa Lama Waa'ee Waliigalteedhaan Walhiikuu39

Kutaa Sadii Sababa Gaaffiin Dhiyaachuutiin Murtii45

Hiikkaa kennamu45

Kutaa Afur Qabeenya Abbaawarraa fi Haadhawarraa48

Kutaa Shan Qulqulleessuu48

Adeemsa falmiiwwanii fi akkaataa itti48

Murteeffaman48

Boqonna 8

Fuudhaa-heerumni Osoo hin Rawwatamin akka Abbaa-51

warraafi Haadhawarraatti Waliin Jiraachuu51

Boqonna 9

Kutaa Tokko	Waa'ee Dhalachuu	55
Kutaa Xiqqaa Tokko	Waa'ee Abbummaa fi Haadhummaa	
Kutaa Xiqqaa Lama	Beekuu	55
Kutaa Sadii	Tumaalee Waliigalaa	55
Kutaa Xiqqa Afur	Abbummaan Tilmaama Seeraatiin kan	
Kutaa Lama	Beekamu ta'uu isaa	56
Kutaa Sadii	Waa'ee Ilmummaa ofiitti fudhachuu.....	57
Kutaa Afur	Murtii Mana Murtiitiin Abbummaan	
Kutaa xiqqa Tokko	Akka beekamu Gochuu	60
Kutaa Xiqqa Lama	Abbummaa Murteessuurratti Walitti Bu'iinsa	
	seeraa jiraatu.....	62
	Waa'ee ragaa Mucummaa	64
	Waa'ee Falmii Dhalatummaarratti ka'uu fi	
	Haaluu	66
	Waa'ee Falmii Dhalatummaarratti ka'u	66
	Waa'ee haaluu	67

Boqonnaa 10

Waa'ee Guddifataa	71
-------------------------	----

Boqonnaa 11

Dirqama Qallaba kennuu	78
------------------------------	----

Boqonnaa 12

Kutaa Tokko	Waa'ee Namoota gaa'ila hin Geenyee	83
Kutaa Lama	Tumaalee Waligalaa	83
Kutaa Sadii	Waa'ee Dhaabbilee Ijoollee Gaa'ila	
Kutaa Xiqqaa Tokko	hin Geenye Eeganii	84
Kutaa Xiqqaa Lama	Aangoo Bulchaa fi guddisaa.....	96
Kutaa Afur	Eegumsaa fi Guddisa Mucaa Gaa'ila	
	hin Geenyee	96
	Waa'ee qabeenya Mucaa Gaa'ila	
	hin Geenye Bulchuu	99
	Danbiiwwan Mucaa Gaa'ila Hingeenye	
	Eeguudhaaf Tumaman	108
	Darbuun Maal akka hordofsiisu	108
	Hojiwwan Mucaa gaa'ila hin Geenyee	109
	Gochaawwan Seera qabeessa Guddisaa	109
	Gochaawan Itti Gaafatamummaa	
	Hordofsiisuu danda'an	110
	Dandeettii Dhabuun Mucaa Gaa'ila hin	
	Geenyee Hafuu Isaa	111
	Waa'ee Buchunsa Guddisaa jala Bilisa	
	Bahuu	111
	Herrega Hojii Guddisummaa	112
	Beeksisuu.....	112

Boqonnaa 13

Tumaalee Adda Addaa.....	114
--------------------------	-----